# QAACCESSA FAAYIDAA HIIBBOON OROMOO GUDDINA IJOOLLEETIIF QABU: HAALA QABATAMAA MANA BARUMSA GARBII BULTOO SADARKAA 1FFAA MAGAALAA SHINOO KUTAA 5-8


**TASFAAYEE SOBBOOQSAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**



**HAGAYYA, 2011/2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA FAAYIDAA HIIBBOON OROMOO GUDDINA IJOOLLEETIIF QABU: HAALA QABATAMAA MANA BARUMSA GARBII BULTOO SADARKAA 1FFAA MAGAALAA SHINOO KUTAA 5-8

**TASFAAYEE SOBBOOQSAA**

**GORSAAN: TOLAMAARIYAAM FUFAA (PH.D)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**
**FINFINNEE**

## Yuunivarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf, Tasfaayee Sobbooqsaa Mataduree: ***Qaaccessa Faayidaa Hiibboon Oromoo Guddina Ijoolleetiif Qabu: Haala Qabatamaa Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa 1ffaa Magaalaa Shinoo Kutaa 5-8*** irratti kan xiyyeeffate sadarkaa madaallii Yuunivarsiitiin Kaa'e Guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa______________________Mallattoo_________________Guyyaa____________

Qoraa Keessaa___________________Mallaattoo________________Guyyaa____________

Gorsaa__________________________ Mallattoo________________Guyyaa____________

______________________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa digirii lammaffaa (MA)

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaa ibsaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta'uusaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa___________________________________________

Mallattoo__________________________

Guyyaa_____________________________

Hagayya, 2011/2019

Finfinnee

## *Axereeraa*

*Qorannoon kun faayidaa hibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu qaaccessuurratti xiyyeeffata. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas, faayidaa hibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu qaaccessuun ibsuudha. Kaayyoon gooree qorannoo kanaas, faayidaa hibboon dandeettii dhaggeeffachuu gabbisuurratti qabu addaan baasuu, faayidaa hibboon Oromoo gahumsaan dubbachuu barsiisuu irratti qabu ibsuu, faayidaa hibboon fayyadama jechootaa barsiisuu irratti qabu addaan baasuufi faayidaa hibboon safuu hawaasaa hubachiisuu irratti qabu ibsuudha. Odeeffannoowwan karaa afgaaffii, bargaaffii, daawwannaafi marii gareetiin odeefkennitootarraa funaanaman walduraa duubaan akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin mala qorannoo qulqulleeffataa ibsaatti fayyadamuun qaacceffamee jira. Yaaxxinni qorannoon kun bu'uureffates yaaxxina tajaajilaati. Maddi ragaa qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaadha. Isaanis, barsiisotaafi barattoota Mana barumsa Garbii Bultoo sad.1ffaa kutaa 5-8 dhimma hibboo gadi fageenyaan beekanidha. Iddattoon qorannoo kana keessatti dhimma itti bahames iddattoo kaayyeeffataati. Faayidaa hibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabuufi adeemsa raawwii hibbootiin deeggaramee yemmuu ilaalamu, baay'ee ta'uu isaa qorannoo kanaan bira ga'amee jira. Haaluma kanaan, qabxiiwwan itti aanan argannoowwan qorannoo kanaati. Ijoolleen adeemsa raawwii hibboon ittiin taphatamu hordofuun hibboo taphachuun obsa akka barataniifi xiiqii ofitti horuun, beekumsa gama hibbootiin qaban kan dabaluuf ta'uu, seera hibboo eeganii taphachuun, qajeelfama mana barnootaa keessattillee akka isaan kabajan taasisuu, hibboon Oromoo gareedhaan galgala galgala waan taphatamuuf, ijoolleen beekumsa gara garaa akka walirraa baratan taasisuu, kanamalees, hibboon Oromoo mana barnootaa keessatti: dadeettiiwwan arfan afaanii keessattuu, dandeettii dhaggeeffachuufi, dubbachuu barattootaa daran kan cimsu ta'uu, hibboon Oromoo dandeettii waa yaadachuu ijoollee cimsuu keessatti iddoo olaanaa kan qabu ta'uu, hibboon ijoolleen safuu hawaasaa hubachiisuun, gaariifi yaraa addaan baafatanii akka guddatan kan isaan gargaaru ta'uu, dabalataanis, hibbootti fayyadamuun miseensota maatii ollaa isaanii koorniyaan addaan baafachuu akka danda'aniif, hibboon qoyyooboota herreegaa keessumaa ida'uu barsiisuuf kan isaan gargaaru ta'uu, dandeettii hiika jechootaa, faallaa jechootaafi garee jechootaa akka gabbifatan gochuu keessatti, yaada haaraa akka isaan kalaqaniifi burqisiisan gochuu, bashannansiisuun dhiphinaafi nuffii tokko malee ijoollee beekumsa gara garaa gonfachiisuu, sammuu ijoollee qaruu keessatti qooda olaanaa qabaachuu, aadaa hawaasaa hubatanii akka guddatan taasisuufi gahumsaan dubbachuu ijoollee cimsuu keessatti gahee olaanaa akka qabu ibsameera. Kun ta'ee otoo jiruu, hibboon sababoota adda addaatiin kan ka'e harca'aafi dagatamaa dhufeera. Kanaafis, wantoonni akka sababaatti odeefkennitootarraa argame, wantoota bu'aa tekinooloojii ta'aniin bakka bu'aa dhufuu isaa dubbatu. Kanaaf, ijoolleen yeroo isaanii hibboo taphachuurratti dabarsuurra, telebijiinii daawwachuu, fiilmii gara garaa ilaaluu, feesbuukii adda addaa hordofuuf bakka akka laatan himu. Bu'aa tekinooloojii kanaaf immoo bu'uurri isaa hibboo ta'uun wal nama mormisiisu. Kun ammoo bu'aa tekinooloojii kanaan otoo deeggaramee, bu'aan isaa kana caalaa safaramuu danda'a. Waan kana ta'eef, hubannoo keessa galchuun itti fayyadamuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaaf, gooreen afoolaa kun akka hin banneefi akka turuuf, qaamni dhimmi ilaalu marti barsiisonni, barattoonni, hojjattoonni sektara gara garaa keessa jiran, waajjirri Aadaafi Turiizimii, sirni barnoota biyyaallee xiyyeeffannoo keessa galchuun afoola jaalatamaa kana badii jalaa baraaruufi tursiisuun otoo danda'amee baay'ee gaarii ta'a.*

## Galata

Hojiin qorannoo kanaa akka dhugoomuuf wixinee qorannoo kanaa irraa eegalee hanga xumuraatti muuxannoofi ogummaa isaanii bilchaataan osoo hinqusatiin, deeggarsa ogummaa walirraa hincinne kannaaf taasisaa turaniifi fakkeenyummaa isaanii irraanfachuu kanan hindandeenye gorsaa kiyya Dr. Tolamaariyam Fufaatiif galata koo onneerraa maddeen galatoomaan jedha.

Itti aansuun, seexaa natti uumuun dadhabbii hammana hinjedhamne nawaliin dabarsuun sadarkaa kanarra akkan ga'uuf, obsi waan hunda akka caalu natti agarsiisuun, hojiin qorannoo kanaa akka galma gahuuf deeggarsa daangaa hinqabne kan naaf taasisteefi gahee olaanaa hojii qorannoo kana keessatti kan taphatte haadha manaa koo kan taate barsiistuu Birqee Iddeessaatiif galanni koo daran olaanaadha.

Hiriyyoota koo warreen "Hiriyaan kafana" ta'uu naaf mirkaneessuun deeggersa yaadaafi ogummaa naaf taasisaa turtan: B/saa Caalaa Damisee, B/saa Diinayaas Tasfaayee, B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraa, B/stuu Dinqinash Geexee, B/saa Dirribaa Baqqalaafi barsiisota Mana Barumsa Garbii Bultoo kanneen fiixaan bahiinsa qorannoo kana keessatti karaa kallattiis haata'uu, karaa alkallattiitiin hirmaannaa gootan hunda keessaniin galatoomaan jedha.

Dabalataanis, yeroo qorannoon kun adeemsifamutti odeeffannoo barbaachisoo ta'an qorataadhaaf kan kennaa turan barattoota Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa Tokkoffaa kutaa 5-8 baratan otoo hin galateeffatiin bira hin darbu.

Dhumarrattis, galma gahiinsa qorannoo kiyyaatiif waraqaa bargaaffii barattootaa akkan raabsu, deeggarsa meeshaalee, gara garaafi yaadaan, nacinaa kan dhaabbachaa turan itti gaafatamtoota mana barumsa Qophaa'ina Shinoo B/saa Haabtaamuu Nagaashfi B/saa Tolasaa Guddataa tumsa naaf taasiftaniif guddaa galatoomaan isiniin jedha.

**Hiika Gabaajeewwanii**

| | |
|---|---|
| B/saa= | Barsiisaa |
| B/stuu= | Barsiistuu |
| B/taa= | Barataa |
| B/ttuu= | Barattuu |
| Kkf.= | Kan kana fakkaatan |
| M/b= | Mana barnootaa |
| Sad.= | Sadarkaa |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa ........ i
Galata ........ ii
Hiika Gabaajeewwanii ........ iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 4
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 6
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 6
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 6
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 7
1.7. Qindoomina Qorannoo ........ 7
1.8 Odeeffannoo Waliigalaa Bakka Qorannoon Kun Itti Adeemsifamee ........ 8
1.8.1 HaalaTeessuma Lafaafi Qilleensaa Aanaa Meettaa Roobii ........ 8
1.8.2 Haala Dinagdee Aanichaa ........ 9
1.8.3 Baay'ina Ummata Aanichaa ........ 9
1.8.4 Seenaa Gabaabaa Shaalaqaa Garbii Bultoo ........ 10
1.8.5 Akaakuwwan Aadaa Aanaa Meettaa Roobii ........ 11
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 15
2.0. Seensa ........ 15
2.1. Yaadrimee Hibboo ........ 15
2.1.1. Gosoota Hiibboo ........ 17
2.1.1.1. Hiibboo-Hibibi /Hibbakka/ ........ 18
2.1.1.2. Hiibboon –Teentee, Teene, Tar ........ 18
2.1.2. Adeemsa, Seera, Yoomessaafi Hirmaattota Tapha Hiibboo ........ 19
2.1.3. Yoomessa Tapha Hibboo ........ 21
2.1.4. Qooddattoota Tapha Hibboo ........ 21

2.1.5. Faayidaa Hiibboo ........ 23
2.1.6. Dandeettii Yaadachuu Ijoollee Cimsa ........ 23
2.1.7. Seenaa Barsiisuu ........ 24
2.1.8. Safuu Hawaasaa Barsiisuuf ........ 25
2.1.9. Naannoo Barsiisuu ........ 25
2.1.10. Dandeettii Afaanii Barsiisuu ........ 26
2.1.11. Hiibboon Ijoollee Kalaqa Yaadaa Barsiisa ........ 27
2.1.12. Bashannansiisuuf ........ 28
2.1.13. Faayidaa Hiibboon Sammuu Ijoollee Qaruu Keessaatti Qabu ........ 29
2.1.14. Faayidaa Hibboon Gahumsaan Dubbachuu Barsiisuu Irratti Qabu ........ 30
2.1.15. Tapha Ijoollee ........ 31
2.1.16. Faayidaa Tapha Ijoollee ........ 32
2.2. Yaadiddama Tajaajilaa ........ 33
2.3. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ........ 34
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA ........ 36
3.0. Seensa ........ 36
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 36
3.2. Mala Qorannichaa ........ 36
3.3. Madda Ragaalee ........ 37
3.4. Iddattoo ........ 38
3.4.1. Iddattoo Akkayyoo ........ 39
3.5. Mala Odeeffannoowwan ittiin Funaanaman ........ 39
3.5.1. Afgaaffii ........ 40
3.5.2. Bargaaffii ........ 41
3.5.3. Daawwannaa ........ 42
3.5.4. Marii Garee ........ 42
3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo ........ 43
3.7. Sakkoo /Naamusa/ Qorannichaa ........ 43
3.8. Muuxannoo Dirree ........ 44

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ..... 45
4.1. Adeemsa, Seera, Yoomessaafi Hirmaattota Hibboo ..... 45
4.1.1. Faayidaa Adeemsi Hibboo Ittiin Raawwatamu Daa'immaniif Kennu ..... 45
4.1.2 Gumaacha Seerri Hibboo Ijoolleef Qabu ..... 49
4.1.3 Yoomessaafi Hirmaattota Hibboo ..... 51
4.2 Faayidaa Hibboon Ijoolleef Kennu ..... 53
4.2.1 Dandeettii Yaadachuu Ijoollee Cimsuu Keessatti ..... 55
4.2.2 Hibboon Safuu Hawaasaa Barsiisuu Keessatti ..... 56
4.2.3 Hibboon Baayina Namoota Ollaa Ofii Jiranii Barsiisuu Keessatti ..... 58
4.2.4 Gahee Hibboon Dandeettii Afaanii Barsiisuuf Qabu ..... 59
4.2.5 Fayyadama Jechootaa Barsiisuu Keessatti ..... 62
4.2.5.1 Hiika Jechootaa Barsiisuu Keessatti ..... 62
4.2.5.2 Faallaa Jechootaa Barsiisuu Keessatti ..... 64
4.2.5.3 Garee jechootaa barsiisuu keessatti ..... 64
4.3 Hibboon Kalaqa Yaadaa Barsiisuu keessatti ..... 65
4.4 Gahee Hibboon Bashannansiisaa Barsiisuu Keessatti Qabu ..... 66
4.5 Hibboon Sammuu Ijoollee Qaruu Keessatti ..... 68
4.6 Hibboon Aadaa Hawaasaa Barsiisuu Keessatti ..... 69
4.7 Faayidaa Hibboon Gahumsaan Dubbachuu Barsiisuu Irratti Qabu ..... 71
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO ..... 73
5.1. Cuunfaa ..... 73
5.2 Argannoo Qorannichaa ..... 74
5.3. Yaboo ..... 75
Wabiilee
Dabalee

## Ibsa Suuraawwanii

**Fuula**

Suuraa 1.Mana Barumsa Garbii Bultoo Sad.Tokkoffaa Kutaa 5-8 agarsiisu. .............................. 10

Suuraa 2. Kaartaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobiifi Aanaalee ollaa waliin mul'isu kan biiroo Aadaafi Tuurizimii aanichaatii fudhatame.................................................. 14

Suuraa 3. Afgaaffii Barattuu Bilisee Tasammaa wajjin gaafa guyyaa 06/09/2011 taasifame...... 60

Suuraa 4. Marii garee barattootaa wajjin gaafa guyyaa 12/09/2011 taasifame agarsiisu ............. 61

Suuraa 5. Daawwannaa daree gaafa guyyaa 02/09/2011 taasifame agarsiisu .............................. 62

Suuraa 6. Afgaaffii B/tuu Ayinee Fayyeeraa wajjin gaafa guyyaa 14/09/2011 taasifame. .......... 65

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni Oromoo erga gara addunyaa kanaatti dhufee kaasee wantoota isaan ibsuu danda'utti gargaaramuun eenyummaa, seenaa, aadaafi falaasama ofii ibsachuu eegalan.Meeshaan wantoota kana ittiin ibsatan keessaa tokko afoola. Afoolli muuxannoo, dandeettii, beekumsaafi cimina hojii hawaasa tokkoo kan calaqqisiisudha (Wasanee, 2008:148).

Yaada hayyuu armaan olii kanaa irraa hubachuun kan danda'amu, Uummanni Oromoo gamtaanis ta'ee, dhuunfaan haala keessa jiran hubachuun dogoggora jiru irraa wal sirreessuuf, wantoota darban ittiin yaadachuuf, kan yeroo ammaa jiru ittiin hubachuufi madda dhaloota isaanii ittiin ibsachuuf afoolli akka iddoo guddaa qabu kan agarsiisudha.

Uumanni Oromoo osoo sirni barreeffamaa hin jalqabiin dura seenaa, aadaa, eenyummaa, falaasama, siyaasaafi amantaa isaa kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbarsaa kan har'aan gahe afoolaan ta'uun isaa ifaadha.Kana jechuun, dhalli namaa afoolatti dhimma bahaa dhalootaa dhalootatti dabarsuufi walirraa fudhachuudhaan as gahee jira. Uummanni Oromoos eenyummaa isaa kan ittiin ibsatu akaakuuwwan afoolaa garaa garaatti dhimma ba'eeti. Yaada kana fakkaatu Melakneh, (2006:16) yemmuu waa'ee afoolaa ibsu, "The most obvious characterstic of folk literature is its orality," jedha. Yaanni kun kan ibsu, amala afoolaa keessaa inni beekamaan tokko dhalootaa dhalootatti afaaniin darbuu isaati. Geetaachoo, (2005:141) yemmuu ibsu, "Afoolli faayidaalee hedduu qaba.Kanneenis itti boqochuuf, itti bashannanuuf, aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaa, jiruufi jireenya hawaasaa ibsuuf gargaara." Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, afoolli bohaarsuuf, seenaafi duudhaa hawaasichaa barsiisuuf akkasumas, duudhaalee hawaasaa kana ijoollee gonfachiisuudhaan yemmuu barnoota idilee eegalanitti barnoota idileefi beekumsa hawaasa keessaa gonfatan sana akka wal simachiisaniif riqicha ta'ee tajaajiluu isaati. Akaakuuwwan afoolaa kanneen keessaa muraasni isaanii mammaaksa, hiibboo, durdurii, geerarsa, faaruu loonii, faaruu jaalalaa, faaruu daa'immanii ykn urursa daa'immanii, sirba gaa'elaa, jechamoota, ciigoo, weedduufi mararoo fa'i.Kanneen keessaa xiyyeeffannaan qorannoo kanaas qaaccessa faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu kan jedhudha.

Akka qorannoon dhimma kanarratti gaggeeffame ibsutti, hiibboon gosa afoolaa umurii dheeraa qabuudha. Giriikonni, Hibiroonniifi ummanni Laatinii, durirraa eegalee hiibboo dhimma garaa

garaatiif gargaaramaa akka turan seenaan lafa kaa’a. Ummattoonni kunneenis, hiibboo akka meeshaa bashannansiisaa, duudhaafi ogummmaa isaanii dhalootaa dhalootatti daddabarsuuf tajaajilamaa turaniiru. Haata’u malee, uummata addunyaa kanaa mara biratti hiibboon bifa walfakkaataa hinqabu.

Yaada kana Dajanee, (2014:45) yoo ibsu,

> *Riddle is one of the ancient forms of oral literature with numerous examples in Greek, Latin, Hebrew and Sanskrit tradition. Riddles literary ancestry dates all the way back to ancient Greece, where they were used as a cunning tool, to demonstrate wit and wisdom. However, riddles are not of the same type throughout cultures they vary in styles.*

Dabalataanis, hiibboon hawaasa addunyaa biroo keessatti faayidaa olaanaa qaba. Isa kanas sirna barnoota biyya ofii keessa galchuun kan itti tajaajilamanis nijiru. Keessumaayyuu, uummanni Afrikaa baay’een isaanii hiibboo sirna barnootaa keessa galchuun akka utubaatti gargaaramu.Faayidaa hiibboon hawaasa Shoonaatiif qabu ilaalchisee yaada dhiyaate mee yaa ilaallu:

> *Riddles are a central aspect of the system of education of the Shona people of Zimbabwe. Thus, they are part and parcel of a plethora of ways through which the traditional Shona of Zimbabwe not only sharpened the reasoning skills of the young but also provided recreation to participants. The search for solutions to riddles challenges the Shona child to think abstractly, broadly and deeply while their figurative language gives the child the chance to uncover their meaning through a reasoning process. The answer to a given riddle acts as a conclusion of the logical process and it is often a one word answer which both precise and clear to the participants (Taurai, 2008:194).*

Akka yaada hayyuu kanaa irraa hubachuun danda’amuutti, hiibboon sabaafi sablammoota biyya Zimbabwe keessaa tokko kan ta’e, Uummata Shoonaatiif akka damee barnootaatti kan tajaajiludha. Uummanni Shoonaa hiibboo barnoota duwwaaf osoo hintaane, ittiin bohaaruufis kan isaan fayyadudha. Deebii hiibboo sakatta’anii argachuuf ijoolleen sablammoota shoonaa ciminaafi gadifageenyaan akka xiinxalan kan taasisudha. Garuu, hiika malleen dubbii afaanichaa gama barbaadameen deebii kennuu dhiisuu nidanda'u. Deebii hiibboo kennuun adeemsa loojikiin yeroo raawwatamu, jechaan ta'ee, karaa gabaabaafi iftoomina qabuun ta’uutu irra jira.

Hiibboon, hawwaasa addunyaa kanaa keessatti dandeettiin waan tokko gadifageessanii yaaduu isaanii akka cimu, dabalataanis, hirmaattonni waan gaafataman sanaaf deebii hiibboo sanaa akka

ta’an gargaara. Ijoolleen yeroo hiibboo gaafatamaniif deebii barbaadan icciitii naannoo isaanii akka hubatan, gadifageenyaan akka waa xiinxalan, dabalees, waan hundumaafuu sababa dhiyeessuu akka danda’an kan jajjabeessudha. Akkasumas, hiibboon dandeettiin daa’immanii kallattii garaa garaan akka cimuufi gahee taphachuuf kan gargaarudha. Kanaaf, faayidaa hiibboon guddina ijoolleetiif qabu daran olaanaadha.

Hiibboon yoomessa akkamii keessatti akka raawwatamu himuun nama rakkisullee, akkuma hawaasa addunyaa kanaa, ummanni Oromoos hiibboo dhimmoota garaa garaaf itti tajaajilamaa akka ture beekamaadha. Uummanni Oromoo uummata gaanfa Afrikaa irratti argaman keessaa saba guddaafi falaasama mataa ofii kan qabudha. Wantoota eenyummaa isaa ibsuuf isa dandeessisanis ykn malanis hiibbootti gargaaramuun hambaalee, duudhaa, barsiifataafi aartii ogummaa isaanii dagaagsuun dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan turedha.

Barreeffama armaan olii kana ilaalchisee Hart, (1964:87).yoo ibsu, "The riddle of a tribe ... are ways in which tribal differences are expressed. If we regard each tribe as having in some degree its own pattern of culture, riddles are one of the ways in which that pattern is most clearly seen.”Hiibboon sabaafi sablammoota, karaa garaagarummaan sabichaa ittiin ibsamuudha. Tokkoon tokkoo sabaafi sablammootaa aadaafi adeemsa inni qabu waliin hamma tokko yoo kabajne, hiibbowwan ammoo yeroo baay’ee karaalee adeemsi maqaa dhahame kunniin karaa ifatti ittiin mul'atanidha.

Yaada hayyuu armaan olii kanarraa hubachuun akka danda’amutti, hiibboon aadaafi duudhaa saba tokkoo ifatti baasee mul’isuurratti meeshaa guddaafi isa olaanaa ta'uusaati. Dabalataanis, garaagarummaa sabaafi sablamootaa gidduu jiru akkaataa dhihaannaafi haala qabinsaa illee, ifa gochuurratti ga’umsa olaanaa qabaachuu isaa akka salphaatti hubachuun kan danda’amudha.

Uummata Oromoo biratti hiibboon faayidaa garaa garaa qaba. Ijoolleen jalqabaa kaasanii, hiibboon sammuu isaanii dagaagsaa mirgaafi dirqama isaanii beekaafi hubachaa guddatu. Kunis, seera mataasaa danda’een kan taphatamufi kan raawwatamu ta'uu isaa, akka armaan gadiitti ibsameera. Tapha isaanii keessatti ijoolleen tasumaa seera hincabsan. Kanaaf, ijoolleen seera barachaafi hubachaa akka guddataniif isaan gargaara.Dabalataanis, yoo deebii wallaalan lafa, gabaa ykn magaalaa waliif kennu. Kun immoo dirqama ba’uu dhabuun aarsaa akka nama kaffalchiisu ta’uu isaa kan agarsiisudha.

Kanaafuu, ijoolleen akkaataa waan tokkoo beekuu cinaatti, seerotaafi qajeelfamoota m/b beekuufi kabajuu akka danda'an isaan dandeessisa. Haata'u malee, dhiibbaa garaa garaa irraan kan ka'e, faayidaa hiibboon ijoolleef kennu yeroo ammaa kana, laafaafi dagatamaa dhufeera. Kanarraa ka'uunis, yeroo amma keessa jirru kanatti sadarkaan itti fayyadama hiibboo baay'ee xiqqaachaa jira. Rakkoo kanaaf ka'uumsa kan ta'e immoo hubannoo hawwaasni faayidaa hiibboofi adeemsi raawwii isaa ijoolleef kennu ilaalchisee, laafaafi gadi bu'aa ta'uurraan kan ka'eedha. Kana malees, sababa guddinaafi babal'ina magaalaa, saayinsiifi teknooloojii irraan kan ka'e, ijoolleen qooda galgala galgala hiibboo taphatan waan biraatti dhimmaa ba'uun isaanii kan mul'atudha. Dabalataanis, yeroo ammaa kana ilaalchi ijoolleen hiibboo taphachuuf qabanillee gadi aanaadha.

Kanaaf, dhimma kanarratti qorannoo geggeessuun barbaachisaa waan ta'eef, fuulleffannaan qorataas, qaaccessa faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu haala qabatamaa Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa Tokkoffaa 5-8 qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatudha.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo bu'aa ba'ii jiruufi jireenya isaanii keessatti isaan muudataa tureefi gara fuulduraatti isaan muudachuu danda'u afoolatti fayyadamuudhaan ibsatu. Afoolli ibsituu aadaa, seenaafi calaqqisiiftuu eenyummaa saba tokkooti.

Kanaaf, uummanni Oromoo afoola gabbataafi badhaadhaa ta'e qaba. Afoolli ummatichaas, akka galaanaa waraabamee hindhumne kun, afaanichi baroota darbaniifi sirnoota darban keessa afaan hojiifi barnootaa ta'uu dhabuurraan kan ka'e, haalaafi sadarkaa barbaadamurra gahee hinturre. Haata'u malee, yeroo ammaa kana afaan hojii ta'uu isaatiin, dhaabbilee barnoota olaanootii hanga sadarkaa tokkoffaatti irratti hojjetamaa kan jirudha. Akkasumas, afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'ee tajaajiluurratti argama. Kana yoo jennu, ammas sadarkaa barbaadamerra ga'eera jechuu osoo hintaane, sadarkaa abdachiisaarra jiraachuu isaa qorannoowwan dhaabbilee barnoota olaanoorratti gaggeeffamaniifi dhamaatii namoonni dhuunfaa garaa garaa taasisaniin haala gaariirra jiraachuun isaa, ifatti kan mul'atudha.

Keessumaa manneen barnootaa immoo afoola Oromootti lubbuu horuun, akka dhalootaa dhalootatti darbuuf gahee olaanaa kan qabudha. Hiibboonis, damee afoolaa keessaa tokko ta'uun hubatamee irratti hojjetamuun baay'ee barbaachisaadha. Hiibboon bifa gaaffiifi deebiitiin kan

dhiyaatu ta'ee, ijoolleen baruufi barsiisuu keessatti ittiin bohaaraa akka barataniif gahee olaanaa gumaacha. Dabalataanis, sammuun ijoollee akka gadifageenyaan waa xiinxalee bira gahuu danda’an waan godhuuf, sammuu ijoollee qaruufi cimsuu keessatti, iddoo guddaa qaba. Itti dabalees, hiibboon dandeettii dhaggeeffachuuu, gahumsaan dubbachuu barattootaa, fayyadama jechootaa barsiisuu, safuu hawaasaa hubachiisuufi aadaa uummataa hubachiisuu keessatti gahee guddaa qaba.

Qorannoon kunis faayidaa hibboon walqabatee beekumsa kanaan dura ture irratti kan inni dabalu beekumsi ijoollee karaa idilees ta’ee, karaa al-idilee beekumsa dandeettiiwwan afaanii, gahumsaan dubbachuu afaanii, kannee akka fayyadama jechootaafi safuu hawaasaa hubachuu ijoollee daran kan dabaludha.

Qorataan kunis, qorannoo faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu kan jedhu irratti adeemsisuuf fedhii kan horate, yeroo dhimma hojiif Godina Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii tureefi muuxannoo waggoota dheeraa dhimma baruu barsiisuun walqabatee bakka sanatti argateen, ijoolleen mana barnootaa keessatti hubannoo isaan faayidaa hiibboon Oromoo dandeettii dhaggeeffachuuu, gahumsaan dubbachuu, fayyadama jechootaa, safuu hawaasaa hubachuufi aadaa uummataa hubachuu irratti qaban gadi bu’aa ta’uu isaawaan hubateefi. Dabalataanis, mana barumsaa keessatti yeroo qabiyyee kitaaba barnoota Afaan Oromoo bu'ureeffachuun, hubannoo barattoonni hiibboorratti qaban sakatta’u baay'ee gadi bu'aa ta'ee qoratichatti waan mul'ateef. Dabalataanis, maatii isaaniirraa hiibboo baraniigara mana barnootaa dhufan yeroo gaafatudeebiin barattootarraa argate quubsaa ta'ee waan itti hinmul'anneef. Kana malees, ammayyummaan sababa isa biroo ta’uu danda’eera. Kunis, tekinooloojiin wal qabatee ijoolleen hiibboo wal gaafachuurra feesbuukiifi miidiyaa garaa garaa kanneen akka fiilmii ilaaluu, raadiyoo dhaggeeffachuufi televijiinii fa’aa hordofuu irratti kan fuulleffatan ta’uu isaati. Dabalataanis, ijoolleen hiibboo kana akka barmaatilee boodatti hafaatti ilaalaa dhufuu isaaniiti. Kanaaf, afoolli ummata Oromoo naannoo qorataan kun qorannoo isaa irratti adeemsise kun kallattii adda addaan tajaajila keessaa bahaafi harca’aa kan jiru ta’uun isaa waan hubatameef. Hiibboon falaasama ajaa’ibsiisaafi dinqisiisaa qabu kunis akkuuma afoola warra kaanii tajaajilaa hinjiru. Kanaaf, qorannoo kana keessatti falaasamni ajaa’ibsiisaafi dinqisiisaan kun otoo hinbadiin, faayidaa kennuu qabu kennaa dhalootaa dhalootatti akka darbu taasisuuf kan gaggeeffamedha.

Kanarraa kauudhaan qorataan gaaffilee bu’uuraa qorannoo kana keessatti deebii argatu jedhee yaadu, akka kanaa gadiitti lafa kaa’ee jira:

- Faayidaan hiibboo dandeettii dhaggeeffachuu gabbisuu irratti qabu maali?
- Faayidaan hiibboo gahumsaan dubbachuu barsiisuu irratti qabu maali?
- Faayidaan hiibboo fayyadama jechootaa barsiisuu irratti qabu maal fakkaata?
- Faayidaa hiibboon safuu hawaasaa hubachiisuu irratti qabu maal fakkaata?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu qaaccessuun ibsuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooroo bu’uura godhachuudhaan kaayyoowwan gooree armaan gaditti dhihaatanis:

- Faayidaa hiibboon dandeettii dhaggeeffachuu gabbisuu irratti qabu addaan baasuu;
- Faayidaa hiibboon gahumsaan dubbachuu barsiisuu irratti qabu ibsuu;
- Faayidaa hiibboon fayyadama jechootaa barsiisuu irratti qabu addaan baasuu;
- Faayidaa hiibboon safuu hawaasaa hubachiisuu irratti qabu ibsuu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu qaaccessuu irratti kan fuulleffatedha. Firiin qorannoo geggeeffame kanarraa argames faayidaa hiibboon qabu aanichaa waliin walqabatee jiru ifa gochuu bira darbee akkaataafi adeemsa hiibboon itti raawwatamu kan addeessedha. Bu’aan kanarraa argamus, dandeettiiwwan arfan afaaniin walqabatee barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu, gahumsaan dubbachuu, fayyadama jechootaafi safuu hawaasaa akka gonfataniif kan fayyadudha. Itti dabalees, namoota dhimma kanarratti qorannoo biraa geggeessuu barbaadaniif daandii banaaf, jedhameetu abdatama.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun “Faayidaa Hiibboon Oromoo Guddina Ijoolleetiif Qabu Haala Qabatamaa Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa Tokkoffaa Kutaa 5-8” qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun Aanaalee Godina Shawaa Lixaa keessatti argaman hundaa osoo hammatee

argannoon isaa caalatti amanamaafi bu’a-qabeessa ta’uu danda’a. Kana gochuuf immoo, humna namaa, yeroofi baasii guddaa waan gaafatuuf ulfaataadha. Kanaafuu, Aanaalee Godina Shawaa Lixaa keessa jiran keessaa, Aanaa Meettaa Roobii Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa Tokkoffaa Kutaa 5-8 qofarratti daangeffamuun kan gaggeeffamedha. Mata duree kana jalattis, aanaa sana keessatti faayidaa hiibboon ijoollee barsiisuuf qabu, sadarkaa hubannoon barattootaa gama faayidaa hiibbootiin jiru, itti fayyadamiinsi adeemsa hiibboo yeroo ammaa irra jiru, hiibboon dandeettiiwwan afaanii kan akka gahumsa dubbii afaanii, dandeettii dhaggeeffachuu, itti fayyadama jechootaa gabbifachuu, safuu hawaasaafi hubannoo aadaa uummataa irratti qabullee gabbisuu keessaatti gahee olaanaa qabaachuu isaa tokko tokkoon kaasee kan ibsedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo gaggeeffamutti hanqinaalee garagaraatu qorataa mudatee jira. Inni tokko qorannoowwan kanaan dura bal’inaan qaaccessa faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu jedhurratti sadarkaa mana barnootaatti hojjetame kan hinjirre ta’uudha. Inni biroon, namoonni aanicha keessatti hiibboo beekan baay'inaan dhabamuu isaanii; warren kuun ammoo sababa babal'ina tekinooloojii irraan kan ka'e wantoota ammayyummaa qaban, kan akka moobaayilaa, raadiyoofi televijiiniitti gargaaramuun sagantaalee adda addaa hordofuun waan liqinfamaniif, odeeffannoo gahaa sirriitti kennuuf fedhaafi beekumsa gahaa dhabuu. Galma ga’iinsa hojii kanaa irratti ibsaan aanicha keessatti addaan ciccituufi rakkoo hammaataa ta’e waan qabuuf, addaan ciccitiinsa ibsaa irraan kan ka’e hojiin qorannoo kanaa yeroon akka hin xumuramne taasisee jira. Karaa biraatiin, rakkoon Intarneetii hammaataa ta’uufi kitaabileen wabii dhabamuudha. Haata’u malee, tattaaffii qorataan taasiseen ragaaleen barbaachisoo ta’an odeefkennitootarraafi bakka kitaabileen wabii gahaa ta’an argaman qorataan baasii mataa isaatiin deemuun dubbisuufi hanga danda’ame odeeffannoo funaannachuun qorannoon kun akka galma ga’u ta’eera.

## 1.7. Qindoomina Qorannoo

Qorannoon kun faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu qaaccessuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, qorannichis boqonnaalee garaagaraatti qoqqoodamee dhihaatee jira. Haaluma kanaan, boqonnaan tokkoffaan seensa, seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannoofi

haala jireenyaa hawaasa naannoo qorannichi itti gaggeeffamee of jalatti kan hammatedha. Boqonnaa lammaffaan ammoo, barreeffamoota mata duree kana wajjin firoomina qabaniifi yaada haayyonni dhimma kana ilaalchisanii lafa kaa'an kanneen adda addaa sakatta'uun, bakka itti dhiyaatedha. Boqonnaa sadaffaan saxaxaafi malleen qorannichaa kan qabate yoo ta'u, boqonnaa arfaffaan ammoo, ragaalee jiran dhiyeessuu, qaaccessuufi ibsuurratti kan xiyyeeffatedha. Boqonnaan shanaffaafi inni xumuraas cuunfaa, argannoofi yaboo ofkeessatti kan hammatedha.

## 1.8 Odeeffannoo Waliigalaa Bakka Qorannoon Kun Itti Adeemsifamee

Qorannoon kun Godina Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii keessatti ademsifame. Akka odeeffannoon barruu Biiroo Aadaafi Turiizimii Aanaa Meettaa Roobii (2005:4)fi akka lakkoofsi uummataa bara 1999 taasifame ibsutti, Aanaan Meettaa Roobii aanolee Godina Shawaa Lixaa keessatti argaman keessaa ishii tokko yemmuu taatu, magaalaa Amboorraa km153, Finfinneerraa ammoo, km101 kan fagaatuufi aanota godina kana keessatti argaman keessaa afuriin daangeffamee argama. Isaanis: Bahaan Aanaa Ada'aa Bargaa, Lixaan Aanaa Jalduu, Kaabaan Aanaa Abuunaa Gindibaratiifi Aanaa Kuyyuu(Godina Shawaa Kaabaa)fi Kibbaan Aanaa Ejereeti. Ummanni aanichaa harka 19.3 ta'an waaqeffattoota, harka 27 kanneen ta'an Pirotestaantii, harka 0.2 Musliima , harka 53.5 kanneen ta'animmoo Ortodoksiidha.Aanaan kun bal'ina lafaa km2 937.69 kan qabdu taatee, gandoota baadiyaa 41fi bulchiinsa magaalaa shan, walumaagalatti, gandoota 46 kan qabdudha.

### 1.8.1 HaalaTeessuma Lafaafi Qilleensaa Aanaa Meettaa Roobii

Akka barruun Biiroo Aadaafi Tuurizimii Aanaa Meettaa Roobii(2005:6) irratti ibsemtti, haalli teessuma lafaa Aanaa Meettaa Roobii dhibbentaan lafti diriiraan% 60, bu'aa ba'iin %23, gaarri %9 yoo ta'u, qileen ammoo%8 ta'a.Haalli qilleensa aanichaa ammoo, baddaan%20, badda dareen%35fi gammoojjiin%45 yoo ta'u, ol ka'iinsi lafaa galaana irraa m 1200 – m 2800 fagaata. Hoo'insi isaa digirii15 – digirii 32 ta'ee, waggaatti rooba mm 750 – mm 1300 al-tokko kan argatuudha.

### 1.8.2 Haala Dinagdee Aanichaa

Akka odeeffannoon barruu Waajjira Bulchiinsa Aanaa Meettaa Roobii (2000:8) irratti eerameen, dinagdeen Aanaan Meetaa Roobii irra caalaatti qonnarratti hundaa'a. Baddaafi baddadareetti midhaan nyaataa kanneen akka: Qamadii, Garbuu, Xaafii, Baaqelaa, Boqqoolloo, Missira, akkasumas, midhaan zayitaa, kanneen akka: Talbaafi Nuugiifaatu oomishama. Gammoojjiitti ammoo, midhaan nyaataa: Xaafii, Mishingaa, Boqqoolloo, Shumburaafa'aatu bal'inaan oomishama. Kuduraafi fuduraan adda addaas lafa bishaanii baddaas ta'ee gammoojjitti haalaan oomishamu. Haala horsiisa horii ilaalchisee baay'inaan kan argamu horii gaanfaa yoo ta'u, Hoolaafi Re'eenis ni horsiifamu.Kotteduudaan kan akka Fardaa, Harreefi Gaangee nihorsiifamu.

### 1.8.3 Baay'ina Ummata Aanichaa

Akka odeeffannoon barreeffama Waajjira Bulchiinsa Aanaa Meettaa Roobii (2000:4) fi akka lakkoofsi uummataa bara 1999 adeemsifame ibsutti, lakkoofsi uummata baadiyaa dhiirri 73,308; dhalaan 10,781; kan magaalaa dhiirri 7,031; dhalaan 71,095; walumaagalatti dhiirri 80,339; dhalaan 81876 yemmuu ta'an ida'amni 162,215dha. Aanaan Meettaa Roobii gandoolee baadiyyaa 41 kan qabdu yemmuu taatu, gandoolee kanneen keessaa gandoonni 18 tajaajila ibsaa sa'a 24 kan argatanidha. Akkasumas, manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa 54, sadarkaa 2ffaa 2fi Mana Barnoota Qophaa'inaa 1 kan ofkeessaa qabdu yemmuu taatu, kanneen keessaa immoo Manni Barumsa Garbii Bultoo isa tokko.




**Suuraa 1.Mana Barumsa Garbii Bultoo Sad.Tokkoffaa Kutaa 5-8 agarsiisu.**

### 1.8.4 Seenaa Gabaabaa Shaalaqaa Garbii Bultoo

Shaalaqaa Garbii Bultoo bara 1913 tti abbaa isaa obboo Bultoo Mooticha Boseefi haadha isaa aaddee Baksaa Horaa Daadhii irraa Aanaa Meettaa Roobii iddoo addaa Qacama jedhamutti dhalatan. Garbii Bultoo obboleessa isaa kan hogganaa waraanaa Aanaa Meettaa Roobii ture Hundee Bultoo irraa qabsoo dhaaluun hogganaa waraanaa ta'uun, muudama isaa fudhate. Garbii Bultoo qabsoo Xaaliyaanii wajjin godhame iddoo addaa Qacama jedhamutti baandaafi Faranjoota hedduu fixuun waraana irratti injifannoo boonsaa galmeessaniiru. Akkasumas, bara 1931 Garbii Bultoo iddoo addaa Burruusa Dullaa jedhamutti baandaa ajjeesuun, Faranjii morma muruun injifannoo olaanaa galmeessanii jiru. Ajajaan waraanaa Faashistii Xaaliyaanii Tilinti Bochee namni jedhamu dubbii dubbatan keessatti "Ani hangan Garbii Bultoo ajjeesee morma isaa murutti surree miila tokko dheeresseen, miila tokko gabaabsee deema" jechuun dhaadatee ture. Haata'u malee, gootichi Garbii Bultoo qe'een nagaadha jedhee osoo gara maatii isaatti deemaa jiruu tasa Tilinti Bochee argee meeshaa isaatiin rukutee erga ajjeesee booda mataa isaa

irraa kutuun muka arbuu yeroo ammaa kana naannoo mana jireenyaa maatii isaatti argamu irratti fannise.

Mootummaan Hayila Sillaasee Garbii Bultoo qabsoo waggaa shan (5) biyya isaatti godhe ilaaluun akka inni Finfinneetti galee jiraatu eeyyameef. Akkasumas, mootiin Hayila Sillaasee Garbiin akka Godina Goojjam bulchu aangoo kenneef.Yeroo kana Garbiin ani biyya koon bulcha malee biyya ormaa hin deemu jechuun gara qe'ee abbaa isaa Aanaa Meettaa Roobiitti deebi'e. Mootummaan Hayila Sillaasee Shaalqaa Garbiin ajaja koo diduun rakkoo biroo natti fida jechuun akka Godina Shawaa Kaabaa Salaaletti mana hidhaa **'Gizoot'** jedhamee waamamutti hidhuun guyyaa muraasa erga hidhamee booda mootummaan Habashaa kun **'summii'** daadhii waliin obaasuun nama goota kanaaf na'e fakkaachuun Hayila Sillaaseen dhiifama siif godhe jechuun gadi dhiisan. Shaalaqaa Garbii Bultoo akkuma hidhaa keessaa baheen osoo hin turiin dhukkuba guyyaa xiqqoo dhukkubsachuun bara 1940 dhalatee waggaa 27 tti addunyaa kanarraa du'aan boqote. Du'a gooticha kanaa osoo uummanni imimmaan dhiiga qabu fakkaatu boo'uu bataskaana sanyiin isaa itti awwaalamaa turan Maariyaamii Goolaatti awwaalaman. Garbii Bultoo haadha manaa isaa Ababaa Balaachoo irraa ijoollee waan hin horanneef, haati manaa isaa kun ilma umurii guutuu hin duune maqaa isaatiin Mana Barumsa Garbii Bultoo bara 1964 hundeessite (Fayyisaa, 2015:164).

### 1.8.5 Akaakuwwan Aadaa Aanaa Meettaa Roobii

Ragaan barruu Biiroo Aaadaafi Turiiziimii Aanaa Meettaa Roobii(2005:12)irratti akka ibsutti, Aanaa Meettaa Roobiitti aadaawwan hedduutu argama. Qorattichis aadaawwan kanneen keessaa Aadaa Sirna Gadaa, Aadaa Ateetee, Aadaa Sirna Irreechaa, Aadaa Ukee, Aadaa Gumaa baasuu, Aadaa walgargaarsaafi Aadaa fuudhaaf heerumaa akka fakkeenyaatti fudhachuun ibsa.

**Sirna Gadaa**: Sirni Gadaa sirna Oromoonni jaarraa hedduuf ittiin walbulchaa turaniifi ittiin walbulchaas jiraniidha. Oromoonni aanaa kanaas sirna kanaan akka duriitti walbulchuu baataniyyuu, Sirni Gadaa waggaa saddeet saddeetiin tartiiba eeguun kan hordofamuufi buttaa qaluun kan kabajamuudha.Sirnichis miseensota Gadaa shan itti Makoo 0–8, Dabballee 8-16, Foollee 16-24, Dooroma 24-32, Luba 32-40 kan ofkeessaa qabuudha.

**Ateetee:**Ateeteen ayyaana haadholiiti.Haadholiitu dhangaa nyaataafi dhugaatii qopheeffachuun uffata adii gurraacha makate, dibbiqqoofi callee mormatti kaawwachuun kabajatu. Kan kabajamus, birraafi arfaasaadha.Sirna kanaafis, nyaata akka marqaafi dhugaatii buqqurii jedhamu qopheessuun kan kabajataniidha.

**Sirna Irreechaa:** Sirna waaqeffannaa waggaatti al-lama malkaafi tulluutti birraafi arfaasaa kabajamudha. Birraa ganna bacaqqiifi dukkana limixii keessaa gara ifaatti ba'uu ibsaa yookaan xomboora/daamotii qabsiifachuun akkasumas, daraaraa/ilillii birraafi marga jiidhaa qabachuun gara malkaa deemuun kan waaqa galateeffataniidha. Arfaasaa immoo, waaqa bona qaaqee keessaa gara jiidhaafi qabbanaatti baase galateeffachuun rooba qulqulluu, kan midhaan akka gaarii magarsu akka roobuuf tulluutti ba'anii kadhatu.

**Ukee/Taaboree:** Ayyaana daa'immanii waggaatti altokko Adoolessa keessa kan kabajamudha. Ayyaana kana ijoollee umriin 15 gadi ta'antu kabajata.Guyyaa ayyaana kanaa ijoolleef dhangaan adda addaa qophaa'ee godoo ijoolleen qopheeffattu keessatti daddarbameefi dhibaafamee nyaatama; dhugamas. Sana booda sirni ijoollummaa keessaa bahuu ijoollee umriin waggaa 15 guutanii godoo sana cabsanii bahuu akkuma raawwateen sirbanii tabatu.Sirni kunis ijoollee dhiiraa qofaan kan adeemsifmuudha.

**Gumaa Baasuu:** Gumaan sirna namoonni dhuunfaanis ta'ee gosaan yoo wal ajjeesan ittiin walitti araaramanidha.Akka aadaa ummata aanichaatti, gumaan jireenya hawaasummaa keessatti gochaa hamaa yookaan suukkanneessaa kanneen akka hubama qaamaa**,** qaama hir'isuufi ajjeechaa lubbuu namoonni walirraan ga'an araarsuuti.

**Walgargaarsaa:** Miseensi hawaasaa deeggarsa adda addaa kan waliif taasisaniidha. Aadaan walgargaarsaa kun durii kaasee hanga ammaatti hawaasa keessatti barsiifata ta'ee akkuma aadaa biroo dhalootarraa dhalootatti darbaatii kan dhufeedha. Aadaa walgargaarsaa kanneen jedhamanis kan akka daboo, qaboo, jigii/kadhachiisa, afooshaafi kkf dha.


**Fuudhaf Heerumaa:** Hawaasichi aadaa fuudhaafi heerumaagara garaa qaba. Isaanis: Kaadhimannaa, Irradhaaba/Cabsaafi Aseennaa/Addibaanafa'aadha. Kaadhimmannaan sirna fuudhaaf heerumaa keessatti kan warri mucaa warra intalaa waliin walbeellamanii mariidhaan cidha godhataniidha. Irradhaabni/Cabsaan/Sabbatmariin sirna warri gurbaa osoo warri intalaa

hinbeekiin galgala maanguddoon loon hoofanii karra saaniitti naquun achi bulanii ganama sana seera naannoo sanaa guuttatanii waliigalteedhaan misirroo/mucayyoo fuudhanii galaniidha. Aseennaan/Addibaanni immoo adeemsa micayyoon/intalli fedhii mucaa/gurbaa malee manasaa dhaqxee itti galuun booda adeemsa keessa cidha godhachuun warroomaniidha.

**Qillee**: Ayyaanni kun ayyaana loonii yookiin horiiti. Ji'a Muddee keessa mooraa loonii keessatti marqaa marqanii yeroo loon mooraatti galan loon dhadhaa muudanii booka/daadhii qopheessan itti facaasuun hormaata qajeelchi,dhibeerraa bilisa godhi,nagaan bobbaasii galchi jedhanii eebbisanii kabajatu. Guyyaa kana namoonnis nyaatanii dhuganii gammachuudhaan dabarsu. Dargaggoonnis buruurrii qopheeffachuun taba qillee jedhamee waammamu walwaamaniitabachuun kan dabarsaniidha.

Madda: Barruu Biiroo Aadaafi Turiizimii Aanaa Meettaa Roobii kan bara 2005:12

.




**Suuraa 2**. Kaartaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobiifi Aanaalee ollaa waliin mul'isu kan biiroo Aadaafi Tuurizimii aanichaatii fudhatame

# BOQONNAA LAMA:  SAKATTA’A BARRUU

## 2.0. Seensa

Boqonnaa kana jalatti dhimmoota, yaadirimeewwaniifi xiinxala barruuwwan hiibboodhaan walqabaturratti kan fuulleffatudha. Boqonnichi akka walii galaatti kutaalee sadii ofkeessaa qaba. Isaanis: tokkoffaan yaadrimee hiika hiibbodhaan walqabatanii dhiyeessuu, lammaffaan yaadiddamoota qorannoon kun bu’uureffatee gaggeeffameefi sakatta’a qorannoowwan walfakkii dhiyeessuudha.

### 2.1. Yaadrimee Hibboo

Hiibboof kana jedhanii hiikaa namni hundi irratti waliigalu kennuun ulfaataa akka ta’e beektonnni adda addaa nihimu.Kanaafis, sababa addaa addaa kaa’u.

> *Defining riddles precisely is hard and has attracted a fair amount of scholarly debate. One definition famous in Anglophone scholarship is that of Alan Dundes and Robert A. Georges: 'a riddle is a traditional verbal expression which contains one or more descriptive elements, a pair of which may be in opposition; the referent of the elements is to be guessed'. In some traditions and contexts, riddles may overlap with proverbs (w.w.w.reddle.com.).*

Barreeffama armaan olii kanarraa kan hubatamu, hiibboo qixa nama hunda walii galchuun hiikuun rakkisaa akka ta’e hima. Haata’u malee, hiibboon hima, gaaffii yookaan gaalee hiika lama qabudha jedhu beektonni dhimma kanarratti qorannoo gaggeessan. Karaa biraammoo, tapha furmaata yookaan deebii barbaadudha. Akkasumas, hiibbboon amala nama bashannansiisuu qaba. Afoola keessattis hiibboon gaggabaabaa, kan unka walfakkaataa qabuufi kan bifa yeedaloon jedhamudha. Okumba, (1999:135). hiika hiibboo akka armaan gaddiitti kaa’a:

> *Riddles is word puzzles in which familiar objects or situations are referred to in figurative terms for us to decipher what is actually meant. This definition points to how riddles are rich language and meaning. In his earlier publication, Miruka observes that riddles presents peculiar characteristics of a concept whether those characteristics are physical, behavioural or habitual and requires the unraveling of the concealed literal reference.*

Yaada armaan oliirraa hubachuun kan danda’amu, hiibboon tapha waantoonni naannoo beekamoon dubbiiwwan qoolaa garaa garaa fayyadamuun ibsamanidha. Kanaanis hiibboon

jechoota mimmiidhagoo fayyadamuun baay'ee badhaadhaadha. Dabalataanis, hiibboon amala mul'atuufi hinmul'anne adda addaa calaqqisiisuu keessatti gahee guddaa kan qabudha.

Hayyuun Okpewho, (1992:293), jedhamu gama isaatiin hiibboo yammuu ibsu, akkana jedha: "Riddle is a verbal puzzle in which a statement in posed in challenge and another statement offered in response either to the hidden meaning as the form of the challenge." Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu hiibboon gaaffii afaaniin dhiyaatuufi kan deebii barbaadu ta'uu isaati. Hiibboo hiikni isaa dhokataa waan ta'eef, gaaffii hiibbootiif deebii isaa argachuuf gadifageenyaan yaaduufi xiinxaluu gaafata. Kun immoo, furmaata rakkoo tokkoo barbaaduu waliin wal qabata.

Dorson, (1972:130) gama isaatiin, hibboo ilaalchisee yaada armaan olitti dhiyyate kana yeroo deeggaru, "Riddles are question that are framed with the purpose of confusing or testing the wits of those who do not know the answer." Hibboon bifa gaaffiitiin kan qophaa'e deebii cimaa kan qabuufi ciminni deebii isaa sammuu namaa kan qoru yaada jedhu kan ofkeessaa qabudha.

Finnegan, (1970:413), maalummaa hibboo akkanatti ibsiti. "It may be surprising to find riddles included in a survey of oral literature. However, riddles in Africa have regularly considered to be a type of art form, able it often of minor and childish interest and have long been included in studies of oral literature." Yaada kana irraa waanti hubatamu, hibboon qorannoo ogbarruu keessatti kan hammatame, afoola ijoollee unka ogummaa qabu kan jedhu ofkeessaa qaba. Kanaaf, hibboon afoola ijoollee taphachiisaa barsiisuuf kan fayyadu ta'uu isaati. Akka waliigalaatti, hibboon afoola miidhagina qabu, kan jechootaafi himoota gaggabaaboodhaan bifa gaaffiifi deebiitiin dhiyaachuudhaan ijoollee taphachiisaa kan barsiisudha.

Hayyuun Zipke, (2008:131), jedhamu gama isaatiin yoo ibsu, "A riddile is a question that turns in to a joke because riddles have puzzling question and the answer is surprising and unpredictable." Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, hiibboon gaaffii qoosaa fakkaatudha; sababni isaas, hiibboon gaaffii baacoofi deebiin isaas ajaa'ibsiisaafi kan hineegamnedha.

Dabalataan, Misgaanuun, (2011:51), hiibboof yammuu hiika kennu, "Hiibboon akaakuu afoola Oromoo keessaa isa tokkodha. Hiibboon jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti bakka olaanaa qaba," jedha. Akka yaada kanaatti, hiibboon damee afoolaa keessaa isa tokko ta'ee, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaa kan nutti agarsiisudha.

Akkuma ummattoota Afrikaa biroo ummanni Oromoos hiibbootti gargaaramuun ijoolleen faayidaa hiibboorraa argamu akka argatanii guddatan gochaa ture. Akka mul'istuu aadaattis itti gargaaramaa jira.

### 2.1.1. Gosoota Hiibboo

Beektonni hibboon akaakuu adda addaa akka qabu ibsu. Brunvand, (1996:1315), "Riddles of various kinds are widespread across the world and through out history," jechuun hibboo bifa garaa garaa seenaa adeemsa jireenyaa garee hawaasaa keessatti babal'achaa kan dhufe ta'uu ibsa. Dabalataanis, hariiroofi amaloota bu'uuraa hibboon akaakuu afoolaa biroo waliin qabuun, Finnegan, (2012:420), "Besides their occasional connections with songs, praise names, and proverbs, riddles also sometimes shade into other forms of oral literature. They have obvious connections with enigmas, puzzles, and dilemma stories and in some societies the same term refers to all of these," jechuun akaakuun tapha hibboo hariiroo gooree afoolaa biroo waliin qabuufi adda addummaan bu'uura moggaasaan kanneen biroon bakka bu'ee bakkaa bakkatti, hawaasaa hawaasatti kan beekamu ta'uu ibsiti.

Dajanee, (2014:44), akka jedhutti, hiibboo ulaagaa adda addaa gargaaramuun qoqqooduun nidanda'ama. Ulaagaalee kanas "Oxford Advanced Learner's Dictionary" wabeeffachuun yoo ibsu akkas jedha.

> *Riddles can be classified in different ways-according to their types, level of difficulty, and forms. According to their types they are categorized in to two enigmas and conundrum. Anenigma is a problem in which the solution is expressed metaphorically, and it requires cleverness and careful thinking for its solution. It is mysterious and difficult to understand. Generally, it describes a word (Oxford Advanced Learner's Dictionary, 2006)* .

Haata'u malee, uummata Oromoo biratti hiibboo gosa lamatu beekama. Isaanis: Hiibboo-Hibibii ykn Hibbakkaafi Hiibboon-Teentee/Teene/Tar jedhamuuun beekamu. Lamaaniifuu maqaan kun kan kennameef waan gaafatamaan jedhee jalaa qaburraa ka'uun yoo ta'u, hiibboo hibibii keessatti gaafataan "hiibboo" yoo jedhu, gaafatamaan immoo "hibib" ykn "hibbakka" jechuun jalaa qaba (Dajanee, 2014:44).

Gosoota hibboo qorataan naannoo qorannoo isaa itti gaggeessetti kanneen beekaman keessaa kanneen armaan gadiiti.

#### 2.1.1.1. Hiibboo-Hibibi /Hibbakka/

Moggaasni akaakuu hiibboo kanaaf kenname waan gaafatamaan jedhee jalaa qaburratti huundaa’uun yoo ta’u, gaaffiin gaafatamu waanuma naannoo keenya jiru karaa biraa jechoota malleen dubbii ofirraa qaban gargaaramuun bifa gaaffiitiin kan dhiyeessinudha. Fakkeenyaaf, qaamoota miira keenyaa shanan keessaa tokko gaafachuun yoo barbaadame akka kanatti kan gaafannu ta’a. **“Godoo gamaa balballishii lama.”** Deebiin hiibboo kanaa **“funyaan”** yoo ta’u, akkaataan itti gaafatame garuu karaa beekamaafi ifa ta’een miti.Kunis ijoolleen naannoosaanii gadi fageenyaan akka hubataniifi sakatta’an taasisuuf kan gargaarudha. Qorannoon kunis gosoota hiibboo lamaan jiran keessaa gosa hiibboo hibibi ykn hibbakka kana bu'ureeffachuun kan gaggeeffamedha.

#### 2.1.1.2. Hiibboon –Teentee, Teene, Tar

Akaakuun hiibboo kanaas akkuma isa armaan olii waan gaafatamaan jedhee jalaa qaburratti kan hundaa’u yommuu ta’u, gosti hiibboo kanaammoo gaafataan "hiibboo" yoo jedhu, gaafamaan immoo “Teentee”, “Teene” ykn “Tar” jechuun jalaa qaba. Akaakuun hiibboo kanaa immoo ijoolleen hawwaasa naannoo isaanii keessatti argaman akka baraniiifi addaan baafataniif kan gargaarudha. Kana malees, karaa loojikaawaa ykn hubatamuu danda’uun lakkoofsa barsiisuu keessatti bakka olaanaa kan qabudha. Akkaataan itti taphatamus akka armaan gadiiti.

“There is also another form of hiibboo called hiibboon-xar. This form of hiibboo asks to identify the family the person asking the question has in mind. He/she will provide how many boys and girls that family has.” (Dajanee, 2014:48) Yaanni hayyuu kanaa kan nu hubachiisu,gosti hiibboo kanaa ijoolleen haalaan naannoofi hawaasa naannoo isaanii baraa akka guddataniif bakka olaanaa qabaachuu isaa kan nutti agarsiisudha. Gosni hibboo kanaas yoo taphatamu gaafataafi gaafatamaa gidduutti akkaataa armaan gadiitiin dhiyaata.

Gaafataa Gafatamaa

Hibboo?......................... Hibbakka

Abbaa warraa…………..Tar

Haadha warraa…………Tar

Jibicha sadii……………..Tar

Raada lama………………Tar naaf beeki jechuun gaafataaan gaafatamaaf gaaffii dhiyeessa. Kana keessatti maatii warra eenyuutu ijoollee dhiiraa sadiifi ijoollee dubaraa lama qaba jechuun

ijoolleen hawaasa naannoo isaanii keessatti argaman barachaa akka isaan guddataniif gahee kan taphatudha. Kana keessatti kan dagatan yoo jiraatellee kan ittiin yaadanidha.

#### 2.1.2. Adeemsa, Seera, Yoomessaafi Hirmaattota Tapha Hiibboo

Afoolli kamiyyuu seera mataasaa qabaachuu bira darbeeyyuu yeroofi bakka itti taphatamu mataa mataatti qaba. Bu'uuruma kanaan, hiibboonis adeemsa, seera, hirmaattota tapha hibboofi yoomessaa itti taphatamu kan daangeffame qaba. Kunis, hiibboon guyyaa akka hintaphatamne seeruma hiibbootu daangessa. Akka afoola Orommootti hiibboo guyyaa yoo taphatan "gaafatu namatti ba'a", "eegeetu namatti ba'a" ykn "bulguutu bosonaa ba'ee nama nyaata" jedhameeetu himama. Kunis, hiibboon tapha ijoollee waan ta'eef, ijoolleen hiibboo yoo guyyaa kan taphatan ta'e hojii hiiku, taphatti goranii jabbii, looniifi bushaa'ee midhaan dheechisu jedhameetu itti yaadamee ijoolleen akka hiibboo guyyaa hintaphanne kalaqame. Yaada kana Dajaneen akkana jechuun lafa kaa'a.

> *Riddles are the interest of children. Yet, they are not allowed to riddle during the day time. It is said that a day time riddling brings about blindness. The justification behind seems to be common and obvious. Primarily, it is to threaten children to concentrate on their daily activities and to control the possible interference of riddles with the children's normal (expected) chores. In addition, during the evening time adults and elder children are relatively free and have the opportunity to assist kids in riddling. Hence, children are encouraged to riddle mainly during the evening after the day's work. Yet, nowadays this is violated by schools where teachers often use riddles, stories, puzzles, and proverbs to teach children. Children are regularly invited to riddle in class as icebreaker, and teachers use them to transmit knowledge and/or shape behavior*. (Dejene, 2014:47).

Akka yaada kanaatti sababiin hiibboo galgala taphatamuuf inni biraa galgala galgala maatiin hunduu hojiirraa galaniii waan walitti sassaabamanii walfaana mana keessatti argamaniif gama adda addaan ijoollee kana deeggaaruu danda'u. Haat'u malee, seerri kun mana barnootaa keessatti akka cabe ibsa.

Akkuma akaakuuwwan afoolaa kanneen biroo hiibboon seera mataasaa danda'een taphatama.Seera hiibboon ittiin taphatamu Dajaneen akka armaan gadiitti ibsa.

> *Riddles are used by the Oromo people to teach kids the art of problem solving. The person asking the question will begin by saying Hibboo! And the people who take part in the game will say Hibib! Then the person asking the question will go on and say his/her question. The people taking part in the play do not have to wait for permission to answer, if they know it they can simply say what they think the answer*

*is. The person who says the correct answer first will then get the chance to ask another riddle. If no one can answer the riddle the one asking is considered a winner and should give the answer. But, before answering the question he/she will ask those playing the game what they are willing to give him/her (maal naaf kennita? what would you give me?), usually a place, a town, city or country. If he/she accepts the gift then he/she will welcome the place by blessing it and some times curses the rest of the places he/she hasn't been given. Then the answer is given. If those playing think the answer doesn't seem to fit with the question they will argue their case and ask the elderlies to confirm the riddle is correct* (Dejene, 2014:41).

Hiibboo taphachuuf jalqaba gareen lamaan galgala galgala ibidda biratti wal arguun dirqama. Itti fufee lameenuu fedha erga qabaatanii gaafataan “hiibboo” jedhee jalqaba. Gaafatamaanis, “hibib” ykn “hibbakka” jechuun itti fufa. Gaafataanis gaaffiisaa itti fufa. Gaafatamtoonni otoo eeyyama hingaafatiin abbaan deebii hiibboo gaafatamee beekuuf itti fufa. Abbaan deebii sirrii jalqaba deebise gaafataa ta’uun itti fufa. Haaluma kanaan, hiibboo taphachuun dabaree dabareen itti fufa. Adeemsuma kana keessa hiibboo gaafatamaniiif deebiii kennuu yoo dadhaban gaafataan akkanumaan deebii itti hima osoo hintaanee, maal naaf kennita jedhee gaafachuun akkuma naannootti baratametti bakka bakkatti lafa, magaala, biyya yookaan gabaatu kennamaafi. Gaafataanis lafa fudhate eebbifachuun warra hiibbboo deebisuufi wallaalan immoo abaaree ykn arrabseetu deebii hiibboo sanaa itti hima. Gareen deebii wallaalan akkanumaan arrabsamu osoo hintaanee, jalaa miliquuf “Saanqaa Waaqaa ykn qola Maaram jala seene” jedhu. Kun akka hin arrabsamneefidha. Gaafataan hiibboos nama kana arrabsuu itti fufa. Erga arrabsee booda deebii itti hima. Kunis ijooollee keessatti xiiqii hammana hinjedhamne uumuun akka ijoolleen si’attee hiibboo taphattu kan gargaaru yoo ta’u, gama biraan immoo ijoolleen walaloo arrabsoo kana jedhannii yoo wal arrabsan dandeettii waa yaadachuu, dandeettii afaaniffaan walaloo dhiheessuu, ija jabina, mirgaafi dirqama, itti gaafatamummaa fudhachuufi kanneen kana fakkaatan barachaa guddatu.

Uummata Oromoo biratti hiibboon tapha ijoollee jedhamuun beekama. Taphni kunis yoomessa mataasaafi seera mataasaa danda’een akka taphatamu barreeffama armaan olii keessatti ibsameera. Aadaa Oromoo kessatti hiibboon tapha ijoolleeti. Taphni kunis, bifa gaaffiifi deebiin kan dhiyaatudha. Yeroon itti taphatamus yeroo baay’ee galgala erga loon galanii booda hanaga sa’aatiin hirriibaa gahutti ibidda bira taa’aniiti. Seerota tapha kanaa keessaa inni tokko kan nama lamaan (gaafataafi deebisaa/gaafatamaan) taphatamu ta’uu isaati. Namootni lameen gaafataafi gaafatamaa erga ta’anii booda gaafataan gaaffii isaa dhiheessa. Gaafatamaanis wantoota deebii

itti fakkaatan maqaa dhahuun gaaffii dhiyaateef deebisuuf yaalii godha. Yoo deebii sirriitti argate gaafataan "beekte ykn argatte" jedheenii bakka wal jijjiiruun, jechuunis inni gaafataa ture gaafatamaa ta'uuniifi inni gaafatamaa ture gaafataa ta'uun tapha isaanii itti fufu. Gaafatamaan deebii yoo beekuu ykn argachuu baate garuu gaafataan deebii itti himuuf lafa naa kenni ykn na obaasi jadhaan. Gaafatamaanis lafa maqaa dhahee kennaaf ykn dhugi jadhaan. Gaafataan garuu laficha fudhatee ykn dhugee deebii itti himuun dura gaafatamaa deebii argachuu dhiisuu isaatiif niarrabsa. Wanti taphicha mi'eessus kanuma. Gaafataan gaaffii deebiin isaa akka salphaatti hinargamne gaafatee lafa fudhatee ykn waan fedhe dhugee morkataa isaa arrabsuuf tattaaffii godha; gaafatamaanis gara kaaniin deebii dhabee akka hinarrabsamne sammuu isaa hojjachiisuun waan danda'u hunda gochuuf yaalii godha.

### 2.1.3. Yoomessa Tapha Hibboo

Taphni hibboo yoomiifi eessatti akka taphatamu qaba. Yoomessi taphaa kunis, bakkaa bakkatti adda addummaa qabaatus, yeroo hedduu tapha galgala galgala waarii walgeettii ijoollee maatii tokkoorratti ittiin dhiyeessanidha. Geetaachoo, (2005:143), "Hibboon yeroo hedduu tapha waarii galgalaa, ijoolleef walgeettii maatiirratti dhiyaatudha. Finnegan, (2012:425) gama isheen, "Riddle-asking is often a prelude to the telling of stories, typically by children in the evening," jechuun ibsiti.

Bifuma walfakkaatuun, Masarat, (2008:22), Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf dhiyeessiterratti hibboon galgala malee guyyaa kan hintaphatamne ta'uu ibsiti. Akka afoola Oromoo keessa jirutti hibboo guyyaa yoo taphatan 'gaafatu namatti ba'a, eegeen namatti ba'a, ykn bulguutu bosonaa ba'ee nama nyaata' jedhameetu himama.Kunis, hibboon tapha ijoollee waan ta'eef, ijoolleen hibboo yoo guyyaa taphatan hojii hiiku; taphatti goranii jabbii, looniifi bushaa'ee midhaan nyaachisu jedhameetu itti yaadamee ijoolleen akka hibboo guyyaa hintaphanne kalaqame jechuun dhiyeessiti. Barreeffama kana irraayyis wanti hubatamu, hibboon tapha ijoollee bu'uura yoomessaan galgala galgala kan taphatamu ta'uu isaati.

### 2.1.4. Qooddattoota Tapha Hibboo

Taphni hibboo qooddattootaafi hirmaattota raawwii gochaan deeggaramee dabareefi marsaa taphaan ijoollee gidduutti dhiyaatudha. Adeemsa taphaa keessatti qooddattoonni taphaa adda dureen ijoolleedha. Taphni hibboo akaakuu tapha ijoolleeti. Tapha garee hawaasaa keessaa

sadarkaa umuriin ijoollee biratti beekkamtii guddaa qabudha. Dabalataanis, taphni hibboo tapha ijoollee biratti bakka guddaa qabu, akkaataan taphni itti dhiyaatus yaadaaqalbii ijoolleeifi dandeettii dubbii bilchina sammuu ijoollee qaruufi shaakalchiisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu, Simpsonfi Roud, (2000:295), "In children's hands riddles are alive and well…Riddles are usually the first form of joke mastered by the child, partly because of their satisfying formula which, once mastered, can serve as vehicle for a range of ideas, in which the child can test the boundaries of humour, and the formula is readily understood by every one" jechuun ibsu.

Haaluma walfakkaatuun, yaanni Peekfi Yankah,(2004:792), "This genre is primarily presented as a diversion for children, with adult participation occurring only for the benefit of the children," jechuun dhiyaate ammoo adda durummaan hibboon tapha ijoolleen hurruubbamee ijoolleen dhiyaatu ta'us, ijoolleen ala hirmaattonni namoota umurii adda addaa keessa jiranis kan hirmaatanidha. Hirmaannaan isaaniis kallattii gaaffiifi deebii taphaa keessatti qooda kan fudhatan osoo hintaane, adeemsa walmorkii keessatti waldhabdee ijoollee gidduutti uumamu furuu keessatti gahee olaanaa kan qaban ta'uu kan nama hubachiisudha. Akkaataa taphaa keessattis qooddattoonni gareen walfalmu. Qindoominni garee taphaas ijoollee lamaafi isaa ol gidduutti dabaree dabareen kan itti fufaa deemudha. Inni jalqabaa gaafataa yoo ta'u, inni lammataa ammoo gaafatamaa ta'a. Marsaafi dabaree taphaa keessattis gaheen isaanii akkasuma bakka walbu'aa deema. Dabaree jalqabaatti kan gaafataa ta'e marsaa itti aanu keessatti ammoo gaafatamaa ta'a.

Hibboon nama tokko qofaan taphatamu hinjiru. Yoo xiqqaate namoota lamaan kan taphatamudha. Hirmaattonni kunis saalaan osoo hindaangofne dhiiras, dhalaas kan ilaallatu ta'ee, yeroo baay'ee ijoolleedhaan taphatama. Ta'us, dargaggoonnis taphachuu nidanda'u. Tapha hibboo keessatti namoonni gurguddoon ijoollee seera eegsisuufi qajeelchuuf hirmaatu malee taphachuu hindanda'an. Kana ilaalchisee Warquu, (1992:133) yemmuu ibsu, "Tapha hibboo irratti bal'inaan qooda kan fudhatan ijoolleefi darbee darbee dargaggeeyyiidha. Dhiira qofa osoo hintaane dhalaanis hirmaachuu nidanda'u. Namoonni gurguddoon garuu seerri yoo cabe sirreessuuf hirmaatu malee, bifa dorgomaatiin qooda hinfudhatan," jechuun yaada isaa dhiyeessa.

Tapha keessatti morkiin dorgomtoonni taasisan miira cimaa kan qabudha. Kan gaafatus ta'ee, kan deebisu olaantummaa argachuuf dandeettii qaban fayyadamuun yaaliifi wal'aansoo cimaa taasisu. Miira dorgommii isaan lamaan gidduutti mul'atu kanas, Baldick, (2001:731), "Both parties have collaborated in allowing the unspeakable to be spoken," jechuun carraaqqii waan hin dubbanne dubbisuuf godhamu ta'uu ibsa. Kana malees, qooddattoonni taphaa namoota lama gidduutti qofaa osoo hintaane, miseensonni garee uumuun garee gidduutti kan dhiyyatu hawaasa adda addaa biratti kan mul'atu ta'uu ibsa.

#### 2.1.5. Faayidaa Hiibboo

Hiibboon faayidaa garaa garaafi hedduu ta'e akka qabu ogbarruu adda addaa keessatti nika'a. Kaayyoon jalqabaa hiibboo bashannansiisuuf ta'ullee, bashannansiisuu cinnaattis faayidaa hiibboon uummata Afrikaaf qabu akkana jechuun ibsa.

> *There is no straight forward answer to the question why Africans tell riddles; to them the primary value of their riddles is the entertainment the genre affords. In any riddle session participants can be observed to laugh and display amusement when certain riddles are cited. This applies especially to the salacious riddles. If entertainment is a manifest function, riddles can also be said to have latent functions that an exegesis may not directly reveal. These functions are applicable for all and sundry, adults as much as children, perhaps even more for the adults who sit by and listen to children playing riddles* (Awedoba, 2000:41).

Barreeffama armaan olii kanarraa wanti hubatamu, hiibboon jalqaba bashannansiisuuf haataphatamu malee, faayidaan hiibboon qabu hedduudha. Bohaarsuu cinaatti hiibboon dandeettiiwwan hedduu akka ijoolleen dargaggoonniifi ga'eessonni dhaggeeffatanii akka isaan waa gonfatan godha. Haaluma kanaan, hiibboon faayidaalee armaan gadii qaba.Isaanis:

### 2.1.6. Dandeettii Yaadachuu Ijoollee Cimsa

Hiibboon bashannansiisuu cinaatti, ijoollee waan dura dhaga'aniifi beekan akka deddeebi'anii yaaddataniifi akka itti fufanii taphatan kan taasisudha. Keessumaayyuu, arrabsoon nama hiibboo deebisuu wallaalee ittiin arrabsan, sodaa arrabsoo kanaa ijoollee raawwaatanii akka isaan waa hindaganne ykn hinirraanfanne isaan dirqisiisa. Faayidaa hibboon dandeettii yaadachuu ijoollee cimsuu keessatti qabu (Awedoba, 2000:41) akkana jechuun ibsa:

> *In addition to amusement, riddles help in memory training for children as they are expected and encouraged to remember the correct answers to the riddles. This is in spite of Harries' observation that the motive in riddles is not didactic. In the case of*

*Africa riddles emphasis is on the recall of associations. There is of course more to it. In fact, it can be suggested with some plausibility that the multiplicity of responses, in the case of certain riddles, derives from the allowance made for new responses that exploit new associations. Recall which is a salient feature of riddling goes beyond mere recollection of correct or accepted answers and responses. For example, African children are expected to recall, name and identify compounds in the neighbor hood during riddle sessions. As pointed out above, the failure to respond correctly to a riddle requires that the audience concede a named compound to the riddler which is an admission of ignorance of the riddle sequent and an inducement for disclosure of the right sequent. Learning and recalling compound names is further enhanced by a riddle that specifically requires the mention of as many names of compounds within the clansettlemen as possible.*

Yaada waraabbii armaan olii kanarraa wanti hubatamu, hiibboon bohaarsuu bira darbee ijoollee deebii hiibboo isa sirrii yaadachuuf jecha dandeettii waa yaadachuu isaanii cimsatu. Dandeettiin waa yaadachuus calliseetuma osoo hintaane, waantota naannoo isaanii tokko tokkoon adda baasanii akka hubatan, waan hubatan kanammoo amaleeffachuun yeroo mara akka yaadatan godha. Waan yaadatanis himuuf isaan dandeessisa.

Dabalataanis, gahee hiibboon dandeettii waa yaadachuu ijoollee cimsuu keessatti qabu, Mitikkuun, (1991:177) yammuu ibsu, "Daa’imman yeroo hiibboo taphatan deebii isaa argachuuf jecha gadi fageenyaan waan yaadaniifi xiinxalaniif, waan dhagahan sana hinirraanfatan. Kanaaf, hiibboon dandeettii waan darbe yaadachuu ijoollee nicimsa," jechuun kaa'a.

### 2.1.7. Seenaa Barsiisuu

Faayidaa hiibboon qabu keessaa inni biraa ijoollee seenaa barsiisuudha. Keessumaa, seenaa daldala garbaa ummata Afiriikaa miidhaa ture barsiisuu keessatti hiibboon bakka olaanaa qaba. Yaada kana Tamakloe (1931:120) akka armaan gadiitti ibsa.

*Riddles, even in this pre-1iterate society, refer to some events of historical importance. One of these is the slave raids and predatory activities affecting the Africa. A number of Kasena riddles allude to the slave raids that devastated their communities towards the end of the 19th Century, just before; the British occupied the area and stamped out slavery. For some account of the events that led to the raids in question and the activities and procedures of the Zamberma slavers.*

Barreeffama armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti, ga’ee hibboon ijoollee seenaa barsiisuu keessatti qabu kan agarsiisudha. Dhiibbaa daldalli garbaa Afrikaa miidhuurratti qabu ittiin barsiisuun nidanda’ama jedha. Keessumaa, uummattoota Afrikaa baay’ee keessatti

akkaataa dhuftee kolonii Ingilizootaafi miidhaa isaan ummattoota koloneeffatan irraan ga'an ittiin barsiisuuun nidanda'ama jedha.

### 2.1.8. Safuu Hawaasaa Barsiisuuf

Hiibboon safuu hawaasaa barsiisuufihubachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kunis, adeemsa tapha hiibboo keessatti, yemmuu ijoolleen taphatan maatiinis qooda fudhachuun isaanii hinoolu. Sababni isaas, hiibboon bakka maatiin warra tokkoo walittti qabamanii jiranitti galgala galgala taphatama waan ta'eef. Kanaafuu, maatiin ijoollee isaanii wantoota safuu hawaasaa ta'an tokko tokkoon carraa argatan kanatti gargaaramuun dhimma bahuu danda'u. Yaada kana Mitikkuu, (1991:177) "Ijoolleen hiibboo taphachuudhaan waan hawaasa keessatti jaalatamuufi jibbamu addaan baasanii baratu. Waan hawaasa keessatti jibbamurraa ofeeggatu. Kana booda rakkina tokko malee hawaasa isaaniitti makamu." jedha.

### 2.1.9. Naannoo Barsiisuu

Akkuma armaan olitti akaakuuwwan hiibboo jalatti kaasuun yaalame, faayidaa hiibboo keessaa tokko ijoolleen naannoo isaanii akka baratan gochuu isaati. Hibboon waan naannoo jiru jechoota malleen dubbii ofkeessaa qabanitti gargaaramuun hagam akka hubatan akkasumas, gadi fageenyaan akka xiinxalaniifi yaadan kan gargaarudha. Keessumaayyuu, akaakuun hibboo-xar jedhamummoo ijoollee hawaasa naannoo barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yaada kana Awedoba, (2000:41) faayidaa hibboon ijoollee biyya sanaa hawaasa naannoosaanii barsiisuu keessatti qabu akkana jechuun ibsa.

> *Children are through riddles being educated about the existence of other places and people such as the Bulsa or (bum), '...whose hourglass drums we hear without ever seeing the mouths of the drums' according to the riddle precedent. Another riddle refers in its precedent to the Nankanses as the easterners (birakoga tiina) who finish the basketry job the Westerners (the Bulsa) began, a reminder of the existence of neighbouring people and communities and the exchanges and transactions that bring different people together in this part of the Upper East Region. Of the Kayoro chiefdom, a riddle precedent says that but for the trees we should be seeing their homesteads. This is a reminder to people in Navrongo, the biggest of the Kasena chiefdoms south of the international boundary, about the existence of a smaller Kasena chiefdom that many rarely get to visit.*

Barreeffamni armaan olii kun kan nu hubachiisu, ijoolleen uummattoota isaan hinbeekne naannoo isaanii jiraniifi waa'ee uummata naannoo isaanii jiranii gadi fageenyaan kan barsiisudha

jedha. Gama biraatiinis, seenaa uummata tokkoo kan kallattii garaa garaan jiru walitti dhufeenya isaan qaban faana barsiisuu kan danda’udha. Dabalataanis, hiibboon ijoolleen qaama isaaniirraa kaasanii waan naannoo isaanii jiran dhihoo gara fagootti bifa salphaan akka barataniif qooda olaanaa kan qabudha. Jalqaba qaamota miiraa baratu, itti aansee waan mana keessaa, beelladoota manaa kanneen ta’an, biqiloota naannoo jiraniifi kanneen kana fakkaatan gadi fageenyaan xiinxaluuun barataa deemu.

> *What is true of geographical education is even truer for the anatomy of the human body, which African riddles do not fail to teach. The members of the body feature in a number of riddles as well as the general functions of the body. The cooperation of the members of the body is captured in the riddle precedent which says "Two noticed a mango fruit, twenty climbed the tree to fetch it and thirty-two ate it," to which the reply is "It is the pair of eyes that observes a fruit and it is with the help of the ten fingers and the ten toes that a person is able to climb a tree to pluck its fruit; however, it is the thirty-two teeth that do the chewing and eating*( Awedoba, 2000:44).

Hiibboon hawwaasni ijoollee isaa waan naannootti argamu homaa osoo hinhambisiin kan ittiin barsiisu ta’uufi haalli ittiin barsiisanis baay’ee salphaafi akkaataa dagatamuu hindandeenyeen kan barsiifamu ta’uu hubanna. Akkasumas, haalli barnoonni itti kennamus salphaarraa gara ulfaataatti deemuusaa kan nutti agarsiisudha.

### 2.1.10. Dandeettii Afaanii Barsiisuu

Hiibboon afoola waan ta’eef, afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbudha. Kana malees, amala afoolaa hirmaachisummaa waan qabuuf ijoolleen dubbii afaaniin walgaafachaa, waljalaa qabaa taphatu. Adeemsa kana keeessatti dandeettiiwwan afaanii sagaleerraa kaasee haga caasaa afaanii isaan gurguddootti gabbifachaa kan deemanidha. Kana malees, hawaasa addunyaa kanaa keessatti hiibboon caasaa mataasaa danda’e akka qabu ogbarruun lafa kaa’a.

> *Riddles provide opportunities to play phonetic, morphological, grammatical and semantic games as they exhibit a variety of linguistic expressions and structures. Riddling seems to equip language users, among other things, with analytical skills that in some respects are not too different from that language education seeks to provide to students and pupils in the schools and Universities. Riddles provide the younger speakers of a language with the necessary opportunities for improving pronunciation and the articulation of words and sound segments. This again includes conventional words and sounds as well as the not so conventional.* (Tamakloe 1931: 123)

Hiibboon ijoolleen carraa sagalee, dhamjechoota, caasluga, hiika jechaafi kanneen kana fakkaatan akka baran carraa bal’aa uummaaf. Akkasumas, dandeettii waaqaaccessanii ilaaluu barattoota sadarkaa barnootaa adda addaarra jiraniiif kan uumu ta'uusaa kan agarsiisudha. Keessumaayyuu, hiibboon ijoollee reefu afaan baraa jiran carraa afaan baruu bal’aa uumaaf. Kana malees, dandeettii sagaleewwan addaan baafatanii hubachuufi hiika jechoota haaraallee akka baraniif karaa kan saaqudha.

Mitikkuu, (1991:177), yaada kana yammuu deeggaru, "Dandeettii afaanii dagaagsuuf, ijoolleen sagaleewwan afaan isaanii keessa jiran nibaratu; caasaa himoota afaanichaafi seera haasawaa nibaratu" jedha. Barruu armaan olii kanarraa wanti hubatamu, ijoollee sagaleerraa kaasee hanga caasaa himaatti, qabata hiibbootiin waan baay’ee baruu akka danda'aniidha. Dabalataanis, dandeettiiwwan arfan afaanii keessattuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu barachuuf carraa bal’aa banaaf.

Bifuma walfakkaatuun hayyuun Mayring, (2000:56 ). akka armaan gadiitti ibsa: "Folklore is rich in themes and symbols which can stimulate the students to exercise the listening, speaking, reading and writing skills." Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, foklooriin barattoota si'aa’inaan ykn dammaqinaan akka baratan taasisa. Akkasumas, dandeettiiwwan arfan afaaniis akka gabbifataniif isaan gargaara.

Hayyuun Zipke, (2008:132). yoo ibsu, “The use of riddle in teaching vocabulary is able to make students more active in teaching and learning process. The teacher also should be more creative and innovative to develop teaching technique in order to create interesting class atmosphere.” Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, faayidaan hiibboo hiika jechoota haaraa barattoota barsiisuu keessatti qabu ilaalchisee, barattoonni qaxalee akka ta’aniifi dandeettii cimaa akka horatan baruufi barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Itti dabalees, barsiisonnillee dandeettiin waa uumuu isaanii irra caalaatti akka cimu taasisuun kutaa barnootaa hawwataa akka uuman isaan gargaara.

### 2.1.11. Hiibboon Ijoollee Kalaqa Yaadaa Barsiisa

Hiibboon waan naannoo ijoolleetti argamu kalaqa yaaduufi xiinxaluu waan gaafatuuf ijoolleenis deebiisaa kalaqa yaadaa mataa isaaniitti gargaaramuun deebisu. Yeroo kana ijoolleen sammuu isaanii ijoollummaarraa kaasanii kalaqa yaadaan walbaraa, walbarsiisaa guddatu. Yaada kana

faayidaa hiibboon uummata Afrikaa Kaasanaa jedhamu keessatti dandeettii kalaqaa yaadaa jajjabeessuuf qabu Awedoba, (2000:47) akkana jechuun ibsa:

> *Above all creative thinking is the corner stone of riddling in societies like the Kasena. This is a contradiction of the views of some researchers discussed earlier who take the position that riddling emphasises recall at the expense of creative thinking. The Kasena riddler, it is true, seeks the customarily coixect answer and not just any answer. However, it would appear that riddle culture is not as dogmatic as it may seem and that the appropriateness of responses is negotiable. Interlocutors can argue persuasively on the merits of an answer that may not have been customarily associated with a particular riddle precedent; it is possible that such an answer might be accepted as an alternative and perhaps eventually makes its entry into the riddling tradition. It is in this way that some riddles over time have come to have a couple or more of accepted or expected responses.*

Kaayyoon hiibboo inni guddaan ijoolleen kalaqa yaaduu isaanii akka cimsataniifidha. Akka qorataan kun jedhuttis yoo ta'e, qorattoonni hedduun waa'ee dandeettii waa yaadachuu malee waan waa kalaqsiisuurratti fuulleffannoon kenname hinjiru jedha. Garuu hiibboon dandeettii kalaqanii yaaduu kan barsiisudha.

### 2.1.12. Bashannansiisuuf

Hiibboon bifa gaaffiifi deebiitiin waan dhiyaatuuf, gareedhaan ykn gurmuudhaan kan taphatamdha. Taphni hiibboo kunis akkaataafi seera hordofuu qabutu jira. Gaaffiifi deebiin hirmaattotaan, akkaataafi seera tapha hiibboo hordofuudhaan taasifamu kun waan hedduu ofkeessaa qaba. Kana waan ta'eef, sammuu guyyaa hojiidhaan dhiphatee ykn dadhabee oole galagala yeroo taphatamu hirmaattota taphichaa baay'ee kan bashannansiisudha.

Finnegan, (1974:442) faayidaa hiibboon bohaarsuu keessatti qabu yammuu ibsitu: "Besides entertainment, riddles are sometimes claimed to play indirect educational role by training childeren in quick thinking, in intellectual skill, inclassiffication..." jechuun ibsiti.

Yaada hayyuu kanarraa hubachuun akka danda'amutti, hiibboon bashannansiisuu bira darbee, barnoota alidilee ijoolleef dabarsuuf gahee olaaanaa kan taphatudha. Dabalataanis, ijoolleen akka saffisaan waa xiinxalan, dandeettii waa yaaduu akka gonfataniifi wantoota garee garaa garaatti akka qoodan taasisuu keessatti hiibboon shoora olaanaa qabaachuu isaa kan nutti agarsiisudha.

Bifuma walfakkaatuun, Mitikkuu, (1991:177), "Sammuu guyyaa hojii garaa garaatiin dadhabaa oole galgala maatiin ijoollee isaanii hiibboo akka isaan taphatan gochuudhaan akka isaan

bashannanan taasisu." Akka barreeffama kanaattis hiibboon, barsiisuu cinaatti bohaarsuufis akka gargaaru hubachuun kan danda’amudha.

### 2.1.13. Faayidaa Hiibboon Sammuu Ijoollee Qaruu Keessaatti Qabu

Hiibboon, wanta beekkamaa tokko akka icciitiitti hiikuun kan taphatamu waan ta’eef, nama barsiisuufi keessumattuu, sammuu ijoollee qaruudhaaf shoora olaanaa kan qabudha. Kunis, ijoolleen gaaffii gaafataman deebisuuf jecha wantoota adda addaa gadi fageessanii yaaduun akka walbira qaban isaan taasisa; waliinis akka madaalchisan godha. Wantoota naannoo isaaniitti argamus nixiinxalu. Kanaan immoo dandeettii waa xiinxaluu isaanii cimsatu. Kun immoo beekumsa wantoota adda addaa irratti qaban akka gabbifataniif isaan gargaara. Dabalataanis, beekumsi isaan gama barumsaa, aadaa, safuu, duudhaa, amantaa, siyaasa, diinagdee, xiinsammuu, hawaasummaafi kkf irratti qaban dabalaa waan deemuuf sammuun isaaniis, hangasuma gabbataafi qaramaa deema.

Hayyuun Okpewho, (1992:26), yaada kana yammuu ibsu: "Function of riddle is sharpening the intellect and equiping the mind with techniques for finding the right classificatory relationships between the varieties of objects." jedha.  Yaada waraabbii kanarraa waanti hubatamu, hiibboon sammuu ijoollee qaruufi walitti dhufeenya wantoota garaa garaafi uumama adda addaa jidduu jiru addaan baasanii baruuf dursanii akka ofqopheessan gochuu keessatti, iddoo olaanaa kan qabudha.

Warquu, (1992:122) gama isaatiin akkas jechuun ibsa; "Hiibboon, gaaffiifi deebii irratti hundaa’ee yeroo boqonnaa ofii gammachuudhaan dabarsuuf, mukuu ba'uuf, bashannansiisuuf, kofalchiisuufi barsiisaa tapha adeemsifamuudha. Bu’uurri gaaffiifi deebii hiibboos bal'inaan waan qabatamaa ta’erratti hundaa’ee dandeettii afaanii cimsuufi sammuu ijoollee qaruuf shoora olaanaa kan qabu damee afoolaati."

Yaada barreeffama armaan olii kanarraa kan hubatamu, hiibboon, bifa  gaaffiifi  deebiitiin  kan dhiyaatu ta'ee, bohaaraa otoo hindhiphatiin karaa  salphaa  ta'een ijoollee kan barsiisudha. Gaaffiifi deebiin gaggeeffamus, wantoota qabatamaa ta’eirratti hundaa'uudhaan ijoolleen dandeettiiwwan afaanii kallattii adda addaan cimsachuun, sammuun isaanii akka qaramuuf gumaacha olaanaa taasisa. Hiibboon, bifa gaaffiifi deebiitiin waan adeemsifamuuf, sammuu ijoollee qaruu keessatti gahee olaanaa kan qabudha.  Hiibboon haqa addunyaa kanarra jiran haala

qabatamaa naannnoo keessatti ilaaluun, karaa salphaa ta'een akka hubataniif kan gargaarudha. Wantoota qaama isaaniifi namootaa irratti argamu, qe'ee isaanii jiruufi naannoo isaanitti mul’achuu danda'u saayinsii hiibbootiin yeroo gaafataman baay'ee akka carraaqan isaan taasisa. Carraaqqiin ijoollee deebii hiibboo argachuuf taasisan, haala qabatamaa naannoofi dhugaa addunyaa kanarratti xiinxalli isaan godhan, sammuun isaanii daran aka qaramuuf, shoora olaanaa qaba. Dabalataanis, hiibboon raawwiin isaa ariitii barbaada. Gaaffii gaafataman, yeroo gaaffiifi deebiitiin isaan wal ariifachiisan, sammuun isaanii gaafachuufis ta'ee, deebisuuf qophaa'ummaa akka qabaatan taasisa. Kunis, sammuun ijoollee ariitiin akka waa deebisuuf deeman isaan gargaara.

Karaa biraatiin, sirna hiibboo keessatti waliin morkii waliifi uumamarraa kan ka'e sammuun isaanii waan hundumaa hubatee irra aanuuf morkataa isaanii akka mo’atan isaan qopheessa. Uumama lafarra jiru, jiruufi jireenya ardii kanaarra aanuuf wantoota uumamni ummataan, falaasama addunyaa, hawaasummaa, seenaa, aadaa, duudhaa, afaan, barteewwan hawaasaafi loojikii ykn adeemsa gara yaada deebiitti nama geessuu danda’u saayinsii bu'ureeffachuun haala qabatamaa naannoo isaanii waliin walcinaa qabuun hiibboon karaa kamiiniyyuu yoo gaafataman deebii kennuuf ofqopheessu. Kun immoo sammuun isaanii kallattii hundaan akka xiinxaluufi qaramu kan isaan taasisudha.

### 2.1.14. Faayidaa Hibboon Gahumsaan Dubbachuu Barsiisuu Irratti Qabu

Hibboon gahumsaan (fluency) dubbachuu ijoollee barsiisuu irratti qabu baay’ee olaanaadha. Kunis, hibboo yeroo wal gaafatan ijoolleen deebii deebisan sana dogoggora tokko malee deebisuuf waan yaalaniif, gahumsi isaanii daran akka dabaluuf iddoo olaanaa kan qabudha. Kanaa qofaa osoo hin taane wanta barreeffame tokkollee dogoggora malee gahumsaan akka dubbisaniifillee gahee olaanaa kan qabudha.

Dabalataan, Tolamaariyaam, (2017:46) yoo ibsu, gahumsi haala otomaatikii ta’een dubbisuudha. Wanta tokko walitti firoomsuun si’aa’inaan dogoggora malee dubbisee ergaa isaa hubachuu danda’uudha. Kanaaf, hibboonis kanumaan kan wal fakkaatuufi ijoolleen gaaffiifi deebii taasisan keessatti gahumsa isaanii cimsachaa kan deeman ta’uu nutti agarsiisa. Ruqoolee gahumsa dubbachuu bu’uureffachuun gahumsa kanas bakka sadiitti qoonnee ilaaluu dandeenya.

**A. Si’aa’ina**

Hibboon bifa gaaffiifi deebiitiin waan gaggeeffamuuf ijoolleen altokkotti sababa hibbootiin jechoota hedduu maqaa dhahuu waan danda’aniif, ofdanda’anii akka isaan dubbataniif iddoo olaanaa kan qabudha. Kanaaf, hibboon ijoolleen si’aa’inaan ykn ariitiidhaan yeroo tokkotti jechoota hedduu fayyadamuu akka isaan danda’an isaan taasisa.

**B. Sirrummaa**

Ijoolleen hibbootti yeroo fayyadaman dogoggora xiqqeessaa deemu. Kanaaf, jechoota hibboo keessatti itti fayyadaman dogoggora malee akka isaan dubbatan taasisuu keessatti gahee olaanaa kan qabudha. Kana jechuun, ijoolleen hibboo yeroo wal gaafatan iddootti jechoonni jabaatan jabeessuun, iddootti jechoonni dheeratan dheeressuun, iddootti jechoonni gabaabbatan gabaabsuun, akkasumas, iddootti jechoonni laafan laaffisuufi irra butuun akka isaan dubbataniif hibboon gahee olaanaa kan qabudha.

**C. Ibsa**

Hibboon harki caalaan isaa bifa yeedalootiin waan dhiyaatuuf, hibboo sana yeroo sagaleessan miidhaksanii sagaleessu. Kana jechuun ammoo, bakka sagaleen ol ka’utti ol kaasanii, bakka sagaleen gadi bu’utti gadi buusanii yeroo sagaleessan miidhagina gahumsaan dubbachuu isaanii sana kan dabalu ta’a jechuudha. Akkasumas, sirni tuqaalee isaan achi keessatti hordofan, cita afuuraa sirrii ta’e fayyadamanii dubbachuu keessatti hibboon iddoo olaanaa kan qabudha.

### 2.1.15. Tapha Ijoollee

Taphni ijoollee kan ijoolleen haala jireenya naannoo isaanii ittiin barataniidha. Akkasumas, sodaafi yaada isaanii karaa nagaa ta’een akka ibsatan kan gargaaruudha.

Haala kanas, Fedhaa, (2001:30 ) hayyuu Cass, (1972) jedhamu wabeeffachuun tapha ijoollee ilaalchisee yaada itti aanu kana jedha.

> *Play is the work of children; it consists of those activites performed for self amusement that have behavioral, social and psychomotor rewards. It is child directed and the rewards come from within the individual child. It is enjoyable and spontsneous. Play is an important part of the child development. Through play children, learn about colors, shapes, cause, and effect, and themselves. Beside cognitive thiking, play helps the child learn social and psychomotor skills. It is away of communicating joy, fear, sorrow and anxiety.*

Akka yaada kanaatti taphni ijoollee raawwii dhuunfaa isaaniitiin amala gaarii kan horatan, jabina sammuu argataniifi hawaasarraa kan ittiin barataniidha. Kanamalees, karaa ittiin fedhii isaanii ibsatan, aariifi dhiphuurraa walaba kan ittiin ta'aniidha. Karaa biraatiin, taphni, miira walmorkii ijoolleee keessatti uumuudhaan ofitti amanamummaa hariiroo gaarii garee hawaasaa waliin akka qabaatan kan godhuudha. Kanaaf, hibboonis akaakuu tapha ijoollee keessaa isa tokko waan ta'eef, miira walmorkiifi xiiqii ijoollee keessatti uumuun akka isaan dandeettii isaanii karaa gara garaatiin babal'ifatan isaan godha.

Itti dabales, ijoolleen akkuma sadarkaa umurii isaaniitti tapha adda addaa nitaphatu. Mana baruumsatti, mana jireenyatti, naannoo isaaniitti akkasumas, baadiyyaa bakka loon tiksanitti walitti gurmaa'anii akkasumas, akka aadaa naannoo isaaniitti tapha taphatan adda addaa niqabu. Taphoonni ijoollee baay'een isaanii af-walaloon kan dhiyaataniifi akkuma afoola biroo dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan turedha. Taphoonni kunniinis seera ittiin taphataman kan qabaniifi ijoollen ofii isaaniif kan uuman maatiifi ollaa keessatti beektota naannootti argamaniin akkasumas barsiisonni isaanii ijoollee kanneen taphachiisuudhaaf haalota mijeessan irratti kan adeemsifamaniidha (Zarihuun, (1992:56).

Yaada armaan olii irraa akka hubannutti, taphni ijoollee umurii ijoollee aadaa isaaniifi hawaasa ijoolleen sun keessa jiraatan irratti hundaa'ee gargar akka ta'eefi biyyaa biyyattis gargar akka ta'edha. Karaa biraatiin, taphni ijoollee akkuma afoola biroo dhalootaa dhalootatti darbaa kan tureefi kan ijoolleen umurii ijoollummaa isaaniitti iddoo mijaawaa argatanittiifi yoomessa taphaa qindaa'aa ta'e keessatti gurmaa'anii seera taphaa eeggatanii ittiin bashannanaafi miira isaanii ittiin ibsataniidha. Kana waan ta'eef, hibboonis gooreewwan afoolaa keessaa isa tokko yoo ta'u, ijoolleen ittiin bohaaraa sadarkaa mana barnootaatti dandeettii isaanii kallattii gara garaatiin kan ittiin cimsachaa kan deeman ta'uu isaa kan nutti mul'isudha.

### 2.1.16. Faayidaa Tapha Ijoollee

Zawudee, (2002:73), faayidaa tapha ijoollee yeroo ibsu, "Taphni ijoollee ijoolleef faayidaa bashannansiisuu, gaaffii gaafataman atattamaan deebisuu irraan kan ka'e sammuu isaanii qaruu akka danda'u, miliqqee baruullee akka danda'an, hiriyootaafi namoota naannoo isaanii baruu akka danda'aniif oola" yaada jedhu lafa kaa'a. Ijoolleen tapha kanaan dandeettii waa yaadachuu, sammuu keessa tursiifachuu, aadaafi duudhaa hawaasaa isa gaggaariifi kan biroo adda baasanii

guddachuuf isaan gargaara. Kanumaan walqabatee hibboonis akaakuu tapha ijoollee waan ta’eef, hibboo sababa godhachuun hariiroo hiriyoota isaanii waliin taasisan karaa ittiin cimsachaa deemaniifi ittiinis bashannanaa baruu barsiisuu keessattillee dandeettii isaanii kan ittiin cimsatan ta’uu kan namatti agarsiisudha.

## 2.2. Yaadiddama Tajaajilaa

Qorannoo fookloorii ilaalchisee, akkaataan qorannoon fookloorii gaggeeffamurratti hayyoonni garaa garaa yaada walfakkaataa ta'e hinqaban. Kunis, fooklooriin wantoota baay'ee bal'aafi wal xaxaa ta'e of keessatti hammachuu isaarraan kan ka'e ta’uu isaati. Haata'u malee, hayyoonni adda addaa yeroo garaa garaa keessa qorannoo adeemsisaa turanii jiru.Qorannoon tokko yammuu gaggeeffamu yaadiddama gara garaa hordofuu danda'a. Haaluma kanaan, qorannoon kunis yaadiddama tajaajilaa (functional theory) bu'uura godhachuun raawwatame.

Akka yaadiddama kanaatti, tajaajila ykn faayidaa fooklooriin hawaasa keessatti qabu giddu galeeffatanii ilaaluun baay'ee barbaachisaadha.

Bascom (1992:175), yeroo ibsu, "…as folklorists we examine the verbal customary way and how it is important to the people sharing it," jedha. Yaada hayyuu kana irraa wanti hubatamu, qorataan afoolaa tokko yaadiddama tajaajilaatti kan fayyadamu yoo ta'e, ogummaan mallattoo (verbal art) akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduufi giddu-galeessummaadhaan aadaan akka ijaaramuuf shoora olaanaa qaba. Itti dabalees, hayyuun kun faayidaa afoolli hawaasaaf kennu: mammaaksi murtee seera qabeessa ta'e dabarsuufi barsiisuuf gargaara; hiibboon sammuu qara; durduriin amala sirreessuufi safuu hawaasaa eegsisuudhaan wantoota beekamoo ta'an jechoota hawaasichi itti tajaajilamuun dhaamsa dabarsuun nama bashannansiisa; akkasumas, sirbi immoo onnee gootaa cimsa jechuun kaa'a. Akka yaada hayyuu kanaatti, qorannoon fookloorii akkaataa faayidaa isaatiin ilaalamuun gaggeeffamuu qaba. Kuni ta'uu baannaan (afoolli tokko ija faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame) hiika dhabeessa ta’uu nidanda'a. Walumaagalatti, akka yaada hayyuu kanaatti faayidaa fookloorii yammuu ibsu, fooklooriin hawaasa kamiyyuu keessatti aadaafi dhaabbilee hawaasummaa adda addaa tursiisuufi kunuunsuu keessatti shoora olaanaa waan qabuuf, gama tajaajila isaatiin qo'atamuu qaba. Haaluma kanaan, yaaddiddamni kuniifi mata dureen qorannoo kanaa walitti dhufeenya waan qabaniif qorataanis yaadiddama kana bu'uura godhatee jira.

## 2.3. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Faayidaa hiibboon Oromoo fayyadama hiika jechootaa, gahumsa dubbii afaanii, gahumsa dandeettii dhaggeeffachuu, gahumsa hubannoo, safuu hawaasaafi aadaa uummataa ijoollee barsiisuuf qabu kun, qorannoodhaan yoo deeggarame bu'aan isaa caalaatti itti fayyadamtootaaf ifa ta'uu danda. Kanarrattis, qorattoonni adda addaa dhimma mata duree qaaccessa faayidaa hibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu jedhuun kan wal fakkaaturratti qorannoowwan adda addaa gaggeessaniiru. Hojiiwwan qorannoo dhimma hibboo Oromoo irratti taasifan keessaa tokko:

Taarikuu, (2014) "Qaaccessa Faayidaa Durduriifi Hiibboo" mata duree jedhuun, itti guuttannaa digrii 2ffaatiif qorannoo gaggeessee jira. Xiyyeeffannoon isaatiis, duudhaalee hawaasaa ijoollee barsiisuu keessatti gahee durduriifi hiibboon qaban qaaccessuu kan jedhuudha.

Garaagarummaan qorannoowwan kana gidduu jiru, qorannoon isaa faayidaa hiibboo akka dabalataatti durdurii waliin walqabsiisee ilaale malee, qofaatti mataduree ofdanda'een kan hinilaallee ta'uu isaati. Itti dabaluunis, gosoota hiibboo lamaan jiran keessaa hiibboo hibibii qofa bu'ureeffachuun kan hojjatamedha.

Dajanee, (2014) mata duree "Afoola haala naannnoo buuureeffate; Hiibboo Walisoo Liiban" jedhuun, itti guuttannaa digrii 2ffaatiif qorannoo gaggeessee ture. Qorannicha keessattis ga'ee hiibboon uummata Oromoo keessatti gama naannoo barsiisuu, dandeettii yaadachuu barsiisuu, akkasumas ga'ee hiibboon bashannansiisuu keessaatti qabu ilaaluuf yaalee ture. Argannoo qorannoo isaatiinis hiibboon ammallee naannoo barsiisuu keessatti qooda akka qabu lafa kaa'ee ture.

Garaagarummaan qorannoowwan kana gidduu jiru, qorannoon isaa hiibboo naannoo bu'ureeffaterratti xiyyeeffachuun Afaan Ingiliffaatiin kan hojjetamedha. Dabalataanis, gosoota hiibboo lamaan jiran keessaa hiibboo hibibii ykn hibbakka kan jedhu qofa bu'ureeffachuun kan hojjatamedha. Kanamalees, dandeettiiwwan afaanii bal'inaan hinkaafne.

Huseen, (2006) "Xiinxala Hiibboo Daa'immanii Naannoo Amaaraa Godina Addaa Kamisee Aanaa Baatee." jedhurratti itti guuttannaa digrii 1ffaatiif, qorannoo kan gaggeesse yoo ta'u, wanti qorannoo kana irraa adda isa taasisu akaakuu tapha hiibboo irratti xiyyeeffachuun hojjechuu

isaati. Kunis, hiibboo yeedaloo qabu, kan yeedaloo hin qabneefi hiibboo leedoo (hiibboontar) jechuun akaakurratti xiyyeefachuun kan raawwatameedha. Dabalataanis, gosoota hiibboo lamaan jiran keessaa hiibboo hibibii ykn hibbakkaa qofa bu'ureeffachuun kan hojjatamedha.

Masarat, (2008) "Qaaccessa Adeemsaafi Faayidaa Hiibboon Ijoolleef Qabu Haala Qabatamaa Aanaa Ada'aa" jedhurratti itti guuttannaa digirii 2ffaatiif qorannoo kan gaggeessite yoo ta'u, qorannichi faayidaa hiibboon Oromoo qabu qofa osoo hintaane, adeemsumti hiibboon mataa isaatiin gahee inni ijoolleef qabu kaasuuf yaalteetti. Akkasumas, gosoota hiibboo tuquuf yaaltee jirti.

Haata'u malee, qorannoon kun faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu qaaccessuurratti xiyyeeffata. Kunis hiibboo qofa osoo hin taane, adeemsi tapha hiibboo mataa isaatiin faayiddaa inni qabu gadi fageenyaan kan xiinxaledha. Akkasumas, hiibboon mana barumsaa keessattis shoora inni qabu kan sakatta'edha. Dabalataanis, faayidaa hiibboon dandeettii dhaggeeffachuu gabbisuurratti qabu, gahumsaan dubbachuu, fayyadama jechootaa barsiisuu irratti qabu, safuu hawaasaafi aadaa hawaasaa hubachiisuurratti qabu kan qaaccessedha. Argannoo qorannoo isheetiinis, hibboon Oromoo maatii keessatti maqaalee wantoota garaa garaa, lakkoofsa, caasluga barsiisuu, dandeettii waa yaadachuu ijoollee, gamtaan galgala taphatamuu, bashannansiisuu, xiiqii walitti qabachuun ijoolleen beekumsa isaanii walii gabbisaa akka deemaniif kan gargaaru ta'uu kan agarsiisudha.

Walumaa galatti, qorannoowwan armaan olitti ka'aniifi qorannoo kana wal bira qabnee yoo ilaallu isaanis hiibboorratti xiyyeeffachuun isaanii walfakkeessa. Qorannoon kun garuu, faayidaa hiibboon Oromoo dandeettii dhaggeeffachuu gabbisuu irratti qabu, gahumsaan dubbachuu barsiisuu irratti qbuu, fayyadama jechootaa, safuu hawaasaa hubachiisuufi hubannoo aadaa uummataa irratti qabu qaaccessuun kan isaaniirraa adda taasisa.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA

## 3.0. Seensa

Kutaa kana keessaatti adeemsa qoratichi kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf hordofuufi keessa darbetu dhiyaate. Qorannoon kun saxaxa ittiin gaggeeffame, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa odeeffannoofi mala odeeffannoon ittiin qaacceffame kan ofkeessatti hammatedha. Kanarraa ka’uun, faayidaan hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu Mana Barumsa Garbii Bultoo sad.1ffaa kutaa 5-8 qaaccessuuf kallattiifi adeemsi barbaachisoon addaan bahanii hojiirra Kan oolanidha.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa kan to’atudha. Qorannichi maal akka fakkaatu maal irratti akka bu’uureffate gaaffilee jedhantu mata duree kana jalatti ibsame. Akka Cohen, Manion and Marrison (2005:73) ibsanitti, “Research design is governed by the notion of fitness for purpose”. The purpose of the research determine the methodology and design of the research” jedhu. Yaada kanarraa wanti hubatamu qorannoon tokko haala xiyyeeffannoo isaa bu’uura godhachuun saxaxni isaa filatamuu isaati. Haaluma kanaan, qorannoon kun qorannoo ibsaa (descripetive) yommuu ta’u, malli qaaccessa ragaa isaa immoo mala akkamtaati. Gama biraan, qorataan mata duree qorannoo isaa irratti hunda’uun malleen iddaatteessuu mit-carraa jalatti kanneen ramadaman keessaa iddatteessuu akkayyootti gargaaramee jira. Kana malees, meeshaalee funaansa ragaa kanneen akka daawwannaa, bar-gaaffii marii gareefi afgaaffiitti gargaaramuun qorannoo isaa gaggeesseera.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf, malleen qorannoon itti gaggeeffamu murteessuun barbaachisaadha. Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsamuuf yaalametti, xiyyeeffannaan qorannoo kanaa inni guddaan faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu qaaccessuudha. Faayidaa hiibboon qabuufi akkaataa ykn adeemsi raawwii isaa ijoollee kanneen biratti waan argamaniif faayidaa hiibboon dandeettiiwwan afaanii ijoollee cimsuuf qabu, adeemsa raawwii isaa, barsiisonni hiibboo kitaaba barnoootaa keessatti argamu gargaaramuun barnoota afaanii barsiisuu isaanii, karaa garaa garaatiin qaaccessuuf gargaara. Ragaa argatanii faayidaa isaa qaaccessuuf immoo, garee garaa garaarraa odeeffannoo funaanuu,

qabiyyeewwaniifi adeemsawwan hiibboon ittiin taphataman qorachuun barbaachisaadha. Dhimmoota akkanaa qorachuuf immoo, qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuun gaarii ta'a. "Qorannoo aadaa hawaasaa waliin walqabatu geggeessuuf, qorannoo qulqulleeffataa ibsaatti gargaaramuutu garii ta'a."(Dastaa, 2013:30).

Sababni isaas, akaakuun qorannoo akkanaa odeeffannoo afgaaffiifi marii gareetiin kallattiidhumaan barattootaafi barsiisotarraa funaanamu gadi fageenyaan ibsa. Akaakuu qorannoo kanaa keessatti ragaaleen qorannoodhaaf funaanaman gabatee, giraafii, chaartiifi kkf niin kaa'amanii ibsamuu waan hindandeenyeef, akaakuu qorannoo birootti gargaaramuun rakkisaa ta'uu danda'a.

Akka Spradley (1979:3) ibsuttis, qorannoon aadaa hawaasaa irratti geggeeffamu waa'ee hawaasichaa qorachuurra darbee hawaasicharraa barachuurratti xiyyeeffata, yaada jedhu of keessaa qaba. Kun immoo, odeeffannoon kallattiidhaan qaama dhimmi ilaalurraa waan funaanamuuf odeeffannoo argame gadi fageenyaan xiinxalanii ibsuudhaan waan duraan hinbeekamnellee ifa baasee kan namatti mul'isudha.

Qorannoon geggeeffamu kun "Qorannoo Aadaa Hawaasaa" (Folk-Cultural Research) jalatti ramadama. Qorannoon gosa akkanaa waan jiruufi jireenya dhala namaa keessa jiru (duudhaa, aadaa dandeettii, dadhabbina, cimina fedhii, jaalala, jibba…) daawwachuun, gaafachuun, yaadannoo qabachuufi waraabuun ragaalee funaannata (Solomon, 2004:6).

Bifuma kanaan, qorataan kunis, ragaalee bifa garaagaraatiin sassaabaman gadi fageenyaan qaaccessuudhaan tokko tokkoon addaan baasee kan ibsedha.

### 3.3. Madda Ragaalee

Maddoota ragaalee ilaalchisee (Cohen, 1994:50) akka barreessetti, qorannoo tokko gaggeessuuf maddoonni ragaalee murteessaadha. Maddoota ragaalee kanneen jedhamanis madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa jedhamuu nidanda'u. Bu'uuruma kanaan qorataan qorannoo isaa kanaaf akka madda ragaatti kanitti gargaarame madda ragaa tokkoffaadha. Kothari, C.R (2004:95) akka barreessetti odeeffannoon madda ragaa tokkoffaan ibsamu mala odeefkennitoonni hundi kennan irratti kan xiyyeeffatuufi odeefkennitoota deebii kennuuf hawaasa bakka bu'aniin kan walqabatudha. Maddi ragaa qoranichaa madda ragaa tokkoffaati. Madda ragaa tokkoffaa kanneen ta'anii qorataan itti gargaarames, barattootaafi barsiisota Mana Barumsa Garbii Bultoo

sad.1ffaa kutaa 5-8 dhimma hibboo kana gadi fageenyaan beekaniidha. Sababni odeefkennitoonni kun filatamaniifis, ragaan kallattiidhaan karaa isaanii waan argamuuf jecha.

### 3.4. Iddattoo

Qorannoon kun hawaasa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Meettaa Roobii Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa Tokkoffaa kutaa 5-8 irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoo tokko geggeessuuf iddattoo filachuun baay'ee barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti otoo hintaane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama. Flick (2002:61) yoo ibsu,

> *The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)…Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e, Transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding (presentation sampling).*

Yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu, qorannoon tokko yemmuu adeemsifamu iddattoon namoota afgaaffiif dhiyaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu otoo hintaane, bakka sadiitti itti gargaaramna. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda'antu filatama; achiis wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaacceffamu itti fayyadamama. Ragaan qaacceffamee bu'aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiyeessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhiyaatu kan ittiin filamuudha.

Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta'u, innis, jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaadameeti. Haaluma kanaan, namni qorannoo geggeessu tokko iddattoo filachuuf tooftaalee hedduutti gargaaramuu danda'a. Tooftaaleen kunniinis akkaataa qorannicha waliin deemuu danda'anitti ilaalamanii kan filataman qoratichaani. Kanaafuu, iddattoowwan garaa garaa hojii qorannichaa galmaan ga'an filachuun mala isa bu'uuraa qoratichi itti gargaaramu ta'a. Malli kunis, mala ibsaa qorannoon ittiin dhihaatu ykn geggeeffamudha. Mala kana keessatti iddattoowwan hedduu fayyadamuurra iddattoowwan dhimma qorannoon irratti geggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa odeeffannoo ga'aa ta'e funaanuu irratti xiyyeeffata.

### 3.4.1. Iddattoo Akkayyoo

Iddatteessuun akkayyoo fiixa ba'iinsa kaayyoo qorannoo irratti hundaa'uun kan filatamuudha. Akka Singth (2006:100) ibsutti, iddatteessuun akkayyoo kan qorataan kaayyoo isaa irratti hundaa'ee kaayyoosaa sana galmaan ga'uuf ofiisaa iddattoo kan murteessudha. Iddatteessuun akkayyoo odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuuf kan gargaaru ta'ee, odeefkennitoota irraa odeeffannoo qorataan fudhatu murteessuuf illee qorataa kan gargaarudha. Bu'uuruma kanaan qorannoo kanaaf malli iddatteessuu filatame iddatteessuu akkayyoo (purposive sampiling)dha. Kanaaf, namoota dhimmicha nibeeku jedhamanii yaadaman xiyyeeffannoon yookiin itti yaaduudhaan filatamaniiru. Kunis, namoota kallattii gara garaatiin dhimmicha waliin walitti dhufeenya qaban odeeffannoo gaarii ta'e argachuuf nama dandeessisa. Kanaafuu, qorannoo kanaaf madda odeeffannoo kan ta'an, barsiisotaafi barattoota Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa Tokkoffaa Magaalaa Shinooti. Manni barumsaa kunis, barattoota kutaa 5-8 daree afur qaba. Barattoonni daree tokko keessatti argaman lakkoofsaan 45 yoo ta'an, barattoonni daree arfanii walitti qabaan 180 ta'u. Isaan keessaa, %11 (21) kan ta'an mala akkayyoo yookiin itti yaadeetiin gargaaramuudhaan filatamanii odeefkennitoota qorannoo kanaa ta'uun hirmaatanii jiru. Sababiin bifa kanaan filatamaniifis, barattoonni eeraman kunniin odeeffannoo dhimma hibboorratti dandeettiifi hubannoo walqixa ta'e waan hinqabneef, barattoota eeraman kanneen keessaa hubannoo gahaa dhimma hibboorratti niqabu jedhamanii yaadaman mala kanaan filatamuun qorataan dhimma itti ba'eera. Gama biroon ammoo, barsiisota Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisan sadii (3) qofa waan ta'aniifi lakkoofsi isaaniis xiqqaa waan ta'eef, akkuma jiranitti fudhachuun, qorataan qorannoo kanaaf odeeffannoo gahaa isaanirraa waan nan argadha jedhee amaneef, mala kaayyeffataatti dhimma bahuudhaan filatee itti gargaaramee jira.

## 3.5. Mala Odeeffannoowwan ittiin Funaanaman

Qorannoon qulqulleeffataa ibsaa dhugaa hawaasa tokko keessa jiru bira ga'uuf mala funaansa ragaa adda addaatti gargaaramuu danda'a. Fakkeenyaaf, qorataan/qorattuun yaadannoo dirree irraa qabatame, teeppii, kaameraafi viidiyoo waraabameefi kkf fayyadamee/tee odeeffannoo funaannachuu danda'a/dandeessi. Yaada kana akka Solomon, (2004:4) ibsetti,

> *Qorannoon akkanaa daawwannaa, afgaaffii, ragaalee barreeffama adda addaa sakatta'uufi marii gareetiin ragaa funaanuun qorannoo geggeessuun nidanda'ama. Qorataan/ttuun qorannoo qulqulleeffataa fayyadamus haala adda addaatiin waan ilaaluuf malawwan ragaaleen ittiin funaanaman muraasatti dhimma ba'uu danda'a/ dandeessi*.

Haaluma kanaan, odeeffannoon afgaaffiifi daawwannaa kallattiidhumaan hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamerraa kan funaanamedha. Sanaan booda, odeeffannoon argame gadifageenyaan qaacceffamee kan dhihaatedha.

### 3.5.1. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee odeeffannoon qorannoodhaaf ittiin sassaabamu keessaa isa tokkodha. Malli kunis mala qorataan odeefkennitoota waliin fuulaafi fuulatti walarguun odeeffannoo qorannoo isaatiif barbaadu afaaniin gaafachuun funaannatudha. Namoonni faayidaa hiibboon sammuuu ijoollee qaruu keessatti qabu walqixa waan hinbeekneef malli odeeffannoon ittiin funaanamu kun mala warra kaanirra filatamaadha. Gama biraatiin, malli kun dandeettii dubbisuu qabaachuu odeefkennitootaa waan hingaafanneef, namoonni barreessuufi dubbisuu hindandeenye odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u kennuu danda'u. Kanaafuu, malli kun malawwan caalaatti filatamaafi kan odeeffannoon bal'aan ittiin argamuudha. Kanaafuu, afgaaffii gartokkeen qindaa'e (Semi-Structured Interview) muraasa qopheeffachuun gara ragaa funaanuu erga deemamee booda odeeffannoo odeefkennitoonni kennan irratti hundaa'uun gaaffilee deebii qorannoo kanaatiif oolan gaafachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan, waantota odeefkennitoonni beekan, waan duraan raawwataniifi waan ijaan argan sababasaa waliin akka ibsaniif karaa banaaf.

Goldstein, (1964:104) afgaaffii ilaalchisee akkasitti ibsa, "Interviewed data may include information on what the informant knows, believes, expects, feels, wants, does or has done, or which explains or gives reasons for any preceding."

Yaanni haayyuu kanaa kan nutti mul'isu, odeeffannoon afgaaffii irraa argamu odeeffannoo kennaan waan beeku, waan itti amanu, waan nita'a jedhee yaadu, waan itti dhaga'amu, waan fedhu, waan amma hojjetu ykn hojjetee darbeefi waan sababa isaa waliin ibsuu danda'u kan nama birootiif ittiin dabarsudha. Qorataan kana bu'uura godhachuudhaan, yaada odeefkennitoonni kennan irratti hundaa'ee gaaffilee biroo gaafatee yaada dabalataa akka argatuuf odeeffannoo nifunaannata. Haala namoonni odeeffannoo kennan sun keessa jiran irratti hundaa'uunis gaaffilee fooyyesseefi yaada isaanii irratti hundaa'uun gaaffilee biraa kaasee gaafatee odeeffannoo bal'aa argachuu kan danda'udha. Kanaafuu, malli kun qorannoo akkanaatiif mala filatamaadha.

Mala kanaan odeeffannoo funaanuuf qorataan jalqaba gaaffilee qorannoo isaatiif deebii naaf argu jedhee yaade qopheeffata. Gaaffileen qophaa’an kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uu isaanii keessa deebi’ee erga mirkaneeffatee booda bakka qorannoo isaatiif odeeffannoo irraa funaannatu deema. Bakka sana erga ga’ee boodas namoota naannoo sanaa akka eeraniif gaafachuudhaan odeeffannoo irraa sassaaba. Kanaaf, qorataanis odeeffannoo haala kanaan funaaname yeroo isaan deebii kennan kaaseettiitti waraabbateera. Bifuma kanaan barattoota odeeffannoof filataman 21 (digdamii tokko) keessaa barattoota 8 (saddeet) filachuun qorataan afgaaffii taasiseefii barattoota kanneeniif taasisee jira. Sababiin odeefkennitoonni kun afgaaffiif filatamaniifis, odeeffannoo karaa bargaaffiifi marii gareetiin hinqulqulloofne ittiin mirkaneeffachuuf yaadameeti.

Akkasumas, qorataan barsiisota Afaan Oromoo barsiisan irraayis bifuma kanaan odeeffannoo sassaabbateera.Sanaan booda, barattoota walitti qabachuun garee sadii namoota torbatorba qabuun qoodamanii akka mari’atan taasifameera. Haaluma kanaan, odeeffannoo argame qulqulleeffachuuf yaanni isaan mariidhaan irratti waliif galan yaadannoon qabatamuun qaacceffamee odeeffannoo irraa argame waliin walbira qabuun akka mirkaneeffamu ta’eera.

### 3.5.2. Bargaaffii

Barattoonni odeeffannoo kana guutuu danda’u jedhamanii filataman hundi jechuun nidanda’ama, kan afaan itti hiikkataniifi ittiin baratan, Afaan Oromoo waan ta’eef, gaaffilee dhiyaatan sirritti dubbisuun ragaa qulqulluufi sirrii ta’e kennuu waan danda’aniif bar-gaaffiin Afaan Oromootiin qophaa’uun kan raabsamedha. Bargaaffiin qophaa’e kunis, kan filannoo qabuufi (close-ended) deebii barreeffamaan kennamu (open-ended) tiin kan qophaa’edha. Kunis kan taasifameef, odeeffannoo karaa afgaaffiifi marii gareetiin ifa hin taane ittiin mirkaneeffachuuf kan yaadamedha. Akkamiin kan jedhuuf, barattoota mala akkayyootiin filataman 21 (digdamii tokko) ta’aniif waraqaan bifa barreeffamaatiin qophaa’uun barattootaaf raabsamuun odeeffannoon barbaachisoo ta’an funaanamaniiru.

Bargaaffii qophaa’e irrattis ibsi gabaabaa qoratichaan erga kennameen booda, barattoota iddattoon filatamaniif raabsamee erga guutamee booda, walitti sassaabamuun roga rogaan xiinxalameera. Haaluma kanaan, hundinuu deebiin akka itti kennamu ta’eera.

### 3.5.3. Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkodha. Qorataan qorannoo kanaas, kallattiin waan keessatti hirmaateef ragaa qabatamaa argachuuf jecha dhimma kan itti ba'edha. Yaada kana Dastaa (2013:118) yoo ibsu, "Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordofa. "Kanaaf, qorataanis, faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabuufi adeemsi hiibboo mataasaa ijoolleef kennu caalatti dhugoonfachuuf mana barumsichaa keessatti haalli itti fayyadama hiibboofi adeemsi isaa barnoota afaanii keessatti gahee inni qabu irratti basiisonni hangam akka hojiirra olchaa jiran mirkaneeffachuuf kutaa barnootaa keessatti argamuun daawwannaa taasisuun odeeffannoo argate sana xiinxaleera. Gosoota daawwannaa kana keessaas qorataan kan itti fayyadame daawwannaa tilmaama duraati. Kanas qorataan daree barnootaatti yeroo garaa garaa sadii itti yaadee guca mirkaneeffannaa (cheekiliistii) manatti itti yaaduun qopheeffachuun dheerina yeroo sa'aa sadiif hordoffii taasisuun odeeffannoo barbaachisoo ta'an walitti qabachuun qaaccesseera.

### 3.5.4. Marii Garee

Qorannoo kana keessatti mariin garee ragaa funaanuu irratti akka meeshaa tokkootti hojii irra kan ooledha. Malli kun akka meeshaa odeeffannoo funaanuu tokkootti kan filatameefis, mata duree dhihaate irratti yaada namoota adda addaa walitti fiduun kan odeeffannoo afgaaffiifi bargaaffiin sirriitti hin ibsamne irratti yaada bal'aafi bilchaataa ta'e walii walii isaani giduutti marii geggeeffameenodeeffannoo argachuun danda'ameera. Kana malees, yaada marii kana keessatti dhihaaterratti hundaa'uun yaada irraanfatame, irra utaalameefi haaraa illee argachuun waan danda'ameef, dhimmi kan itti bahamedha. Kana ilaalchisee Kothari, (2004:98) yoo ibsu, akkas jedhee kaa'a; "Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent and it focused the attention of a participant on a particular topic."

Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, isa namni tokko beeku inni tokko hin beeku, kan tokko dagate, inni biroo itti dabaluu danda'a. Kanaafuu, odeeffannoo gahaafi amansiisaa ta'e argachuuf tola.Kun immoo, qorataan odeeffannoo kennamu dhaggeeffatee yaadannoo qabachuufis ta'e, sagalee waraabbachuuf salphata.Kanumarratti hundaa'ee iddattoowwan filaman garee saditti qooduun tokkoon tokkoon miseensa namoota torba (7) qabuun mariin erga taasifamee booda qorataan ragaa funaannate qaaccesseera.

### 3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Mata duree kana jalatti gosti qorannoo kanaa maal akka ta'eefi mala akkamiin akka qaacceffametu dhiyaate. Haaluma kanaan gosti qorannoo kanaa qorannoo ibsaa (descriptive) yommuu ta'u, malli qaaccessa ragaalee filatamee hojiirra oole immoo mala akkamtaadha.

Akka Addunyaan, (2011:10-13) ibsutti, malli qaaccessa qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan "Maaliif? Akkamitti?'' jedhaniif deebii laachuuf kan carraaquufi dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan kan ibsudha.

Solomon (2004:3) ogeessota qorannoo kanneen ta'an Preisslefi Diana (1991) eeruudhaan waa'ee haala dhiyeenyaa yoo ibsu "Qualitative research approach is defined as category of research design or model which elicits verbal, visual, tactile, olifactory and gustatory data" jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti, akkamtaan wixinee qorannoon itti qaacceffamu yoo ta'u odeeffannoo kan argatus miira adda addaa fayyadamuudhaanidha.

Ragaaleen qorannoo kanaaf funaanamanis tooftaalee garaagaraatiin mala qoqqooddiifi irra deddeebiidhaan qaacceffamaniikan dhiyaatanidha. Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu erga funaanamee boodas bakka adda addaatti qoqqoodamuun ibsamaniiru. Yeroo qoqqoodamus bifa tokko qofaan osoo hintaane bifa garaa garaatiin ilaalamuun kan qoqqoodamanidha. Odeeffannoowwan bargaaffii, afgaaffii, daawwannaafi marii gareetiin funaanaman kunneen akkaataa walfakkeenya isaanitiin walitti guuramanii akka ibsaman taasifameera.Ibsi itti kenname kunis haaluma namoonni odeeffannoo kennaniin sababa isaanii waliin taa'eera.

### 3.7. Sakkoo /Naamusa/ Qorannichaa

Hojii qorannoo keessatti naamusni qorannoo gahee guddaa qaba. Neuman, (2007:5) akka barreessetti, seeraafi naamusa karaa seera qabeessaan eeguun qorataan icciitii irraa qoratu eeguufi hawaasa isaa qoratu kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisu ta'uu ibsa. Kunis, qorannoo geggeeffamu keessatti icciitii hawaasichaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaaf akka oolu gochuu keessatti qooda guddaa qaba.

Kanaafuu, qorataan ragaa kennitootaaf ofibsuufi xalayaa seeraa qorannichaa akka gaggeessuuf kennameef qabachuun barbaachisaadha.Kana malees, aadaa, duudhaafi safuu hawaasa naannoofi odeefkennitootaa kabajuufi eeguun dirqama qorataati. Kanaaf, qorataanis bifuma naamusa

armaan olitti eerame kana hordofuun naannoo qorannichi itti adeemsifameetti argamuun qorannoo kana kan galmaan ga'edha.

### 3.8. Muuxannoo Dirree

Qorannoon dirree kan qorataan/ttuun tokko iddoo qorannichi itti adeemsifamu dhaquudhaan qorannoo kan gaggeessu/ssitudha. Adeemsi kunis, kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta'u irraa argamu (namoota, fakkii, hambaa, aadaa hawaasichaa, siidaawwaniifi kkf) bira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu sassaabuuf fayyada. Haaluma kanaan, qorataanis mana barumsaa qorannoon kun irratti gaggeeeffame qaamaan deemuun kan daawwatedha.

Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan kan walitti qabaman adeemsa adda addaa keessa darbuudhaan. Jalqaba qorataan odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwan nagargaaru jedhe filateera. Itti aansuunis, malleen kanaaf kan barbaachisan gaaffiilee afgaaffiif ta'an qopheeffachuun namoota mala iddattoo akkayyoo afgaaffiif filataman fedha isaanii ta'uun erga gaafatamee gaaffilee kana tokko tokkoon itti fufuun sagaleen isaanii waraabamaafi suuraallee ka'aa akka jiranis itti himamamee waraabbachuun ykn suuraa kaasuun dhumarra akka qaacceffamu taasifameera. Kan bargaaffiis dura qaamota dhimmi ilaallatuuf qajeelfamni erga kennameefii booda odeeffannoo barbaachisu ofeggaannoon akka guutan taasifameera. Odeeffannnoon argame kunis dhumarra akka qaacceffamu ta'eera. Akkasumas, iddattoo akkayyoo (itti yaadeen) warri daawwannaaf filatamanis, erga fedha isaanii ta'uun hubatamee booda daree barnootaa seenuun daawwannaan gaggeeffameera. Odeeffannoon daawwannaarraa argames xiinxalamuun qaacceffameera.

Dhimmi waraabbiin walqabates qorataan osoo gara waraabbiitti hindeemiin dura fedha isaanii ta'uun erga eeyyamsiifameen booda waraabbiin gaggeeffameera. Gama suura tokko tokko achi keessa jiraniitiin wal qabatees namoonni dhuunfaan suurri isaanii qorannicha keessatti hammataman eeyyama isaaniitiin akka kaafaman taasifameera. Hojiiwwan aloolaa booddee ragaaawwan viidiyoofi kaameeraan waraabaman dhageeffachuufi ilaaluun barreeffamatti jijjiiruun, ragaaalee wal fakkaatan iddoo tokkotti gurmeessuufi qoqqoodamuun qaacceffamaniiru.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti, faayidaa hiibboon Oromoo guddina ijoollee qabu ilaalchisee odeeffannoowwan barsiisotaafi barattoota irraa karaa afgaaffii, bargaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannaatiin walitti qabamantu wal duraa duubaan qaacceffamee jira. Xiyyeeffannoon waraqaa kanaas, “Qaaccessa Faayidaa Hiibboon Oromoo Guddina Ijoolleetiif Qabu: Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa Tokkoffaa Magaalaa Shinoo Kutaa 5-8” kan jedhudha.

## 4.1. Adeemsa, Seera, Yoomessaafi Hirmaattota Hibboo

Afoolli kamiyyuu faayidaa maaliif akka oolu, adeemsaafi seera maal maal hordofuu akka qabullee kan ofkeessatti hammatudha. Kanuma ilaalchisee hibboonis damee fookloorii keessaa isa tokko yoo ta’u, adeemsa ittiin raawwatamuufi seera mataa isaa qabaachuu bira darbee yeroofi iddoo itti taphatamu kan mataa ofii kan qabudha. Kanuma bu’uureffachuun hiibboonis faayidaa gara garaatiif kan ooluufi yoomessa mataa isaa kan qabudha.

### 4.1.1. Faayidaa Adeemsi Hibboo Ittiin Raawwatamu Daa’immaniif Kennu

Ijoolleen yeroo hibboo hibbifatan adeemsa keessa darban qabu. Kanaaf, ijoolleen adeemsa hibboon keessa darbu irraa hir’isuu waan danda’aniif, ijoolleen achi keessatti wal hordofaafi wal qajeelchaa kan deemanidha.

Qorataan adeemsa raawwii hibboo ilaalchisee Barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifameen, odeefkennitoonni adeemsa hibboon ittiin raawwatamu ilaalchisee, yaanni bal’aa qorataaf kennamee jira. Kunis, hibboon adeemsa ittiin raawwatamu kan qabuufi yeroo itti raawwatamu kan qabudha. Kanas ijoolleen jalqabumayyuu maatii isaaniirraa dursanii hibboo baratanii waan dhufaniif, mana barnootaa keessa gaafa dhufan waanti isaan danqu kan hinjirredha. Ijoolleen kunniinis gaafa mana barumsaa dhufan adeemsa kana hordofaa hibboo akka taphataniifi kana keessatti ammoo ijoolleen kun waan baay’ee walirraa barachaafi waan haaraa gonfachaa akka deeman kaasanii jiru. Adeemsa kana keessatti gaafataan ‘hibboo’ yeroo jedhu, gaafatamaan ammoo hibib/hibbakka jechuun jalaa qaba. Kana booddees gaafataan gaafatamaadhaaf gaaffii dhiyeessaaf. Sana booda gaafatamaanis gaafficharratti hundaa’uun nansoqadha; nanqoradha jechuun eeyyamsiifata. Gaafataanis

soqachuus, qorachuus nidandeessa jedhaan. Sana booda taphichi akka itti fufu ta'a jechuun adeemsa tapha hibboo bifa armaan gadiitiin qorataaf odeeffannoo laatanii jiru.

Adeemsa hibboo kana keessatti gaafatamaan gaaffii gaafatameef deebii argachuuf kan soqatuufi kan qoratu yoo ta'u, gaafataan ammoo gaafatamaan deebii sana akka argatuuf kallattii itti agarsiisa. Kana keessatti wanti gaafatame sun ala galamoo mana gala? Tuqan xiixaa? Muran dhiigaa? Baala nyaatamoo midhaan nyaataafi kkf. jechuun gaafatamaan yeroo gaafatu, gaafataan ammoo wanta deebichatti dhiyaatu gaafatamaatti himuun deebicha akka argatuuf daandii itti agarsiisa jechuudha. Gaafatamaan deebii kan wallaalu yoo ta'e, lafa, biyyaafi kkf. kennuun dirqama waan ta'eef, kennaa sana gaafataaf kennuun akka hinarrabsamneef jalaa bahuuf yaalii godha. Haata'u malee, gaafataanis akka hinarrabsine maganfamus cal jedheetuma laficha fudhata otoo hintaane, lallaaffiseetuma jalqabuun arrabsuu itti fufa…dhumarrattis 'hundee migiraa aniifi ati fira' jechuun deebii sana itti hima jechuudha. Egaa adeemsa kana keessa darbuun waanuma hinhafnedha. Ijoolleenis kun ta'uun isaa akka dirqamaatti waan beekaniif, kanarratti kan ofqopheessan ta'a. Arrabsoo sana jalaa bahuufis jecha deebii sana argachuuf sammuun isaanii waan hedduu xiinxaluun akka gadi fageenyaan deebii sana barbaadanii bira gahan isaan taasisa. Kun ammoo ijoolleen sun daran sammuu isaanii akka cimsataniifi bilchina horatan kan isaan taasisudha jechuun yaada isaanii itti dabaluun kaasaniiru.

Qorataanis, ragaa odeefkennitootarraa argate bu'uura godhachuun adeemsa raawwii hibboo karaa afgaaffii barsiisotarraa argate kana akka armaan gadiitti qaaccessee jira.

Gaafataa:  Hibboo
Gaafatamaa: Hibbakka/hibib
Gaafataa: Citaa gamaa balballi isaa lama.
Gaafatamaa: Nansoqadha; nanqoradha.
Gaafataa: Soqadhu; qoradhu.
Gaafatamaa: Ala galamoo mana gala?
Gaafataa: Mana gala.
Gaafatamaa: Tuqan xiixaa? Muran dhiigaa?
Gaafataa: Tuqan hin xiixu; muran nidhiiga.
Gaafatamaa: Midhaan moo baala soorata?
Gaafataa: Midhaanis hinsooratu; baalas hinsooratu.
Gaafatamaa: Mukarra gala moo lafarra gala?
Gaafataa: Lafa gala jechuun gaafataan gaafatamaan akka kallattii inni ittiin deebii argachuu danda'u karaa saaqaaf jechuudha. Kanaaf, gaafatamaan deebii nita'a jedhee kan yaadu erga tilmaamee booda, yoo kan argatu ta'e, dabaree isaa gaafataa ta'a. Hin arganne yoo ta'e immoo

kennaalee gara garaa kanneen akka lafa, biyyaafi magaalaa gaafataaf kenna. Gaafataanis akka armaan gadii kana jechuun arrabsoo isaa itti fufa.

Gara koo shittoo
Gara kee cittoo
Gama koo xaaxessaa
Gama kee raatessaa
Handaqii ciccittuu
Lafti siinaa cittu
Eelee jala lo'ii,
Garaadhaa dhodho'i.
Itilleerra ciisii,
Albaatii gadhiisi jechuun arrabsa.

Gaafatamaan sun deebii yoo wallaale lafumaa ka'eetu arrabsama otoo hintaane, jalaa bahuuf ykn jalaa miliquuf "Qola Maaram jala seene yookiin dammaan afaan siqabe" jedha. Kana jechuun ammoo gaafatamaan, gaafataadhaan akka hinarrabsamneef jecha kan adaramudha. Gaafataanis, gaafatamaa akkana jechuun arrabsoo isaa itti fufa.

Qola Maaram jalaa sibute,
Mo'oo eegee sikute.
Laga keessa kaadhu,
Shaggar bahii madabii buufadhu,
Kun fooni jedhii, nadaay cuffadhu.
Bututtuu abbaa marii,
Du'atti afaan bani.
Re'ee gaafa muxxee,
Ekeraan sibutte.
Re'ee gaafa saalaa,
Ekeraan siwaama.
Hojjattee hinnyaatiin, kajeellaa malee,
Ol jettee hindeemiin, gugguufuu malee.
Fardillee hindannabsuu,
Kana caala sin arrabsu,
Waraabessi sihaa qarxamsu.
Hundee migiraa,
Aniifi ati firaa.

Jechuudhaan gaafataan erga arrabseen booda deebii gaafatamaatti hima. Kunis, ijoollee keessatti xiiqiifi onnee hagana hinjedhamne uummuun akka ijoolleen onnatanii hibboorratti hirmaannaa olaanaa gochuun akka isaan taphataniif kan fayyadudha. Karaa biraatiin ammoo ijoolleen walaloo kanatti fayyadamanii yoo walarrabsan dandeettii afaaniin walaloo dhiyeessuu, dandeettii

waa yaadachuu, ija jabina akka horatan, mirgaafi dirqama, itti gaafatamummaa fudhachuufi kanneen kana fakkaatan barachaa akka isaan guddataniif kan isaan fayyadudha.

Karaa biraatiin qorataan, adeemsa raawwii hibboo kanaa ilaalchisee marii garee Caamsaa, 1, 12fi 18/2011 barattoota waliin taasiseen, ijoolleen adeemsa hibboo hordofuun taphachuu isaanii qorataan haalaan mirkaneeffatee jira. Marii garee sana keessatti dandeettiifi beekumsi ijoolleen gama kanaan qaban hanga tokko kan wal buusuufi wal caalu ta'uu isaas, qorataan bira gaheera. Marii garee sanarratti hibboon afur akka fakkeenyaatti fudhatamuun kan taphatame yemmuu ta'u, adeemsi hibboon sun ittiin hordofamee taphatame gaarii kan tureefi baay'ee kan nama bashannansiisudha. Kana keessatti garaa garummaan isaan gidduu ture baay'ee bal'aa kan hinturreefi walitti dhiyeenya kan qaban ture. Haata'u malee, bakka dogoggorri tokko tokko mul'atetti wal qajeelchuun walirraa odeeffannoo bal'aafi beekumsa dabalataa akka argatan marii garee kana irratti qorataan hubateera.

Qorataanis gama isaatiin ijoolleen adeemsa kana hordofanii taphachuun baay'ee gaarii ta'uufi taphni hibboo kunis, dandeettii isaanii kana gama garaa garaatiin isaan cimsuu akka danda'uufi wantoota naannoo isaaniitti argaman bal'isanii akka xiinxalaniif gahee hibboon qabu olaanaa ta'uu isaa qorataan dabalataan ijoollee kana hubachiisee jira.

Daawwannaa daree Caamsaa 2, 9fi 19/2011 taasifames kanuma kan utubudha. Barattoonni daree keessatti yeroo barsiisaan isaanii isaan barsiisaa turetti, hibboo gara garaa fakkeenya fudhachuun adeemsa hibboo eeguun waliif hibbifachuu isaanii daawwannaa kanarraa hubatameera. Hata'u malee, hubannoon barattootaa adeemsa hibboo eeganii hibbifachuurratti walqixa hinturre. Hata'u malee, bakka barattoonni kunniin dogoggoranitti barsiisaan irra deemuun barattoonni sun seera hibboo hordofanii tapha hibboo akka gaggeessan isaan qajeelchaa, akka ture daawwannaa kanarraa hubatameera. Kunis, qorataan yaadannoo qopheessuun dursa barattoonni akka baratan ta'e. Sana keessatti barattoonni ammam adeemsa hibboo hordofanii akka taphatantu daawwatame.

Walumaagalatti, qorataan odeeffannoo argaterratti hundaa'uun adeemsa hibboo hordofanii taphachuun ijoolleef faayidaa olaanaa akka qabu hubachuu danda'ee jira. Adeemsa kana keessatti akka tasaa ta'ee gaafatamaan deebiin hibboo gaafatamee yemmuu inni qoratu kan alatti galuun mana gala jettee akkan dogoggoru na taasifte jechuun ittiin falmuun amansiisa malee, cal

jedheetuma mo'amuu isaa hinfudhatu. Kun ammoo ijoolleen sun adeemsa hibboo sana hordofaa taphachuu qofa otoo hintaane, wantoota taphicha keessatti ka'an xiinxaluufi danddeettii isaanii daran akka cimsataniif gumaacha olaanaa taasisa. Kanaaf, ijoolleen ijoollummaa isaaniirraa eegalanii hibboo kanaan qaramaa guddatu waan ta'eef, muuxannoo duraan qabanitti fayyadamuun taateewwan isaan qunname keessa bahuu danda'u. Kanamalees, adeemsa waan tokkoo hubachuu bira darbanii bu'aa wanti sun kennutti fayyadamoo ta'uufi beekumsa qaban daran akka cimsataniif isaan gargaara.

### 4.1.2 Gumaacha Seerri Hibboo Ijoolleef Qabu

Hibboon seera ittiin dhiyaatuufi ittiin taphatamu kan mataa isaatii qaba. Hibboon seeraan kan deeggaramu yoo ta'e, hibboon sun haalaan qajeelfama sana hordofee kan raawwatamu ta'a. Ijoolleefis  faayidaa gama kanaan gumaachuu qabu gumaacha kan taasisudha.

Afgaaffii Barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifameen, odeefkennitoonni seera hibboon ittiin raawwatamu ilaalchisee, odeeffannoo qorataaf kennanii jiru. Kunis, hibboon seera ittiin adeemsifamu kan mataa isaa kan qabudha. Yeroo adeemsi hibboo hordofamee taphatamu, seerri hibboos bifuma sanaan walqabsiifamee hordofaa kan deemamu ta'uu isaa kaasu. Kunis, ijoolleen yeroo hibboo taphatan gaafataafi gaafatamaa ta'uun kan adeemsisanidha. Gaafataan gaafatamaa irratti mirga guutuu waan qabuuf, gaafatamaan waan gaafataan jedhe fudhachuu qaba. Maaliif yoo jedhame, gaafataadhaaf seera hibbootu akka eeyyamuuf godhe jechuudha. Fakkeenyaaf, gaafataan yoo deebii wallaale lafa, magaalaafi biyya akka kennuuf gochuu, yoo barbaade ammoo jijjiirsifachuu, hanga inni adarutti arrabsoon kan itti fufu ta'uufi kkf. seera hibbootu gaafataadhaaf mirga guutuu kenneef jechuudha. Seera kanaan ala ta'uunis tasumaa kan hindanda'ame ta'uu isaa qorataaf yaada laataniiru.

Qorataanis, ragaa odeefkennitootarraa argate bu'uura godhachuun hibboon seera mataa isaa akka qabu hubachuu danda'ee jira. Seera kanas akkaataa armaan gadiitiin qaaccessee jira.

- ✓ Hibboon qaama gaafatuufi gaafatamu qabaachuu qaba.
- ✓ Qaamni gaafatu sun 'hibboo' jedhee yeroo gaafatu kan gaafatamu sun ammoo hibib yookiin 'hibbakka' jechuun jalaa qaba.
- ✓ Kunis, deebii hibboo sanaa deebisuudhaaf qophaa'aa ta'uu kan agarsiisudha.

- ✓ Deebiin sirrii yoo kan deeb'e ta'e taphichi kan itti fufu ta'a.
- ✓ Gaafatamaan deebii hibboo sanaa yoo wallaale gaafataadhaaf kennaalee addaa addaa kan akka biyyaa, magaalaa, lafaafi kkf. Kennuufii qaba.
- ✓ Gaafataan kennaalee kennameef sana diduufis fudhachuufis mirga qaba; jijjiirsifachuudhaafis, akkasumas, kennaa erga fudhatee booda abaaruudhaafis mirga guutuu qaba.
- ✓ Gaafatamaan ammoo abaarsa sana jalaa bahuudhaaf maganfachuudhaan yookiin adaruudhaan akka hinarrabsamneef kadhata.
- ✓ Gaafataanis abaarsa dhiisee lafa kennameef sana fudhachuun faarsuu eegala.
- ✓ Tapha hibboo keessatti amma barbaade arrabsoon yoo baay'ateyyuu, haaloo ykn xiiqii walitti qabachuun gonkumaa kan hinjirredha.

Dabalataanis, qorataan barattoonni seera hibboo eeganii taphachuu ilaalchisee marii garee Caamsaa, 1,12fi 18/2011 barattoota waliin taasisee jira. Kanumaanis, daa'imman seera hibboon ittiin raawwatamu haaluma maatii isaaniirraa muuxannoo fudhatanii dhufaniin tapha hibboo sana keessatti fayyadamuuf yaalii godhanii jiru.Kanaanis hubannoon barattoonni hibboorratti qaban gargar haata'yyuu malee, amma tokko kan walitti dhiyaatudha. Tapha hibboo kana keessatti gaafataan lafa/ gabaa/ biyya kan kennameef sana didee kan fedhii isaa filatee fudhachuuf mirga kan qabu ta'uu isaafi gaafatamaanis lafa ykn biyya harkatti tuffatame sana jijjiiruun dirqama isaa ta'uu, amma fedhe dallanus, obsa horachuun jala darbuu qaba. Sababni isaas, seera hibbootu eeyyama waan ta'eef; seera kanaaf bitamuun ammoo dirqama ta'uu isaa kaasaniiru. Bifa kanaanis obsa bal'aa horachaa akka deemaniif marii sanarratti walhubachiisaniiru.

Bifuma walfakkaatuun, gaafatamaanis aangoo qabutti fayyadamuun seericha kabajuun wanta gaafataadhaan ajajamu hunda kan raawwatu ta'a. Fakkeenyaaf, biyya jijjiiruun dirqama isaa yoo ta'eyyuu, akka hinarrabsamneef adaruu, yoo deebii sana deebise ammoo gaafataa ta'uun mirga seerri hibboo isaaf kennedha. Haala kana keessatti ijoolleen ijoollummaa isaaniirraa kaasanii obsa bal'aa barachuun seera hibbootiif bitamaa guddatu. Dabalataanis, seera hibboo qofa osoo hintaane, seera maatii isaanii gidduutti bahu, seera bulchiinsa mana barnootaatiin bahu, seera sadarkaa biyyaatti bahullee beekuu bira darbanii akka kabajaniifi bitaman akka isaan taasisu marii garee kanarraa hubatameera.

Bifuma wal fakkaatuun, bargaaffii Ebla, 20/2011 taasifameen, taphni hibboo namoota lama gidduutti kan gaggeeffamuufi bifa gaaffiifi deebiitiin kan adeemsifamu ta'uu ibsaniiru. Kana jechuunis, qaama gaafatuufi gaafatamu kan ofkeessaa qabu ta'uu isaa mul'isa. Kanaaf, qaamni gaafatu 'hibboo' jechuun yemmuu gaafatu, kan gaafatamu ammoo 'hibbakka' jechuun jalaa qaba. Kun immoo kan agarsiisu gaafatamaan deebicha deebisuuf qophii ta'uu isaa kan agarsiisudha. Kana keessatti deebiin sirrii yoo kenname taphichi kan itti fufu ta'a. Garuu, deebiin gaafatamaan kenne sirrii yoo ta'uu baate, kennaawwan adda addaa gaafataadhaaf kenna. Gaafataanis kennaa kennameef kanallee, yoo itti tole fudhachuufi yoo itti toluu baate jijjiiirsifachuuf mirga guutuu akka qabu, kanamalees, deebiin sirrii yoo deebi'uu baate gaafatamaan kan arrabsamu ta'uu isaa bargaaffii kana keessatti kaasaniiru.

### 4.1.3 Yoomessaafi Hirmaattota Hibboo

Hibbboon yoomiifi eessatti akka taphatamu kan mataa isaa niqaba. Kanaaf, yoomessi iddoo murtaawaa keessatti kan gaggeeffamudha. Hibboon yeroofi bakka itti taphatamu kan qabu ta'ee, bifa gaaffiifi deebiitiin kan dhiyaatudha. Karaa biraatiin ammoo hibboon yeroo baay'ee bakka miseensi maatii mana tokkotti waliin galaniifi walitti qabamanitti galgala galgala bakka miseensi maatii sun walitti qabamanitti waarii kan taphatamu waan ta'eef, gareedhaan bifa ho'aa ta'een kan gaggeeffamudha. Kanamalees, hirmaattonni bifa ho'aa ta'een irratti hirmaatu.

Afgaaffii barattootaa Ebla, 27, 30fi Caamsaa, 6, 13, 16, 21, 24fi 28/2011 taasifameen, yoomessa hibboo ilaalchisee, hibboon hawaasa keessatti bakka miseensi maatii warra tokkoo walitti qabamanii jiranitti galgala galgala akka taphatamu kaasu. Sababni galgala taphatamuufis, miseensonni maatii sanaa hunduu guyyaa hojiiwwan gara garaa irratti waan bobba'aniifi ijoolleen kunniinis akkasuma gahee hojii isaaniif kennamerra waan oolaniif, galgala yeroo walgahan sammuu guyyaa hojiidhaan dadhabe sana ittiin bohaarsuufi ittiin boqochiisuuf hibboo garagaraa wal gaafatu. Karaa biraatiin, hibboon guyyaa yoo taphatame ijoolleen hojii isaaniif kenname sana hibbootti qabamanii akka hindaganneefi yeroo isaanii akka hinqisaasessineef jecha galgala galgala kan raawwatamudha. Maatiin ijoollees hibboon guyyaa yoo taphatame "Gaafatu namatti ba'a" jechuun ijoollee sana akeekkachiisu. Kun ammoo dhuguma gaafatu namatti biqila osoo hintaane, ijoolleen hibboodhaan qabamanii horiifi bushaayee midhaan, kaloofi biqiltuu namootaa akka hinnyaachifneefi mana barnootaarraallee akka hinhafneef jecha yaadameetu jedhu. Dabalataanis, hibboon galgala kan taphatamuuf, ijoolleen irbaata isaanii otoo

hinnyaatiin akka gara irribaa hindeemneefi hibbootti qabamanii beela akka irraanfataniif ittiin tursiisuuf akka ta'e yaada isaanii qorataaf kennanii jiru.

Barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifameenis, yaaduma afgaaffii barattootaa irratti ka'een kan wal fakkaatu kaasu. Kanaaf, yoomessa hibboo ilaalchisee, galgala galgala ijoolleen yeroo boqonnaa isaanii sammuu hojiidhaan dadhabe ittiin bashannansiisuufi waan haaraallee akka walirraa barachaa deemaniif, miseensonni maatii ijoolleen galgala akka isaan hibboo hibbifatan taasisu. Galgala kan filatameefis, ijoolleen guyyaa hojii gara garaarra waan oolaniif, sana keessa ammoo hibbootti qabamanii badii gara garaa akka hin dalagneef galgala galgala filatame jechuun qorataaf yaada isaanii laataniiru. Karaa biraatiin ammoo, hirmaattota hibboo ilaalchisee: (B/stuu Dinqinash Geexee)

> *Miseensi maatii warra tokkoo galgala ibidda biratti bakka walitti qabamanii jiranitti gareedhaan taphni hibboo kan gaggeeffamu ta'uu ibsu. Tapha hibboorrattis baay'inaan kan hirmaatan daa'imman yoo ta'aniyyuu, ga'eessonnillee daa'imman sana qajeelchuuf kan irratti* hirmaatanidha*. Kunis, daa'imman miira ho'aadhaan akka taphataniif isaan gargaara. Kun ammoo, daa'imman maatiirraayyis ta'ee, walirraa waan haaraafi kan beekanillee yoo dagatan ittiin yaadachaa, yoo dogoggoran ammoo sirreeffachaa akka deemaniif isaan gargaara* jechuun kaasu.

Dhumarrattis, bargaaffii Ebla, 20/2011 barattoota kutaa 5-8 barataniif taasifameen ragaan odeefkennitoota irraa argame akka ibsutti, hibboon bakka miseensonni maatii walitti qabamanii jiranitti galgala galgala akka adeemsifamu ta'uu ragaa argamerraa hubatameera.

Qorataanis, odeeffannoo odeefkennitootarraa argate bu'uura godhachuun hibboon guyyaa akka hin taphatamne hubatee jira. Hibboon guyyaa yoo taphatame 'bulguutu nama nyaata' jedhama. Kunis, kan agarsiisu, taphni hibboo galgala taphatamuu isaati. Ijoolleen yoo guyyaa hibboo taphatan bulguutu isaan nyaata sababni jedhameefis, dhuguma bulguutu itti bahee nyaata osoo hin taane, ijoolleen akka sodaataniif tooftaa maatiin itti gargaaramanidha. Kanaaf, akkuma olitti ka'e ijoolleen yoo guyyaa hibboo taphatan tapha sanaan qabamanii dalagaa itti kenname sana itti gaafatamummaa isaanii akka hinbaane waan taasisuuf yaadameeti. Fakkeenyaaf, ijoolleen horii tiksuuf baatee sababa hibbootti horiin sun jalaa baduun midhaan namaa dheeduu, bineensi gara garaa horiifi bushaayee nyaachuu waan danda'uuf, badii akkanaa kana akka hinuumneef jecha hibboon guyyaa yoo taphatame 'bulguutu nama nyaata, gaafatu namatti ba'afi eegeetu namatti biqila' jechuudhaan ijoolleen akka sodaatan taasisu. Karaa biraatiinis, sammuu guyyaa

hojiidhaan qabamee oole bashannansiisuufi ijoolleenis otoo irbaata isaanii hinnyaanne akka hinrafneef jecha ittiin tursiisuuf kan taasifamudha.

Hirmaattota hibboo ilaalchisee, hibboon bifa gaaffiifi deebiitiin kan taphatamudha. Haala kana keessatti tokko gaafataa yoo ta'u, inni tokko ammoo gaafatamaa ta'a. Dabalataanis, jara lamaan malee hirmaattonni biroo jiraachuu danda'u. Kunis, taphni hibboo gareedhaan raawwatamuu isaa kan agarsiisudha. Yeroo baay'ees taphicharratti kan hirmaatan ijoolleedha. Irra jireessaan hibboon kan raawwatamu miseensi maatii warra tokkoo bakka walitti qabamanii jiranitti galgala galgala yeroo boqonnaa isaanii bakka namoonni hedduu walitti qabamanitti waarii kan taphatamu waan ta'eef, gareedhaan bifa ho'aan kan gaggeeffamudha. Kana keessatti hirmaannaan ho'aas nitaasifama. Kun ammoo maatiin ijoollees keessatti hirmaachuun wantoota ijoolleen dogoggoran qajeelchuuf, kan isaan wallaalan ibsa dabalataa laachuun barsiisuu, adeemsa tapha hibboos ta'ee, seera tapha hibboo irrattis dogoggorri yoo jiraate qajeelchuun sirreessu. Bifa kanaanis, ijoolleen maatii isaaniirraa carraa beekumsa gara garaa akka argataniif karaa saaqa. Kun ammoo beekumsa haaraa argachuu bira darbee, beekumsiifi hubannoon isaanii daran akka cimuuf isaan gargaara.

## 4.2 Faayidaa Hibboon Ijoolleef Kennu

Hibboon faayidaawwan hedduu akka qabu boqonnaa lammaffaa keessatti bal'inaan ka'ee jira. Dabalataanis, odeeffannoowwan barsiisotaafi barattoota irraa argame yaada hayyootaatiin deeggaramuun wal duraa duubaan qaacceffamuun dhiyaatee jira.

Barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifameenis, hibboon faayidaa hedduu akka kennu kaasu. Keessumaayyuu, dandeettiiwwan arfan afaanii gabbisuu keessatti iddoo olaanaa akka qabu kaasu. Dandeettiiwwan arfan afaanii kanneen keessaas dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee gabbisuu keessatti iddoo olaanaa akka qabu kaasu. Hibboon yeroo taphatamu bifa gaaffiifi deebiitiin kan gaggeeffamu waan ta'eefi ijoolleenis yeroo hibboo waliin hibbifatan tokko gaafataa yeroo ta'u, inni tokko ammoo gaafatamaa ta'a. Kana keessatti gaaffiifi deebii yeroo waliin taasisan tokko nigaafataa tokko ammoo nidhaggeeffata. Kana keessatti ijoolleen irra deddeebiin hibboo waan wal gaafataniif, inni dura gaafataa ture deebi'ee gaafatamaa waan ta'uufi inni dura gaafatamaa ta'e sun ammoo

deebi'ee gaafataa waan ta'uuf, ijoolleen kunniin altokkotti dandeettiiwwan arfan afaanii keessaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii kan gabbifatan ta'uu qorataaf yaada isaanii kennanii jiru.

Karaa biraatiinis, ijoolleen naannoo isaanii akka baran taasisuu, wanta naannoo isaaniitti argamu akka sakatta'an gochuufi wantoota naannoo isaanii keessatti argaman salphaatti akka adda baafataniif kan isaan gargaarudha. Kanamalees, sammuun isaanii akka bal'isee yaadu isaan taasisuu keessatti gahee olaanaa kan qabudha. Dabalataanis, tapha hibboo keessatti gaafatamaan sirriitti dhaggeeffatee gaaffii gaafatme deebisuuf yaalii godha. Adeemsa kana keessa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii cimsachaa deemu. Gama biraatiin, hibboon bifa gaaffiifi deebiitiin waan gaggeeffamuuf ijoolleen bashannanaa barachuu danda'u.

Kunis, ijoolleen deebii hibboo sanaa argachuuf jecha wantoota naannoo isaaniitti argamu wal bira qabuun akka wal madaalchisan godha. Kunis, naannoo isaaniitiin wal barsiisuu bira darbee wantoota naannoo isaanii keessatti argaman akka isaan beekan taasisa. Kanamalees, hibboon gaafataafi gaafatamaa waan qabuuf, wal caqasuutu achi keessa jira. Bifa kanaanis, dandeettiiwwan afaanii keessaa dhaggeeffachuufi dubbachuu akka gabbifatan isaan taasisa.

Bargaaffii barattootaaf Ebla, 20/2011 gaaffiin banaa taasifamee tureen faayidaan hibboo inni jalqabaa bashannansiisuuf haa taphatamuyyuu malee, faayidaa hibboon qabu hedduudha. Keessumaa dandeettiiwwan arfan afaanii keessatti faayidaa olaanaa akka isaaniif kennu kaasanii jiru. Keessumaa dandeettii arfan afaanii keessaa dandeettii dhaggeeffachuufi dandeettii dubbachuu isaanii daran akka cimsuu danda'u kaasuun ibsaniiru. Hibboon maatii keenya keessatti bifa gaaffiifi deebiitiin waan raawwatamuuf, kana keessatti adeemsa hibboon ittiin raawwatamu hordofuun dirqama ta'a jechuudha. Ijoolleen waan gaafataman haalaan dhaggeeffatnii deebii waan itti kennaniif, waan gaafataman sana haalaan dhaggeeffatu. Karaa biraatiinis, hibboon tokko ergaa mataa isaa waan qabuufi ergaa inni dabarsu bira gahuufi qeequufillee gadi fageenyaan dhaggeeffachuun ergaa hibboo sanaa hubachuun barbaachisaadha. Yeroo kana ammoo dandeettiin dhaggeeffachuu keenyaafi dubbachuu keenyaa daran akka cimu ta'a jechuun deebii kennaniiru. Dabalataanis, hibboon ijoollee wantoota haaraa isaan hinbeekne tokko waliin akka wal barsiisullee nihubanna. Kanamalees, hibboon bashannansiisaa akka isaan barsiisuu danda'u yaada kennamerraa hubachuun danda'amee jira.

Yaada armaan olitti kenname kana yaada hayyootaatiin deeggaruuf, yaada hayyuu armaan gadii ilaaluun nidanda'ama. Hibboon faayidaa hedduu akka qabu, boqonnaa lama keessatti yaanni hayyuu (Awedoba, 2000: 67) irratti bal'inaan ibsameetu jira.

Ragaa odeefkennitootarraa argameefi yaada hayyootaa ka'umsa godhachuun, faayidaa hibboon qabu hedduu akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Hibboon gooroowwan fookloorii keessaa isa tokko yemmuu ta'u, bifa gaaffiifi deebiitiin kan gaggeeffamudha. Kunis, garee namoota lama, gaafataafi gaafatamaa gidduutti kan gaggeeffamudha. Adeemsa kana keessatti ijoolleen gaaffii gaafataman sana deebisuuf jecha wantoota naannoo isaaniitti argaman walbira qabuu, walitti fiduufi walmadaalchisuun bal'isanii akka yaadan taasisa. Fakkeenyaaf, hibboo **"Dhahee si albaase"** jedhu deebisuudhaaf wantoota naannoo isaanii keessatti argamu barbaadu. Kun ammoo wantoota gara garaa akka isaan sakatta'aniifi xiinxalan isaan taasisa. Kanamalees, hibboon dandeettiiwwan arfan afaanii karaa gara garaatiin akka hubataniif karaa saaqaaf. Wantoota haaraa duraan hinbeekneefi kan dagatanillee ittiin yaadachaafi bashannanaa otoo hindhiphatiin akkuma salphaatti akka baraniifi sammuutti qayyabatan isaan taasisa.

### 4.2.1 Dandeettii Yaadachuu Ijoollee Cimsuu Keessatti

Hibboon dandeettii yaadachuu ijoollee cimsuu keessatti gahee olaanaa kan qabudha. Ijoolleen hibboo irra deddeebiidhaan waan wal gaafataniif, hindagatan. Akkasumas, dandeettiin waa yaaduu isaanii daran akka cimuuf isaan gargaara. Fakkeenyaaf, hibboo **"silaa wajjin nyaannaa maaliif huqqattaa?"** kan jedhu otoo fudhannee, ijoolleen meeshaalee mana keessatti tajaajila gara garaatiif oolan maqaa dhahu. Tarii kan dura otoo beekanii dagatanillee ittiin yaadachuuf hibboon iddoo olaanaa kan qabudha.

Barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifameenis, yaada walfakkaataa qorataaf kennanii jiru. Ijoolleen yeroo hibboo waliin taphatan bashannanaafi sissi'aa'aa waan waliin taphataniif, dandeettiin yaadachuu isaanii daran akka cimu isaan taasisa. Kanamalees, ijoolleen hibboo yeroo wal gaafatanitti, namni gaaffii gaafatamu sun arrabsoo kan arrabsamu waan ta'eef, arrabsoo sana sodaaf jecha dafee akka waa xiinxaluufi yaadatu isa taasisa. Akkaataa kanaan, deebii hibboo isa sirrii amma argatanitti wantoota kanaan dura beekan hunda gara duubaatti deebi'anii yaadachuuf carraaqqii taasisu.

*Ijoolleen gaaffii yeroo wal gaafatan deebii hibboo isa sirrii ta'e argachuuf jecha gara duubaatti deebi'uun wantoota irraanfatan sana yaadachuuf yaalii taasisu. Yaaliin isaan godhan kunis amma deebii hibboo sanaa argatanitti irra deddeebi'anii yaadachuudhaaf yaalii taasisu. Kana keessa ammoo, dandeettiin waa yaadachuu ijoollee akka cimuuf kan kan isaan gargaarudha.*

(B/saa Abdulqaadir Muhaammad)

Bargaaffii Ebla, 20/2011 barattoota kutaa 5-8 barataniif taasifameen ragaan odeefkennitoota irraa argame akka ibsutti, hibboon bashannansiisaa ijoollee akka dafanii waa yaadataniif gahee olaanaa akka qabu kaasu. Akkuma armaan olitti ka'e hibboon bifa gaaffiifi deebiitiin kan raawwatamu waan ta'eef, yeroo waliin taphatan kanatti gammadaafi bashannanaa deebii hibboo sanaa barbaadu. Kana keessatti miirri aariis hinmul'atu. Si'aa'inaan taphni hibboo sun gaggeeffama.Yeroo kanatti ammoo ijoolleen wantoota beekanillee daran kan ittiin cimsataniifi waan dagatan tokkollee kan ittiin yaadatanidha.

Daawwannaa Caamsaa, 2, 9fi 19 taasifameenis hibboon dandeettii yaadachuu ijoollee cimsuu keessatti iddoo olaanaa akka qabu daawwannaa daree kanarraa hubatameera. Daawwannaa kanarraas wanti hubatame barsiisaan daree keessatti hibboo garagaraa fudhachuun barattoonni dandeettii waa yaadachuu isaanii akka gabbifatan taasifameera. Fakkeenyaaf, hibboo **"Shaa jettii, shambaa jettii, harkaan nan tuqiinaa jetti"** jedhu deebiin isaa **'doobbii'** dha. Kun ammoo gosoota mukkeeniifi biqiloota naannoo isaanii duubatti deebi'anii akka yaadataniifi sakatta'an kan isaan taasisudha.  Kana keessatti dandeettiin yaadachuu ijoollee daran akka cimuuf hibboon gahee olaanaa taphata. Wanta hubatan kanas amaaleeffachuun yeroo hundumaa akka yaadatan isaan taasisa.

Faayidaa hibboon dandeettii yaadachuu ijoollee cimsuu keessatti qabu yaanni hayyuu (Awedoba, 2000:41) irratti ka'e boqonnaa lama keessatti bal'inaan waraabamee jira.

### 4.2.2 Hibboon Safuu Hawaasaa Barsiisuu Keessatti

Maatiin ijoollee isaanii hibboo qabata godhachuun safuu hawaasaa barsiisuufi hubachiisuu keessatti qooda olaanaa qabu. Hibbootti fayyadamuun hawaasa keessatti wanta hojjatamuu qabuufi hinqabne ijoollee isaanii nibarsiisu; akkasumas, niakeekkachiisu.

Odeeffannoon karaa afgaaffii, bargaaffii, marii gareefi daawwannaa irraa argame waan wal fakkaatuuf, iddoo tokkotti qaacceffamaniiru. Akka ragaan odeefkennitootarraa argame ibsutti,

hibboo qabateeffachuun safuu hawaasaa barsiisuun akka danda’amu kaasaniiru. Kaayyoon hibboo inni guddaan bashannansiisuu haata’uyyuu malee, bashannansiisuu cinaatti ammoo safuu hawaasaa barsiisuu keessatti hibboon iddoo olaanaa akka qabu hubatameera. Miseensonni maatii sanaa tapha hibboorratti qooda waan fudhataniif, ijoollee isaanii wantoota safuu ta’an nibarsiisu. Kana jechuun ammoo hawaasa sana keessatti maaltu eeyyamamaadha? Maaltummoo dhoowwamaadha? Maaltu kabajaa? Maaltu salphina? Kan jedhu ijoollee hubachiisuun ijoolleen safuu hawaasaa barachaafi hubachuun eegaa akka guddatan maatiin ijoollee isaanii nibarsiisu.Mana barnootaas gaafa dhufan kanuma amaleeffatanii dhufuun barsiisota, bulchiinsa mana barnootaafi hiriyoota isaaniillee hibboo qabata godhachuun sansakaafi safuu walii walii isaanii kan kabajan ta’uu odeeffannoo qorataaf laataniiru.

Qorataanis, yaada odeefkennitootarraa argate bu’uura godhachuun hibboon safuu hawaasaa barsiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu hubatee jira. Fakkeenyaaf, hibboo **“Kan shan dhaabe shantamni hin buqqisu”** jedhu deebiin isaa **‘awwaalcha’**. Awwaalchi immoo hawaasa kam birattiyyuu safuufi kabaja olaanaa qaba. Fakkoommii namni umuriin isaa/ishee darbe/ite ittiin ibsamudha. Kanaaf, safuufi kabaja olaanaa uummata sana biratti qaba jechuudha. Kana waan ta’eef, wantoota hawaasa biratti safuu ta’an akkanaa kana ijoolleen dhaqanii akka itti hinbuuneefi irratti hintaphanne hibboo armaan olii kanaan maatiin kan akeekkachiisanidha. Yaanni odeefkennitootarraa argames kanuma calaqqisiisa. Kanas, karaa kallattiifi alkallattiitiin ergaa maalii akka dabarsu ilaaluun nidanda’ama.

### A. Karaa Kallattii

Hibboon armaan olitti akka fakkeenyaatti fudhatame kun kallattiin ijoollee kan inni hubachiisu, gareen hawaasaa waan tokko waan walii galee ijaaree kaawwate qaamni biroo itti bu’uufi diiguun ulfaataa akka ta’e nutti agarsiisaa.

### B. Karaa Alkallattii

Awwaalchi uummata kam birattiyyuu beekamaa waan ta’eefi kabajamaa waan ta’eef, tuquufi reeffa nama du’ee sana boolla sana keessaa baasanii faayidaa biraaf oolchuun kan hindanda’amne ta’uu isaa kan agarsiisudha. Walumaagalatti, hibboo sababeeffachuun ijoollee safuu hawaasaa karaa kallattiifi alkallattiitiin ittiin barsiisuufi hubachiisuun nidanda’ama.

### 4.2.3 Hibboon Baayina Namoota Ollaa Ofii Jiranii Barsiisuu Keessatti

Hibboon ijoolleen naannoo isaaniifi miseensa maatii ollaafi naannoo isaanii jiraatanii hubachiisuu keessatti iddoo olaanaa kan qabudha. Kunis, qe'ee keessatti dhalatanirraa jalqabee, hanga sadarkaa biyyaatti hibboo daayeeffachuun barachuu danda'u.

Afgaaffii barattootaa Ebla, 27, 30fi Caamsaa, 6, 13, 16, 21, 24fi 28/2011 taasifameen, hibboon baay'ina namoota ollaa ofii jiranii barsiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu qorataaf yaada bal'aa kennaniiru. Hibboon kan gaafatamu kallattii garagaraatiin akka ta'es ibsaniiru. Kunis, hibboon gosa kan qabu ta'ee, bifa gaaffiifi deebiitiin kan gaggeeffamudha. Kanaanis, baay'ina namoota ollaa keenyaa nu barsiisuu keessatti gosa hibboo keessaa gahee olaanaa kan qabu 'hibboontar' kan jedhamu ta'uu isaa odeeffannoo argamerraa hubatameera. Kana keessatti:

Gaafataan: Hibboontar jedhee yoo gaafatu,

Gaafatamaan ammoo: Tar ykn Tee jechuun jalaa qaba. Kana keessatti, miseensa maatii naannoo sana keessa jirantu gaafatama. Miseensi maatii kunniinis jibichaafi raadatti fakkeeffamuun ibsamu. Innis, akkas jechuun gaafatama. "Abbaa warraa, haadha warraa, jibicha lama, raada sadii naaf beeki" jechuun gaafataan gaafatamaa gaafata. Yeroo kana gaafatamaan warra ykn maatii eenyuutu ijoollee dhiiraa lama qabaafi maatii eenyuutu ijoollee dubaraa sadii qaba? Jechuun miseensa maatii naannoo isaanii keessatti argamanii xiinxaluu jalqabu. Bifa kanaan, ijoolleen namoota ollaa isaaniitti argaman ittiin addaan baafachuufi tarii kan dagatanillee yoo ta'e ittiin yaadachuuf daran kan isaan gargaarudha.

Barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifameefi bargaaffiin barattootaa waan wal fakkaatuuf iddoo tokkotti qaacceffameera. Isaanis, hibboon nannoofi hawaasa naannoo ykn ollaa sana jiraatan nama barsiisuu keessatti gaheen inni qabu olaanaa akka ta'e ibsaniiru. Hawaasni keenya ykn maatiin ijoollee kunniin waa'ee barnootaa hinbeekneyyuu, ijoollee isaanii jalqabarratti kan isaan barsiisan waan tokko salphaarraa ka'anii gara walxaxaa ta'etti deemuudhaan ijoollee isaanii barsiisu. Akka naannoo keenyaatti 'hibboo hibib' kan jedhuufi 'hibboontar' kan jedhamutu beekama jechuun deebii kennaniiru. Gosa hibboo kana keessaa ammoo namoota olla ofii jiranii barsiisuu keessatti qooda olaanaa kan qabu 'hibboontar' kan jedhamu ta'uu isaa qorataaf yaada laataniiru.

> *Gosni hibboo kanaa, ijoolleen naannoo isaanii ykn miseensonni maatii ollaa isaanii meeqa akka ta'aniifi koorniyaadhaan dhiiraafi dubartiin addaan baasanii akka beekan isaan taasisa. Tarii maatii naannoo ykn ollaa isaanii jiran kan dagatan yoo ta'ellee, gosa hibboo kanaan kan yaadatan waan ta'eef, iddoo olaanaa kan qabudha. Kanamalees, gosa hibboo kanaan qoyyoboota herreegaa keessaa ida'uullee akka isaan baratan qorataaf deebii kennaniiru.*
>
> (B/stuu Ayinee Fayyeeraa)

Qorataanis, yaada odeefkennitootarraa argate bu'uura godhachuun, hibboon daa'imman naannoo isaaniifi namoota naannoo isaaniitti argaman akka addaan baafataniifi baraniif gahee olaanaa qabaachuu isaa bira gahee jira.

Yaada kana Awedoba (2000:41) faayidaa hibboon daa'imman biyya isaanii hawaasa naannoo isaanii barsiisuu keessatti qabu bal'inaan boqonnaa lama keessatti ka'eera.

### 4.2.4 Gahee Hibboon Dandeettii Afaanii Barsiisuuf Qabu

Afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuufi cimsuu keessatti shoora olaanaa kan taphatudha. Dabalataanis, ergaafi mallattoon isaa sammuu ijoollee sissi'eessuun nuffii tokko malee akka isaan barataniif karaa saaqa. Kanaaf, hibboon dandeettiiwwan arfan afaanii barsiisuu keessatti gumaacha olaanaa qaba. Keessumattuu, dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu ijoollee cimsuu keessatti qooda olaanaa kan qabudha. Ijoolleen yeroo hibboo wal gaafatan deebii isa sirrii xiinxaluuf, gaaffii hibboo sanaa haalaan dhaggeeffachuun hubachuu qabu.

Yaada kana Mayring (2000:56) fookllooriin ijoollee si'aa'inaan akka baratan isaan taasisa. Akkasumas, dandeettiiwwan arfan afaanii akka gabbifataniif gumaacha olaanaa kan taasisu ta'uu isaa bal'inaan boqonnaa lama keessatti ka'eera.

Yaanni barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifame irraa argame akka ibsutti, tapha hibboo keessatti gaafataafi gaafatamaan waan jiruufi inni dura gaafataa ture gaafatamaa ta'uun, inni dura gaafatamaa ture ammoo gaafataa ta'uun taphni hibboo gaggeeffama. Yeroo kana hibboon dandeettiiwwan arfan afaanii keessaa dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu barattootaa barnoota afaanii keessatti akka cimuuf, gumaacha olaanaa taasisa. Akkamitti kan jedhuuf, namni hibboo gaafatu yeroo hibboo gaafatu gaafatamaan cal jedhee dhaggeeffata. Gaafatamaan gaaffii sana erga haalaan dhaggeeffateen booda, gara

deebii kennuutti deema jchuudha. Bifuma wal fakkaatuun, gaafatamaan dabaree isaa gaafataa wayita ta’u, dandeettii afaanii keessaa altokkotti dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii cimsatu jechuun deebii kennaniiru.

Bifuma wal fakkaatuun, afgaaffii barattootaa Ebla, 27, 30fi Caamsaa, 6, 13, 16, 21, 24fi 28/2011 barattoota kutaa 5-8 irraa argameefi, bargaaffii Ebla 20/2011 taasifameen argame kan barsiisotarraa argame wajjin kan wal ijaarudha. Karaa saayinsawaa ta’een, faayidaa hibboon dandeettiiwwan afaanii gabbisuu keessatti qabu haalaan hubachuu baatanis, hibboo tokko deebisuuf, haalaan dhaggeeffachuu akka qaban odeeffannoo qorataaf laatan irratti ibsaniiru. Kanamalees, dandeettii dubbachuu isaaniillee akka cimsu balbaloomsaniiru.

Hibboon dandeettii afaannii ilaalchisee, sagaleerraa kaasee hanga dandeettiiwwan afaanii isaan gurguddootti ijoolleen akka gabbifachaa deeman hayyuun Tamakloe (1931:123) irraa yaada isaa kana boqonnaa lama keessatti bal’inaan kaasee jira.



**Suuraa 3. Afgaaffii Barattuu Bilisee Tasammaa wajjin gaafa guyyaa 06/09/2011 taasifame.**

Karaa biraatiin, qorataan, marii garee Caamsaa, 1, 12fi 18/2011 barattoota waliin taasiseen, daree keessatti yeroo barataniifi barsiisonni isaanii isaan barsiisan, dandeettiiwwan afaanii keessaa isaan kam kam gabbifachaa akka deeman waliif ibsaniiru. Keessumaa ammoo dandeettiiwwan arfan afaanii keessaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii daran kan cimsatan ta’uu

isaa marii garee kanarraa hubatameera. Kanamalees, yeroo hojiin kutaafi manaa dhimma hibboorratti isaaniif kennamu, kitaabarraa dubbisanii waan barreessaniifi deebii itti kennaniif, dandeettiin dubbisuufi barreessuu isaaniillee akka cimu marii garee kana irratti waliif kaasaniiru.



**Suuraa 4. Marii garee barattootaa wajjin gaafa guyyaa 12/09/2011 taasifame agarsiisu**

Qorataanis, gama isaatiin faayidaa hibboon dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabu ilaalchisee caalatti dhugoonfachuuf Caamsaa 2, 9fi 19/2011 daawwannaa taasifameen, daree barnootaa keessatti argamuun daawwannaa godhee jira. Odeeffannoo daawwannaadhaan argate, yaada odeefkennitootaafi hayyootarraa argate bu'uura godhachuun, faayidaa hibboon dandeettiiwwan afaanii keessumaa ammoo dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsuu keessatti qabu hubatee jira. Ijoolleen yeroo hibboo wal hibbifatan haalaan wal dhaggeeffachuu waan barbaadaniif, wacni otoo jiraachuu baatee baay'ee filatu. Sagaleen wayiis akka isaan hinjeeqne barbaadu. Kun ammoo tapha hibboo dhaggeeffachuuf hangam akka xiyyeeffannoo kennan kan agarsiisudha.

Fakkeenyaaf, hibboo **"Falaxaa qaree qaree dhaabe"** jedhu barattoonni daree keessatti waliif kaasuun hibbifataniiru. Yemmuu hibbifatan kanatti gaafatamaan, ergaa hibboo kanaa guutumaan guutuutti hubachuuf, hibboon sun akka irra deebi'amuuf gaafatee jira. Akka irra deebi'amu gaafachuun isaas, hibboo sana haalaan dhaggeeffachuun ergaa hibboo sanaa gargar baafatee

hiikaafi ergaa wanti sun kennu akka hubataniif kan gargaarudha. Kanaaf, carraaqqii ijoolleen deebii hibboo argachuuf taasisaniif sirriitti dhaggeeffachuun isa jalqabaa yoo ta’u, itti aansuun ammoo nidubbatu.



**Suuraa 5. Daawwannaa daree gaafa guyyaa 02/09/2011 taasifame agarsiisu**

### 4.2.5 Fayyadama Jechootaa Barsiisuu Keessatti

Hibboo keessatti ijoolleen jechoota gara garaa kan duraan hinbeekne haaraafi kan beekanis ammoo, hibboo kana keessatti hiika jechootaa, faallaa jechootaafi garee jechootaallee hibboo keessatti nibaratu.

#### 4.2.5.1 Hiika Jechootaa Barsiisuu Keessatti

Ijoolleen yeroo hibboo gaafataman hiikaafi ergaa hibboo sanaa haalaan hubachuuf, jechoota hibboon ittiin dhiyaate nibaratu. Dabalataanis, ijoolleen yeroo hibboo gaafataman deebisuuf yaalii godhan, hiika jechoota baay’ee hibboo sanaan hidhata qabaniin walbaru.

Odeefkennitoonni barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifame akka ibsutti, gahee hibboon fayyadama jechootaa (vocabulary)fi hiika jechootaa barsiisuu keessatti qabu olaanaa akka ta’e dubbatu. Hibboo keessatti jechoota hiika waliif ta’anis hubachaa akka deeman isaan taasisa.

> *Ijoolleen hibboo yeroo walgaafatan, jechoota hibboo keessatti isaan quunnamerratti hundaa'uun jechoota biroo tilmaamuu akka danda'an dubbatu. Kunis, adeemsa deebii hibboo sanaa barbaaduu keessatti yeroo adda addaa maqaa dhahaa deeman jechoonni gufuu isaanitti ta'an yoo kan isaan mudatu ta'e, walgaafatu. Bifa kanaanis, waan beekan walbarsiisaa dandeettii gama kanaan qaban gabbifatu.*
>
> (B/stuu Ayinee Fayyeeraa)

Qorataanis, odeeffannoo barsiisota irraa argame bu'uura godhachuun hibboon hiika jechootaa barsiisuu keessatti qooda olaanaa qabaachuu isaa bira gahee jira. Fakkeenyaaf, hibboo **"Amma majii geessii biyya waliin geessi"** jedhu, otoo gaafatamanii hibboo kana keessatti hiika jechoota gara garaa tilmaamuu danda'u.

Bargaaffii Ebla, 20/2011 barattoota kutaa 5-8 barataniif taasifameen ragaan odeefkennitoota irraa argame akka ibsutti, barsiisaan hibboo qabata godhachuun hiika jechoota haaraa kutaa keessatti akka isaan barsiisu odeeffannoo kennamerraa hubatmeera. Gama biraatiin, yeroo hibboo gaafatanis ta'ee, gaafataman bohaaraa waan barataniif, adeemsa kana keessattis hiika jechoota haaraa barachaa kan deeman ta'uu kaasu. Waan ifa hintaanes walgaafachaa waan deemaniif walirraa barachaa akka deeman dubbatu.

Afgaaffii barattootaa Ebla, 27, 30fi Caamsaa, 6, 13, 16, 21, 24fi 28/2011 taasifameen, barsiisaan hibbootti fayyadamee jechootaa haaraa kanneen akka hiika jechootaa, faallaa jechootaa, garee jechootaafi seerluga adda addaa kan isaan barsiisu ta'uu ibsu. Barsiisaan/stuun hibboo gara garaa fakkeenya fudhachuun hibboo sanarratti hundaa'uun ammoo hiika jechoota haaraa achi keessatti ka'an kan nu barsiisaniifi nutillee akka tilmaamnu nutaasisuu keessatti gahee olaanaa taphatu.

Qorataanis, gama isaatiin caalatti dhugoonfachuuf Caamsaa 2, 9fi 19/2011 daawwannaa taasiseefi odeeffannoo argaterratti hundaa'uun, hiibboon hiika jechootaa barsiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu bira ga'ee jira. Ijoolleen yeroo hibboo wal gaafatan hibboo sana keessatti yemmuu jechoonni haaraa isaan qunnamu gidduutti addaan walkuchisiisuun ibsa kan barbaadaniifi yaadas walii kennaa walbarsiisaa deemu. Bifa kanaanis, hiika jechootaa barachaa deemu.

Yaada kana Zipke (2008) faayidaa hibboon hiika jechoota haaraa ijoollee barsiisuu keessatti qabu bal'inaan boqonnaa lama keessatti ka'eera.

#### 4.2.5.2 Faallaa Jechootaa Barsiisuu Keessatti

Ijoolleen hibboo qabata godhachuun faallaa jechootaallee barachuu nidanda'u. Hibboo gaafatanis ta'ee, gaafataman adeemsa hibboo dabalatee wantoota hedduu keessa darbu. Jechoota hedduu maqaa dhahuunis, deebii hibboo gaafatamanii deebisuuf yaalii godhu.

Qorataanis, gama isaatiin caalatti dhugoonfachuuf Caamsaa 2, 9fi 19/2011 daawwannaa daree taasiseen barsiistuun hibbootti fayyadamtee faallaa jechootaa barsiisaa akka turte daawwannaa kanarraa hubatameera. Fakkeenyaaf, hibboo "**Ganama ol, galgala gadi"** kan jedhu fudhatamuun ittiin barsiifameera. Kanaaf, hibboo kana keessatti wanti hubatamu ijoolleen faallaa jechootaa akka hubataniifi walirraa baratan ta'uullee hubatameera.

Odeefkennitoonni barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifame akka ibsutti, ijoolleen hibbootti fayyadamuun akkuma dandeettii hiika jechootaa gabbifatan, faallaa jechootaallee gabbifachuu danda'u jechuun ibsaniiru. Kunis, deebii hibboo sanaa argachuudhaaf jecha jechoota hedduu wantoota naannoo isaaniitti argaman waliin walqabsiisuun maqaa dhahuu danda'u. Yaalii taasisan sana keessas, faallaa jecha sanaa yookiin ammoo kan itti siqu maqaa dhahuu danda'u. Bifa kanaanis, faallaa jecha sanaa otoo hinyaadiin walirraa baraafi walbarsiisaa deemu jechuun yaada laatan.

Odeeffannoo kana bu'uura godhachuun qorataanis, hibboo qabata godhachuun faallaa jechootaa barsiisuun akka danda'amu bira gahee jira. Kunis, ijoolleen jechoota haaraa hibboo keessatti isaan quunnamuu danda'u wal gaafachuun isaanii waan hinhafneefi yeroo kana ammoo jechoota sana waan tokkoon walbira qabuun yaaduun faallaa jecha sanaas ta'ee, hiika isaa hubachuuf tattaafatu. Kanaanis, dandeettii faallaa jechootaa gabbifachaa deemu.

#### 4.2.5.3 Garee jechootaa barsiisuu keessatti

Hibboon hiika jechootaafi faallaa jechootaa barsiisuu bira darbee, garee jechootaa barsiisuu keessattillee gumaacha olaanaa kan kennudha.

Odeefkennitoonni barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifame akka mul'isutti, hibboon garee jechootaa barsiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu

qorataaf ibsa laataniiru. Dabalataanis, hibboo sana keessatti jecha isa kamtu maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima akka ta'e adda baafachuuf gumaachi hibboon ijoolleef kennu olaanaa ta'uu ibsu. Fakkeenyaaf, hibboo **"Galgala gadi, ganama ol"** jedhu keessatti yoo ilaalle, hibboon kun akka waliigalaatti garee jechootaa keessaa durduubee jalatti akka ramadamuufi ijoolleenis achi keessatti wal hubachiisaa kan deemaniifi beekumsa kanaan walqabates hedduu walirraa barachaa akka deeman qorataaf yaada bal'aa kennaniiru.



**Suuraa 6. Afgaaffii B/tuu Ayinee Fayyeeraa wajjin gaafa guyyaa 14/09/2011 taasifame.**

## 4.3 Hibboon Kalaqa Yaadaa Barsiisuu keessatti

Faayidaa hibboon ijoolleef kennu keessaa inni tokko kalaqa yaadaa ijoollee gabbisuudha. Kunis, ijoolleen deebii hibboo sanaa argachuudhaaf jecha, wanta gaafataman sana irratti hundaa'uudhaan yaada haaraa burqisiisuufi kalaquuf yaalii godhu.

Odeefkennitoota barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifame akka mul'isutti, hibboon kalaqa yaadaa ijoollee akka cimsu qorataaf ibsanii jiru. Kunis, ijoolleen akkuma hibboo dhaggeeffataniin qoratanii deebisuuf yaalii godhan sammuun isaaniis waa kalaquudhaaf nibilchaata. Keessumattuu, ijoolleen carraa hibboo cimaa walgaafachuu yoo argatan deebii hibboo sanaa argchuuf jecha bal'isanii akka yaadaniifi

wantoota naannoo isaaniitti argaman adda baasuuf ykn beekuuf carraaqqii taasisu. Yeroo kana kalaqa yaadaa isaanii gabbifachaa akka deemaniif kan isaan gargaarudha jechuun yaada qorataaf kennanii jiru.

Bargaaffii Ebla, 20/2011 barattoota kutaa 5-8 barataniif taasifameen ragaan odeefkennitoota irraa argame akka ibsutti, barattoota hunda jechuun nidanda'ama hibboon akka ijoolleen bal'isanii yaadaniifi waa kalaqan taasisuu keessatti faayidaa olaanaa akka qabu deebiin waraqaa odeefkennitootaa irraa argame niibsa.

Qorataanis, odeeffannoo odeefkennitoota irraa argame bu'uura godhachuun, ijoolleen hibboo keessatti dabaree dabareedhaan waan walgaafataniif, xiiqii walqabachuudhaan hanga gaaffii ulfaataa walgaafachuutti deemu. Hibboon kamiyyuu, dhugaa addunyaa kanaafi qabatama naannoo waan bu'uureffatuuf, ijoolleen waan tokko buusanii baasuun, wantoota walmadaalchisuun, dhugaafi wantoota naannoo isaaniitti argamu hubachuun xiinxalu. Kun ammoo akka daa'imman kalaqa yaadaa isaanii cimsataniif baay'ee isaan gargaara, Dabalataanis, hibboon ijoolleen dandeettii kalaqanii yaaduu isaanii akka cimsataniif isaan gargaara.

Hayyuun Awedoba, (2000:47) irratti ka'es yaaduma kana kan mirkaneessudha. Kunis, boqonnaa lama keessatti bal'inaan ka'ee jira.

## 4.4 Gahee Hibboon Bashannansiisaa Barsiisuu Keessatti Qabu

Hibboon bifa gaaffiifi deebiitiin waan gaggeeffamuufi bifa taphaatiin kan dhiyaatu waan ta'eef, baay'ee nama bashannansiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kanamalees, tapha hibboo keessatti adeemsumti hibboofi seerri hibboo mataan isaa baay'ee nama bashannansiisuun kan nama barsiisudha. Kanaaf, ijoolleenis akkuma salphaatti bashannanaa akka barataniif isaan gargaara.

Odeefkennitoota barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifame akka mul'isutti, hibboon bashannansiisaa ijoollee barsiisuu keessatti gumaacha olaanaa akka qabu ibsu. Kunis, hibboon yeroo taphatamu bifa gaaffiifi deebiitiin waan gaggeeffamuuf, ijoolleen yeroo kanatti sissi'aa'aa ykn ammoo taphattoonni hibboo waliin gammadaa taphni sun gaggeeffama. Adeemsa kana keessa ammoo deebii wallaaluunis waan jiraatuuf, yeroo kana biyya waliif kennuutu jira. Kana booda gaafataan lafa ykn biyya fudhate sana eebbifachuun

gaafatamaa arrabsuu jalqaba. Gaafatamaanis jalaa bahuuf carraaqqii taasisus arrabsamuun isaa waan hinoolledha. Kanaaf, obsa horachuun calliseetuma kan arrabsamu ta’a jechuudha.

> *Adeemsa tapha hibboo kana keessatti arrabsoon gaafataafi haalli gaafatamaan arrabsoo sana jalaa bahuuf taasisu baay’ee kan nama bohaarsudha. Hirmaattonni hibbichaas raawwii kana duukaa bu’uun bashannanu jechuun yaada isaanii qorataaf laatanii jiru. Kana keessatti ijoolleenis bashannanuu qofa osoo hintaane, haalota gara garaa karaa salphaa ta’een dhiphina tokko malee akka baratan isaan taasisa jechuun deebii kennan.*
>
> (B/stuu Dinqinash Geexee)

Qorataanis, odeeffannoo barsiisota irraa argate bu’uura godhachuun gumaacha hibboon bohaarsuu keessatti qabu olaanaa ta’uu hubatee jira. Ijoolleen gaaffiifi deebii taasifamu keessatti wantoota raawwataman hunda seeraan hubatu. Sababiin isaas hibboon sun adeemsa keessa darbamu keessa darbamee dhumarra yeroo gahu deebii argachuufi dhabuu isaa addaan baafachuufi. Kana jechuun ammoo, deebiin sirrii yoo deebi’uu baate, hirmaattonni hibboo gaafatamaatti kolfuufi. Kun ammoo, isaan bashannansiisaa dhiphina tokko malee, osoo itti hinyaadiin wantoota hedduu akka baraniif isaan gargaara. Barnoonni karaa kanaan argamus salphaatti kan dagatamu waan hintaaneef, baay’ee kan isaan gargaarudha.

Bargaaffii Ebla, 20/2011 barattoota kutaa 5-8 barataniif taasifameen ragaan odeefkennitoota irraa argame akka ibsutti, hibboon bashannasiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu ibsaniiru. Hibboon bakka hirmaattonni hibboo argamanitti galgala galgala kan gaggeeffamu waan ta’eef, yemmuu gaafatamaan deebii wallaalu gaafataan otoo deebii itti hinhimiin arrabsa. Adaramus hindhiisu. Gaafatamaanis jalaa miliquuf tattaaffiin inni godhu arrabsoo sana jalaa bahuuf baay’ee kan nama bashannansiisudha. Kun ammoo, dandeettiifi hubannoo wantoota gara garaa irratti qabnu daran akka dabaluuf gahee olaanaa qaba.

Qorataanis, ragaa odeefkennitootarraa argame bu’uura godhachuun hibboon akkamitti akka bashannansiisuuf oolu armaan gaditti qaacceffamee jira. Seerri hibboo yoo jallate walitti kolfuutu jira. Akkasumas, gaafatamaan irra deddeebiin kan dogoggoru yoo ta’e, walitti kolfu. Kanamalees, kennaan gara garaa qabata deebii hibboo deebisuu dadhabuutiin kennamu filannoo gaafataarratti waan hundaa’uuf, akka salphaatti irraa fudhachuu dhiisuu danda’a. Wal morkiifi falmiin askeessatti fudhuufi hinfudhuurratti godhamus jamaawwan hibboo sana irratti hirmaatan kan bashannansiisudha.

## 4.5 Hibboon Sammuu Ijoollee Qaruu Keessatti

Hibboon Oromoo bifa gaaffiifi deebiitiin kan gaggeeffamu yemmuu ta’u, keessumattuu, ijoollee sammuu isaanii qaruuf akka mala barsiisuu tokko ta’eetti kan fayyadudha. Hibboon wanta beekamaa tokko akka icciitiitti hiikuun kan taphatamu waan ta’eef, nama barsiisuufi keessattuu sammuu daa’immanii qaruudhaaf gahee olaanaa kan qabudha.

Odeefkennitoota barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifame akka mul’isutti, hibboon sammuu ijoollee qaruu keessatti gahee olaanaa qaba jechuun deebii kennaniiru. Kunis, ijoolleen gaaffii gaafataman deebisuuf jecha wantoota gara garaa bal’isanii yaaduun walbira qabu; walis madaalchisu. Wantoota naannoo isaaniitti argamus nixiinxalu. Kun ammoo, dandeettiin waa qayyabachuu isaanii akka cimu taasisa. Kanamalees, deebii hibboo tokkoo qeequu ykn barbaaduu keessatti kana ta’aa laata? Jechuun wantoota naannoo isaaniitti argaman walbira qabuun yemmuu xiinxalan sammuun isaanii daran akka qaramuuf hibboon gahee olaanaa qaba. Kanamalees, beekumsi isaan gama hawaasummaa, aadaa, safuu, duudhaafi kkf. irratti qaban dabalaa waan deemuuf, sammuun ijoollees ammuma sana gabbataa deema jechuun qorataaf odeeffannoo bal’aa laataniiru.

Afgaaffii barattootaa Ebla, 27, 30fi Caamsaa, 6, 13, 16, 21, 24fi 28/2011 taasifameen, sammuun ijoollee daran akka qaramuuf, ykn akka cimuuf, hibboon gahee olaanaa qaba jechuun deebii kennaniiru. Hibboon akkuma beekamu si’ataa kan nama taasisuufi kan nama bashannansiisudha. Kanaaf, sammuun ijoollee hibboo sana deebisuuf, waan xiinxalaniifi waan sakatta’aniif, sammuun isaanii akka qaramuuf, ykn xiinxaluuf hibboon gahumsa olaanaa kan qabudha. Kanamalees, hibboodhaan wantoota gara garaafi wanta duraan hinbeekne waan barataniifi kan dagatanillee yoo ta’e, qabata hibbootiin kan yaadatanidha. Kanaaf, kana keessatti hibboon sammuun ijoollee akka qaramuufi bal’isee akka yaadu gochuu keessatti hibboon gahee olaanaa kan qabudha. Kanamalees, ijoolleen yeroo hibboo hibbifatan jechoonni haaraallee isaan quunnama. Kana keessatti ammoo hiika jecha sanaa argachuuf jecha wantoota naannoo isaaniitti argamu walbira qabuun wal madaalchisu. Yeroo akka kanaa waan haaraa barachuufis ta’ee, kan dagatan ittiin yaadachuu keessatti hibboon iddoo olaanaa qaba. Kana keessa sammuun isaaniis qaramaa akka deemu qorataaf ibsaniiru.

Bargaaffiin Ebla, 20/2011 barattoota kutaa 5-8 barataniif taasifames odeeffannoo afgaaffii irraa argame wajjin kan wal utubudha. Kunis, barattoota hunda jechuun nidanda'ama; ijoolleen hibbootti fayyadamuun yeroo barnoota baratan, sammuun isaanii daran akka qaramuufi bal'isee yaadu isaan taasisa. Hibboonis bifa gaaffiifi deebiitiin waan gaggeeffamuuf, kana keessa qorachuufi soqachuutu jira. Adeemsa qorachuufi xiinxaluu keessa ammoo ijoolleen wantoota hedduun walqabsiisuun waan yaadaniif, beekumsi gama kanaan horatan olaanaa akka ta'e kaasu. sammuun ijoollees kana keessa qaramaafi cimaa deema jechuun ibsaniiru.

Qorataanis, ragaa odeefkennitoota irraa argate bu'uura godhachuun, hibboon sammuu ijoollee qaruu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaa qorataan bira ga'ee jira. Hibboon bifa gaaffiifi deebiitiin kan gaggeeffamu waan ta'eef, sammuu ijoollee qaruu keessatti qooda olaanaa kan qabudha. Hibboon haqa addunyaa kanarra jiru haala qabatama naannoo keessatti ilaaluun, karaa salphaa ta'een akka hubataniif isaan gargaara. Carraaqqiin ijoolleen deebii hibboo argachuuf taasisan, haala qabatama naannoofi dhugaa addunyaa kanarratti argamu sakatta'iinsa godhaniin sammuun isaanii daran akka qaramuuf hibboon gumaacha olaanaa qaba. Dabalataanis, raawwiin hibboo ariitii barbaada. Yeroo hibboo bifa gaaffiifi deebiitiin wal gaafatan, sammuun isaanii gaafachuufis ta'ee, deebisuuf qophaa'ummaa kan qabudha. Kanaanis, sammuun ijoollee ariitiidhaan akka waan tokkotti deebii kennan isaan taasisa. Karaa biraatiin, sirna hibboo keessatti morkii walii isaaniifi uumamarraa kan ka'e sammuun isaanii waan hundumaa hubatee irra aanuufi morkataa isaanii akka injifatan isaan qopheessa. Uumama lafarra jiru, jiruufi jireenya addunyaa kanaarra aanuuf seenaa, aadaa, afaan, duudhaawwan hawaasaafi wantoota loojikaawaa ta'an haala qabatama naannoo isaanii waliin walbira qabuun hibboon bifa kamiiniyyuu yoo gaafatame deebisuuf ofqopheessu. Kun ammoo, sammuun ijoollee kallattii gara garaatiin akka yaaduufi qaramu isaan taasisa.

## 4.6 Hibboon Aadaa Hawaasaa Barsiisuu Keessatti

Hibboo sababeeffachuun ijoollee aadaa hawaasaa barsiisuun nidanda'ama. Keessumaa, uummanni Oromoo aadaa boonsaafi kabajamaa waan qabuuf, karaa salphaa ta'een ijoolleen akka fudhataniifi itti fayyadaman gochuu keessatti hibboon gahee olaanaa kan qabudha.

Odeefkennitoota barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011

taasifame akka mul'isutti, hibboo sababa godhachuun waa'ee aadaa uummata Oromoo ijoollee hubachiisuun akka danda'amu yaada isaanii qorataaf kennanii jiru. Kanaaf, hibboon wantoota aadaa ta'an barsiisuuf mijaawoo ta'an haalaan waan ofkeessaa qabuuf, itti fayyadamuun ergaa qabnu karaa gara garaa ijoolleef dabarsuu nidandeenya. Fakkeenyaaf, aadaa dhugaatii, aadaa nyaata gara garaa, aadaa waliin hojjachuu, aadaa wal deeggaruu, aadaa wal kabajuufi kkf.jechuudhaan yaada isaanii kaasanii jiru.

Qorataanis, yaada odeefkennitootarraa argate bu'uura godhachuun ijoolleen hibboo sababeeffachuun aadaa gara garaa barachuufi hubachuu akka danda'an qorataan kun bira ga'ee jira. Uummanni Oromoo aadaa boonsaa ta'e, kan sabaafi sablammoonni hedduun irraa barachuufi itti fayyadamuu danda'an kan qabudha. Aadaan kun akka turu gochuuf ammoo, dhaloota dhaalchisaa deemuun baa'ee barbaachisaadha. Kana waan ta'eef, akkuma gooroowwan afoolaa biroo hibboonis karaa kanaan gumaacha olaanaa kan qabudha. Haala kanaanis, aadaa dhugaatii, aadaa nyaataa, meeshaalee aadaa, aadaa wal deeggarsaafi aadaa wal kabajuu fa'aa akka barachaa deeman qorataan hubateera.

Hibboon nyaata aadaa barsiisuu keessatti gumaacha olaanaa qaba. Fakkeenyaaf, hibboon **"Farda sadii yaabbataa; ulee qabata, afaan Shaggar dubbata"** kan jedhu, deebiin isaa **'marqaa'** dha. Marqaan ammoo nyaata aadaa akka biyya keenyaatti jaalatamaa kan ta'eefi isa hangafaati. Kana bu'ureffachuunis ijoolleen nyaata aadaa kanneen akka: caccabsaa, akaayyii hollataa (unkuroo warqee), dhodhoobboo, qorii, marqaa, cuukkoofi kkf nibaratu. Hibboo sababeeffachuun dhugaatii aadaa naannoo keenyatti argaman ijoolleen barachuu nidanda'u. Fakkeenyaaf, "hibboon **"Farda daamaa yaabbata ulee qabata"** jedhu keessatti deebiin isaa **'Kaatikaalaa'** ykn**' araqee'** dha. Hibboo kana sababeeffachuun gosoota dhugaatii naannoo keenyatti argamanii kanneen akka: farsoo, daadhii, boolkaa, buqquriifi kkf akka baratan isaan taasisa.

Kanamalees, ijoolleen hibboo bu'ureffachuun gosoota uffata aadaallee ittiin barachuu nidanda'u. Fakkeenyaaf, hibboo **"Ganama ol deemtii, galgala gadi deemti"** kan jedhu keessatti deebiin isaa **'kofoo'** dha. Bifa kanaanis, hibbootti fayyadamuun uffata aadaa gara garaa naannoo keenya keessatti uffataman addaan baafatu. Kanamalees, uffata aadaa kanneen akka: bullukkoo, wandaboo, kumala, qomeefi kkf barachuun beekumsa karaa kanaan qaban nigabbifatu.

Haaluma walfakkaatuun, hibbootti dhimma ba'uun ijoolleen meeshaalee aadaa nibaratu. Fakkeenyaaf, hibboo **"Naanna'ee naanna'ee, irbaannisaa kaballaa"** kan jedhu keessatti deebiin hibboo kanaa **'gingilchaa'** dha. Sababa hibboo kanaatiin meeshaalee aadaa naannoorraa hojjatamanii tajaajila hawaasaatiif oolan addaan baafachuun beekumsa duraan qaban caalatti kan ittiin gabbifatanidha.

Walumaagalatti, hibboon ijoollee barsiisuu keessatti iddoo olaanaa kan qabudha. Kunis, dandeettii waa yaadachuu ijoollee daran cimsuu, wantoota naannoo isaaniitti argaman wajjin akka walbaran taasisuufi beekumsa gama kanaan argatanitti fayyadamuun, filoosoofii hawaasichaa akka hubatan isaan taasisa.

## 4.7 Faayidaa Hibboon Gahumsaan Dubbachuu Barsiisuu Irratti Qabu

Hibboon gahumsaan (fluency) dubbachuu daa'imman barsiisuu irratti qabu baay'ee olaanaadha. Kunis, hibboo yeroo wal gaafatan ijoolleen deebii deebisan sana dogoggora tokko malee deebisuuf waan yaalaniif, gahumsi isaanii daran akka dabaluuf isaan gargaara.

Barsiisota Afaan Oromoo (B/saa Abdulqaadir Muhaammad, B/stuu Ayinee Fayyeeraafi B/stuu Dinqinash Geexee) kutaa 5-8 barsiisaniif afgaaffii Caamsaa 14, 20fi 29/2011 taasifameenis, ijoolleen yeroo gara mana barnootaa dhufan hibboo maatii isaanii irraa baratanii waan dhufaniif, akka isaan hibboo sana sirrummaa isaa ykn duraa duuba isaa eeganii akka dubbataniif isaan taasisa. Kun ammoo hima hibboo sanaa yeroo dubbatan hibboo sana keessatti mathima ykn ammoo abbaa dhimmaa sana xumurarratti hinfidan. Akkasumas, xumura sana akka mathimaatti fudhatanii kan itti hinfayyadamne ta'uu agarsiisa. Karaa biraatiinis, ijoolleen yeroo hibboo wal gaafatan haalaan wal dhaggeeffatu; waan dhaggeeffatan sanatti ammoo deebii kennu. Deebii kennuun isaanii ammoo dandeettii gahumsaan dubbachuu ijoollee cimsa. Haala kanaan, hibboo irra deddeebi'anii yeroo wal gaafatan dandeettii gahumsaan dubbachuu isaanii gabbifachaa kan deemaniifi kana keessatti dogoggora garaa garaa xiqqeessaa deemu. Kana duwwaa otoo hintaane, maatii keessatti wantoota akkanaa yeroo gabbifachaa dhufan daree barnootaa keessattillee waan baratan sana akka salphaatti hubachuufi waa ibsachuu akka isaan danda'aniifillee hibboon gahee olaanaa kan qabu ta'uu isaa odeeffannoo qorataaf kennaniiru.

Qorataanis, yaada odeefkennitootarraa argate bu'uura godhachuun ijoolleen hibboo sababeeffachuun yeroo tapha hibboo waliin gaggeessan, dandeettiin gahumsaan dubbachuu,

yaada isaanii burqisiisuufi yaada kennuu keessatti hibboon gumaacha olaanaa taasisa. Tapha hibboo kana yeroo gaggeessan, deebii hibboo sanaa xiyyeeffannoon deebisuuf, haalaan wal dhaggeeffatu. Waan dhaggeeffatan sana ammoo sirrummaa isaafi duraa duuba isaa eeguun deebii itti kennuuf yaalu. Kana keessa ammoo dandeettiin gahumsaan dubbachuu ijoollee daran kan cimu ta’uusaa yaada odeefkennitootaa irraa hubatameera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti cuunfaa, argannoofi yabootu dhiyaate.Isaanis, akkuma itti aanutti duraa duubaan dhiyaataniiru.

## 5.1. Cuunfaa

Uummanni yoo jiraate wantoonni hedduun isa waliin jiraachuu danda'a. Jiraachuu uummataa kana waliin kan argamuufi uummatarraa addaan bahee ilaalamuu kan hin dandeenye keessaa inni tokko afoola. Afoolliifi hawaasni kan wajjin dhalatee guddate waan ta'eef, inni tokko isa tokko malee jiraachuu hindanda'u. Kanamalees, afoolli calaqqee jireenya hawaasa darbeefi amma jiruuti. Afoolli seenaa, aadaa, duudhaa, safuu, ogummaa falaasama, amantaa, ilaalcha, beekumsa uummataa, hawwii, gaddaafi gammachuu, bu'aa bayii ilma namaa kan ofkeessatti hammatuufi mul'isu daawwitii jireenya hawaasaati. Afoolli afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa dhufe kunis, gooroowwan adda addaa kan ofkeessaa qabudha. Inni duraa raagoowwan (oral narrative) kan akka: raagamtaa, oduu durii, afseenaafi kkf dha. Kan itti aanu, afwalaloo(oral poetry) keessaa kan akka: walaloo, faaruuwwan adda addaa, geerarsa, tapha ijoolleefi kkf kan ofkeessatti hammatu yemmuu ta'u, kan dhumaa ammoo unka gaggabaaboo warreen qaban (witticisms) jalatti kanneen ramadaman: mammaaksaafi hibboo fa'i.

Kanaaf, hibboon damee afoolaa keessaa isa tokko yoo ta'u, unka gaggabaaboon kanneen dhiyaatan keessaa isa tokkodha. Innis, bifa gaaffiifi deebiitiin kan dhiyaatu ta'ee, yeroo baay'ee bakka miseensi maatii warra tokkoo walitti qabamanii argamanitti galgala galgala yeroo miseensi maatii hedduun walitti qabamanii argamanitti taphni hibboo kan gaggeeffamu waan ta'eef, gareefi miira ho'aadhaan kan hordofamudha. Tapha kana keessatti hirmaannaa ho'aatu taasifama. Kanamalees, hibboon bifa gaaffiifi deebiitiin waan dhiyaatuuf, bohaarsuu cinaatti ijoollee beekumsa adda addaa kallattii gara garaatiin akka isaan gabbifataniif gahee olaanaa kan qabudha. Kunis, wanta beekamaa tokko akka icciitiitti hiikuun kan taphatamu, wantoota naannoo isaaniitti argamu, qe'ee isaanii, jiruufi naannoo isaaniitti mul'achuu kanneen danda'an saayinsii hibbootti fayyadamuun yeroo gaafataman carraaqqii olaanaa akka isaan taasisan godha. Tattaaffiin ijoollee deebii hibboo argachuuf, haala qabatamaa naannoofi dhugaa addunyaa kana irratti mul'atu qorannoon isaan taasisan, sammuun isaanii daran qaramuun, dandeettii gara garaa akka gabbifataniif gahee olaanaa kan qabudha. Dabalataanis, hibboo haalli raawwii isaa ariitii

waan barbaaduuf, gaaffii gaafataman yeroo gaaffiifi deebiidhaan walsardan, sammuun isaanii gaafachuufis ta'ee, deebisuudhaaf qophaa'ummaa olaanaa ofkeessaa qaba. Kunis, sammuun ijoollee aariitiidhaan akka waa xiinxalee wal madaalchisuun deebii itti kennaniif isaan gargaara. Bifa kanaanis, dandeettii waa qayyabachuufi yaada maddisiisuu isaanii nigabbifatu. Itti dabaluunis, argannoo qorannoo kanaa kan ta'e, gumaacha hibboon Oromoofi adeemsi raawwii isaa ijoolleef qabu cuunfaa kanatti aanuun dhiyaatee jira.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, faayidaa hibboon Oromoo ijoollee barsiisuuf qabu qaaccessuun ibsuudha. Kunis, faayidaawwan hibboon Oromoo ijoolleef kennuufi adeemsi raawwii taphichaallee gumaachi inni ijoolleef kennu qaaccessuun bu'aa isaa adda baasuudha.

Dabalataanis, odeeffannoon odeefkennitootarraa karaa afgaaffii, bargaaffii, marii gareefi daawwannaa irraa funaanamee qaaccefamerraa hubachuun akka danda'ametti faayidaa hibboon Oromoo ijoolleef qabu hedduu ta'uun bira ga'amee jira. Dabalataanis, ijoolleen yeroo hibboo taphatan adeemsa hibboon ittiin taphatamu eeganii taphachuunis, ijoolleef gumaacha olaanaa qabaachuun isaa hubatameera.

## 5.2 Argannoo Qorannichaa

Argannoon qorannoo kanaan bira ga'aman kanneen armaan gaditti dhiyaatanidha.

- Ijoolleen adeemsa raawwiin hibboo ittiin taphatamu hordofuun hibboo taphachuun, ijoollee obsa akka barataniifi wantoota adeemsa sana keessatti raawwatamu sana xiiqii ofitti horuun, beekumsa gama hibbootiin qaban daran akka isaaniif dabalu nitaasisa.
- Seera hibboo duukaa bu'uun hibboo taphachuun, ijoolleen mana barnootaa keessattillee, qajeelfama mana barnootaa kabajuun akka isaan baratan taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba.
- Ijoolleen mana barumsaa keessatti dandeettiiwwan arfan afaanii karaa idilee ta'een akka isaan gabbifataniif gahee olaanaa kan qabudha. Keessumaayyuu, dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii daran akka cimuuf gahee olaanaa qaba.
- Hibboon Oromoo dandeettii waa yaadachuu ijoollee, safuu hawaasaa hubachiisuu, miseensota maatii ollaa isaaniitti argamanii addaan baafachuu, qoyyoboota herreegaa barsiisuu, dandeettiiwwan afaanii kan akka hiika jechootaa, faallaa jechootaafi garee jechootaa mana barnootaa keessatti daran akka cimsuuf hedduu gargaara.

- Hibboon ijoollee yaada haaraa akka isaan kalaqan, bashannanaa beekumsa karaa adda addaa akka gabbifatan, wantoota gara garaa walbira qabuun akka xiinxalaniif, qooda olaanaa qaba.
- Ijoolleen aadaa gara garaa hawaasa keessatti argamu adda baafachuun hubachuufi beekumsa gama kanaan qaban daran akka gabbifataniif baay'ee gargaara.
- Hibboon gahumsaan dubbachuu ijoollee cimsuu keessatti iddoo olaanaa akka qabu bira ga'ameera.

Walumaagalatti, hibboon Oromoo ijoollee beekumsa gama dandeettiiwwan afaanii, dandeettii yaadachuu, safuu hawaasaa kabajuu, namoota ollaa isaaniitti argaman addaan bafachuu, qoyyoboota herreegaa barachuu, hiika jechootaa, faallaa jechootaa, garee jechootaaittiin barachuu, kalaqa yaadaa, bashannansiisuu, sammuu ijoollee qaruu, aadaa barsiisuufi gahumsaan dubbachuu ijoollee akka gabbifataniif gahee olaanaa qaba. Kana jechuunis, adeemsa tapha hibboo keessa wanti bal'aan akka jiru agarsiisa. Wantoonni kana keessa jiran hunduu jalqabaa kaasee hanga xumuraatti, hojii sammuutiin kan walqabatedha. Bifa kanaanis, hibboon Oromoo beekumsaafi dandeettii wantoota gara garaa ijoollee gonfachiisuun sammuun ijoollee qaramuun akka cimu taasisuufi barsiisuu keessatti gumaacha olaanaa qaba.

## 5.3. Yaboo

Qoratichi, argannoo armaan olii irratti hundaa'uun, rakkoolee hibboo wajjin walqabatan qaaccessuudhaan yaada furmaataa "osoo akkas ta'ee" jedhu akka armaan gadii kanatti lafa kaa'ee jira.

A. Hawaasni Oromoo hundi, afoolli calaqqee jireenya hawaasa darbeefi amma jiraachaa jiruu ta'uu hubachuun keessumattuu, afoola uummata Oromoo kan ta'e, hibboo adeemsa raawwii isaa eeganii taphachuun, faayidaa hagana hinjedhamne kan qabu ta'uu isaa hubatanii, akka turuufi dhaloota itti aanuuf akka darbu otoo godhanii baay'ee gaarii ta'a.
B. Manneen barnootaa keessatti barsiisonni gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisan barnoota afaanii keessatti afoola gabbataa ta'e kana hibboo Oromootti fayyadamuun wantoota baay'ee ijoollee qabsiisuu danda'u. Kana waanta'eef, gooreen afoolaa kun karaa idilee ta'een osoo haalaan hojiirra oolee baay'ee gaarii ta'a.

C. Ijoolleen karaa al-idilee ta’een maatii isaanii biratti hibboo wal hubachiisaa otoo deemaniifi karaa idilee ta’een ammoo mana barnootaa keessatti hibboo sababeeffachuun wantoota hedduu barachuu danda’uu isaanii wal hubachiisaa, walcimsaafi waldeeggaraa otoo deemanii gaarii ta’a.

D. Waajjirri Aadaafi Turiizimii, Sabquunnamtiin aanichaafi hojjattoonni aanicha keessatti argaman hundi isaanii dirqama ogummaafi lammummaa dhimma afoola isaanii irratti waan qabaniif, duudhaafi afoolli hawaasaa kun akka kabajamuufi eegamu bira darbee, kallattii gara garaan hojiirra ooluu akka danda’uuf, hibboo kana hawaasa afoolaan gabbataa ta’e kana keessa gadi bu’uun funaanamee bifa barreeffamaatiin dhaloota dhufuuf otoo ol kaa’amee gaarii ta’a.

E. Hibboon gama sirna barnoota biyyaa keessattis, kitaabilee barnoota Afaan Oromoo sadarkaa tokkoffaa hanga dhaabbilee barnoota olaanootti bal’inaan bocamee otoo ittiin barsiifamee afoolli kun akka dagaaguuf gahee olaanaa waan qabuuf, sirni barnoota biyyaallee otoo bal’inaan irratti hojjatee gaarii ta’a. Walumaa galatti, afoola gabbataafi badhaadhaa ta’e kana tursiisuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuun gahee dhimmi ilaallatu hunda keenyaati.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa*. Finfinnee: (?).

Awedoba, A.K. (2000).*An Introduction to Kasena Society and Culture through Their Proverbs.*Lanham: University Press of America.

Baldick Chris. (2001). Concise Dictionary of Oxford Literary Terms. ($2^{nd}$ edition). Published in United States by Oxford University Press Inc: New York.

Bascom, W. (1992).*American Folklore in the New World Bloomingto And Indiana polis:* Indiana University press.

Brunvand Jan Harold. (1996). *Encyclopedia of American Folklore;* Garland Publishing, Inc.New York & London.

Cohen, L. (1994). *Research methods in Education $5^{th}$ (edt.),* London and New York: Routledge.

Cohen, L. Manion, L. and Marrisson, K.(2005). *Research Methods in Education.* ($5^{th}$ed.). London and New York: Routledge.

Dajanee Gammachuu. (2014). "*Afoola Haala Naannoo Bu'ureeffate; Hiibboo Walisoo Liiban"* kan hinmaxxanfamne.

Dastaa Dassaalany. (2013) .*Bu'uura qorannoo :* Yuunivarsiitii Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Donn Varris, Hart. (1964). *Riddles In Filipino Folklore. Syracuse N.Y, Anthropological Analysis*, Syracuse University Press.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife*. an Introduction. Chicago and London: The University of Chicago Press.

Fayyisaa Fiixaa. (2015). *Meettoo.* Finfinnee: Oromiyaa.

Fedhaa Nagaasaa. (2001). Amalootaafi Faayidaa Afoolaa. Finfinnee: Dhaabbata Quunnamtii Barnootaa.

Flick, U. (2002).*An Introduction To Qualitative Research, 2nd Edition.* New Dehi: Sage Publication Ltd.

Finnegan, R. (1970). *Oral Litrature In Africa.* London: Oxford University Press.

Finnegan, Ruth. (1974). *'How Oral is oral literature?' Bulletin of the School of Oriental and Africa Studies.*

Finnegan, R. (2012). *Oral Litrature In Africa.* Nairobi: Oxford University Press.

Geetaachoo Rabbirraa. (2005). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Addis Ababa: Kuraz International.

Goldstein, Kenneth. (1964). *Learning how to ask: A Sociolinguistics Appraisal of the role of the Interview in Social Science Research.* Cambridge University press.

Huseen Hajii. (2006). *“Xiinxala Hiibboo Daa’immanii Naannoo Amaaraa Godina Addaa Kamisee Aanaa Baatee.”* BA Research Paper.

Jaarraa W. fi Wasanee B. (2008).*Bantuu Haaraa: Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Orommoo* Finfinnee: Oromiyaa.

Kothar. R. (2004). *Research Methodology: Methods And Techniques (2nd Revised)*. India: New Age International (P) Limited, Publisher.

Masarat Tasfaayee. (2008). *“Qaaccessa Adeemsaafi Faayidaa Hiibboon Oromoo Ijoolleef Qabu Haala Qabatamaa Aanaa Ada’aa.”*MA Thesis.

Mayring, ph. (2000).*Qualitative Analysis (28 paragraphs).*Forum Qualitative Social Frosting/ forum: qualitative social research.

Melakneh Mengistu. (2006). *Fundamental of Literature for Colleges*. Addis Ababa: Commercial Printing Press.

Miruka, Okumba. (1999). *Studying Oral Literature.* Nairobi: Acacia Publishers.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo.*Finfinnee.

Mitikkuu Dhibbeessaa. (1991). *Afoola Oromoorratti Qabxiilee Tokko Tokko Wiirtuu Jiildii (4).Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo;* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.

Neuman.L.W.(2007). *Basic Social Research. Qualitative and quantitative approach*. (2nded.). Bost peason edu. Cailiral Inc.

Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature.* Bloomington: Indiana University press.

Peek M.P and Yankah .K. (2004). *African Folklore*. An Encyclopedia, Oral literary research in Africa, New York: Routledge.

Simpson Jacqueline and Steve roud. (2000). *A Dictionary of English Folklore*; Published in the United States by Oxford University Press Inc.

Singh, Y.K.(2006). *Fundamental of Research Methodology and Statistics.* New Delhi: New Age International (P) Ltd, Publications.

Solomon Areaya. (2004). *Qualilative Research: Beyond A Number Game. Institute of Educational Research Flambeau.* Addis Ababa University (Vol.aaNo.2)

Spradley, J.P. (1979). *The Ethnographic Interview*. New York: Holt, Rinehart & Winston.

Taarikuu Birhaanuu. (2014). *“Qaaccessa Faayidaa Durduriifi Hiibboo”* MA Thesis.

Tamakloe, E.F. (1931). *A Brief History Of The Dagbamba People.* Accera: Governmennt. Print.

Taurai G. Ephraim. (2008). *Shona Reasining Skill In Zimbabwe: The Importance Of Riddles.*Journal of Pan Africa Studies.

Tolemariam Fufa Teso. (2017). *Caacculee Shanan Dubbisuu Afaan Oromoo.* Addis Ababa, Ethiopia: Social Advertising and Printing.

Warquu Dachaasaa. (1992). *Hiibboo. Wiirtuu Jiildii (5). Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo;* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.

Wasanee Bashaa. (2008). *Bantuu Haaraa: Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo.* Finfinnee: EMAY press.

Zawudee Taaddasaa. (2002). Gosoota Afoola Afaan Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Quunnamtii Barnootaa.

Zipke, M. (2008) ). *Teaching Meta linguistic Awareness and Reading Comprehenssion with Riddles.*The Reading Teacher, 62(2), 128-137. Doi:10.1598/RT.62.2.4.

(w.w.w.reddle.com.)

ዘሪሁን አስፈዉ፡፡ (1992)፡፡ የስነ-ፅሑፍ መሰረታዉያን፡፡ አዲስ አበባ ንግድ ማተሚያ ድርጅት፡፡

## Dabalee A

**ADDIS ABABAA/FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSIITII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**DIGIRII LAMMAFFAA**

**Af-gaffii (interview) barattootaaf qophaa'e**

Kabajamoo barattootaa! Kaayyoon gaaffilee kanaa qorannoofi qo'annoo faayidaa hibboon guddina ijoolleetiif qabu irratti kan fuulleffatedha. Deebiin isin kennitanis fiixaan ba'iinsa qo'annoo kanaatiif murteessaadha. Kanaafuu, qo'annoon gaggeessuuf deemu kun bu'uurri isaa isin waan ta'eef, hanga danda'ametti amanamummaadhaan deebii sirrii akka naaf deebiftan kabajaanan isin gaafadha.

1. Hibboo dhageesserraa waan hubatte ibsuu dandeessaa? Eeyyee/Lakki
2. Hibbootti fayyadamee barsiisaan jechoota haaraa isin barsiisaa?Eeyyee/Lakki
3. Hibboon waan hawaasa keessatti safuu ta'an si barsiisuuf faayidaa qabaa?Eeyyee/Lakki
4. Hibboon yeroo akkamiifi eessatti akka taphatamu beektaa?Eeyyee/Lakki
5. Hibboon baay'ina namoota olla kee jiranii sibarsiisuu keessatti faayidaa qabaa?
6. Hibboon dandeettiiwwan arfan afaanii barsiisuu keessatti waan si fayyade qabaa? Fkn. Dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu.
7. Yeroo barattu sammuun kee daran akka qaramuuf ykn akka cimuuf hibboon sifayyadeeraa? Eeyyee/Lakki
8. Hibboorratti hubannoo gahaa ni qabdaa? Eeyyee/ Lakki. Maaliif?

# Dabalee B

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**DIGIRII LAMMAFFAA**

**Bar-gaaffii barattootaaf qophaa'e**

Kabajamoo barattootaa! Kaayyoon gaaffilee kanaa qorannoofi qo'annoo faayidaa hibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu irratti kan fuulleffateedha. Deebiin isin kennitanis fiixaan ba'iinsa qo'annoo kanaatiif murteessaadha. Kanaafuu, qo'annoon gaggeessuuf deemu kun bu'uurri isaa isin waanta'eef, hanga danda'ametti amanamummaadhaan deebii sirrii guuttanii akka naaf deebiftan kabajaanan isin gaafadha. Maqaa kee barreessuun hin barbaachisu.

**Qajeelfama Tokkoffaa: -Oddeeffannoo dhuunfaa.**

**kallattii I: Haala gaafannoo armaan gadii irratti hundaa'uun oddeeffannoo mataa keetii bakka si ilaallatu dubbisuun guuti. Bakka sii kenname keessatti mallattoo "x" kaa'i**

1**.** Maqaa mana barumsaa ________________________________

2. Kutaafi Daree ________________________________

3. Umrii: A. 10 ( ) B. 11—15 ( ) C. 16—20 ( ) D. 21—25 ( ) E. 26 fi ol ( )

4. Saala: A. Dhiira ( ) B. Dhalaa ( )

5. Baay'ina barattootaa kutaa kee keessa jiran:

A.30 fi gadi ( ) B. 31—40 ( ) C. 41—50 ( ) D. 51—60( ) E. 60 fi ol ( )

**Qajeelfama Lammaffaa: Odeeffannoo Qorannoof Barbaachisan**

Filannoowwan armaan gadii keessaa qubee irra caalaa itti amantutti maruun deebii kenni. Kanneen iddoon duwwaa siif kennamaniif ammoo deebii sirrii gabaabsii barreessi.

1.Hibboo erga dhaggeeffattee booda hubannoo argatte ibsuu nidandeessaa? Fkn. Dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu,

A. Eeyyee B. Lakki

2.Barsiisaan hibbootti fayyadamee jechoota haaraa nibarsiisaa?

A. Eeyyee B. Lakki

3. Hibboon waan hawaasa keessatti safuu ta'an barsiisuuf faayidaa niqabaa?

A. Eeyyee B. Lakki

4. Hibboon baay'ina namoota ollaa ofii jiranii namabarsiisuu keessatti gumaacha niqabaa?

A. Eeyyee B. Lakki

5.Hibboon dandeettiiwwan arfan afaanii barsiisuu keessatti gahee niqabaa? Fkn. Dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu.

A. Eeyyee B. Lakki

6.Hibboon akka ijoolleen bal'isanii yaadaniifi waa kalaqan taasisuu keessatti faayidaa ni qabaa?

A. Eeyyee B. Lakki

7.Hibboon bashannansiisaa ijoolleen akka dafanii waa yaadataniif gahee qabaa?

A.Eeyyee B. Lakki

8.Barnoota keessatti ijoolleen yeroo baratan sammuun isaanii daran akka qaramuuf ykn cimuuf hibboon gahee qabaa?

A. Eeyyee B. Lakki

9.Kutaa barnootaa keessatti barsiisaan waa'ee hibboo bal'inaan isin barsiisaa?

A. Eeyyee B. Lakki C. Hamma tokko

10.Hibboon yeroo akkamiifi eessatti akka taphatamu nibeektaa?

A. Eeyyee B. Lakki C. Hamma tokko

11.Waa'ee hibboo irratti hubannoo gahaa niqabdaa?

A. Eeyyee B. Lakki C. Hamma tokko

12. Faayidaa hibboon naaf kenna jettu hamma hubannoo keetii tarreessi.

a. ________________________________________________________________

b. ________________________________________________________________

c. ________________________________________________________________

d. ________________________________________________________________

e. ________________________________________________________________

f. ________________________________________________________________

13. Yeroo hibboo taphattan/hibbifattan seera maal maal hordofta? Hamma beektu ibsi.

a. ______________________________________________

b.______________________________________________

c. ______________________________________________

14. Odeeffannoo hibboo irra caalaatti eenyutu sitti hima? Yoom?

a. ___________________________________________

b. ___________________________________________

c. ___________________________________________

# Dabalee C

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**DIGIRII LAMMAFFAA**

**Af-gaffii (interview) barsiisotaaf qophaa'e**

Kabajamoo barsiisotaa! Kaayyoon gaaffilee kanaa qorannoofi qo'annoo faayidaa hibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu irratti kan fuulleffatedha. Deebiin isin anaaf kennitanis fiixaan ba'iinsa qo'annoo kanaatiif murteessaadha.Kanaafuu, qo'annoon gaggeessuuf deemu kun bu'uurri isaa isin waan ta'eef, hanga danda'ametti amanamummaadhaan deebii sirrii akka naaf deebiftan kabajaanan isin gaafadha.

**Kutaa Tokkoffaa: Qajeelfama waliigalaa**

1. Maqaa Mana Barumsaa ____________________________________________
2. Maqaa barsiisaa/tuu____________________________________________
3. Umurii: 20-29 ( ) 30-39 ( ) 40-49 ( ) 50fi isaa ol ( )
4. Koorniyaa: Dhi ( ) Du ( )
5. Barnoota ittiin leenji'an: Ijoo ___________________ Aantee/Duukee ___________
6. Sadarkaa barnootaa: A, Diploma ( ) B, BA ( ) C, MA ( ) D, Ph.D ( )
7. Muuxannoo barsiisummaa waggaa:

   A. 5 fi isaa gadi ( ) B. 6-10 ( ) C. 11-20 ( ) D. waggaa digdamaa ol ( )
8. Baay'ina wayitii barsiisanii:

   A. 10 fi isaa gadi ( ) B. 11-20 ( ) C. 21-30 ( ) D. 30 fi isaa ol ( )

**Kutaa Lammaffaa: Gaaffilee af-gaaffiif qophaa'an**

1. Faayidaa hibboon dandeettii dhaggeeffachuu gabbisuurratti qabu akkamiin ibsita?
2. Tumsi hibboon gahumsaan dubbachuu (fluency) barsiisuu irratti qabu akkamiin ibsita? Yookiin yaada maal qabda?
3. Gahee hibboon fayyadama jechootaa (vocabulary) ijoollee barsiisuu keessatti qabu maali?

   Fkn. -Hiika jechootaa

   -Garee jechootaa

   -Faallaa jechootaafi kkf.
4. Safuu hawaasaa barsiisuu keessatti gumaachi hibboon taasisu maali?

5. Akka yaada keetti ijoolleen adeemsa, seeraafi yoomessa tapha hibboo nibeekuu?
6. Faayidaa hibboon bashannasiisaa ijoolleen dafanii waa akka yaadatan gochuu keessatti gahee maalii qaba?
7. Hibboon naannoo barsiisuu keessatti gahee qabaa? Gosa hibboo isa kamiin? Fkn. Hibboo hibibiifi Hibboo teentee
8. Akka barsiisaa afaanii tokkootti hibboon dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti gumaacha maal qaba jettee yaadda?
9. Faayidaa hibboon dandeettii waa kalaquu ijoollee keessatti qabu akkamiin ilaalta?
10. Hibboon sammuu ijoollee qaruu keessatti gumaacha akkamii taasisa?
11. Hibboon ijoollee aadaa hawaasaa barsiisuu keessatti faayidaa akkamii qaba jettee yaadda?

**Dabalee D**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**DIGIRII LAMMAFFAA**

Guca mirkaneeffannaa, daawwannaa faayidaa hiibboon Oromoo ijoollee barsiisuuf qabu Mana Barumsa Garbii Bultoo sadarkaa tokkoffaa magaalaa Shinoo kutaa 5-8. Daawwannaan kun filannoowwan gosa lama ofkeessatti kan qabate yoo ta'u, gabatee keessatti gaaffii fuulduratti mallattoo (x) kaa'uun deebiin itti kennama.

Maqaa mana barumsaa___________________________________

Kutaa______________

Daree_______________

Guyyaa__________________

| T/L | Dhimmoota daawwannaa irratti gaggeeffame | Eeyyee | Lakki |
|---|---|---|---|
| 1 | Mata dureen barsiisaan barsiisaa jiru hibboodhaa? | | |
| 2 | Barsiisaan barattoota faayidaa hibboon qabu haalaan ibseeraa? | | |
| 3 | Barsiisaan fakkeenya fudhatee adeemsaafi seera hibboo barattootatti himeeraa? | | |
| 4 | Barsiisaan hibboon yeroo akkamii akka taphatamuufi eessatti akka taphatamu barattootaa ibseeraa? | | |
| 5 | Barattoonni dabareedhaan hibboo wal nigaafatuu? | | |
| 6 | Barattoonni adeemsaafi seera hibboo hordofuun hibboo ni hibbifatuu? | | |
| 7 | Barsiisaan hibbootti fayyadamee dandeettiiwwan afaanii kan akka dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuufi hiika jechootaa ni barsiisaa? | | |
| 8 | Barsiisaan hibbootti fayyadamee garee jechootaafi faallaa jechootaa fayyadamee nibarsiisaa? | | |
| 9 | Barsiisaan barattoonni akka hibboo hibbifachaa dandeettii waa kalaquu isaanii cimsataniif nikakaasaa? | | |
| 10 | Barsiisaan barattoonni akka dafanii waa yaadataniif hibboo gara garaa fakkeenya fudhachuun nibarsiisaa? | | |
| 11 | Barattoonni safuu hawaasaa akka hubataniif barsiisaan hibboo safuu hawaasaa agarsiisan fakkeenya fudhachuun nibarsiisaa? | | |

**Dabalee E**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**DIGIRII LAMMAFFAA**

**Gaaffii marii garee barattootaaf qophaa'e**

Kabajamoo barattootaa kaayyoon gaaffilee kanaa qorannoofi qo'annoo faayidaa hibboon Oromoo guddina ijoolleetiif qabu irratti kan fuulleffateedha. Deebiin isin kennitanis fiixaan ba'iinsa qo'annoo kanaatiif murteessaadha. Kanaafuu, qo'annoon gaggeessuuf deemu kuni bu'uurri isaa isin waanta'eef hanga danda'ametti marii gahaa gochuun deebii quubsaa akka naaf laattan kabajaanan isin gaafadha.

1. Faayidaa hibboon ijoolleef kennu maal maal fa'i?
2. Yeroo hibboon kutaa keessatti hibbifamu adeemsaafi seera hibboo nihordoftaa? Seerriifi adeemsi isin hordoftan maal maal fa'i? Hibboo muraasa fakkeenya fudhaatii ibsaa.
3. Barsiisaan daree keessatti yeroo hibboo isin barsiisu dandeettiiwwan afaanii keesaa isaan kam kam gabbifattu?
4. Hibboon safuu hawaasaa isin barsiisuu keessatti hammam isin fayyada? Waliif ibsaa.
5. Hubannoo hibboorratti qabdan waliif ibsaa.

**Dabalee F**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**DIGIRII LAMMAFFAA**

**Gabatee Barattoota Odeeffannoo Kennan Mul'isu**

| **T/L** | **Maqaa Barattootaa** | **Saala** | **Umurii** | **Mana Barumsaa** | **Kutaa** |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tashoomaa Sabsibee | dhi | 11 | Garbii Bultoo | 5ffaa |
| 2 | Yaabsiraa Abbaay | dhi | 14 | ” | 8ffaa |
| 3 | Mulugeetaa Guutaa | dhi | 15 | ” | 8ffaa |
| 4 | Abdii Magarsaa | dhi | 13 | ” | 6ffaa |
| 5 | Adaanuu Makonnin | du | 13 | ” | 7ffaa |
| 6 | Fiqiruu Caalaa | dhi | 13 | ” | 7ffaa |
| 7 | Daraartuu Katamaa | du | 11 | ” | 5ffaa |
| 8 | Yooseef Ashannaafii | dhi | 12 | ” | 6ffaa |
| 9 | Ashannaafii Abbabaa | dhi | 15 | ” | 8ffaa |
| 10 | Daani'eel Hayiluu | dhi | 11 | ” | 5ffaa |
| 11 | Baatiruu Tashoomaa | dhi | 14 | ” | 7ffaa |
| 12 | Bilisee Tashoomaa | du | 12 | ” | 6ffaa |
| 13 | Tigisti Shuumii | du | 14 | ” | 8ffaa |
| 14 | Taammiraat Girmaa | dhi | 12 | ” | 5ffaa |
| 15 | Dirribaa Dhugoo | dhi | 12 | ” | 6ffaa |
| 16 | Alamii Gabbisaa | du | 14 | ” | 8ffaa |
| 17 | Taaddasaa Addunyaa | dhi | 13 | ” | 7ffaa |
| 18 | Abbushaa Kabbadaa | dhi | 11 | ” | 5ffaa |
| 19 | Kabbabaa Dabalaa | dhi | 13 | ” | 6ffaa |
| 20 | Biiftuu Lammaa | du | 13 | ” | 7ffaa |
| 21 | Shuree Abarraa | du | 15 | ” | 8ffaa |

**Dabalee G**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**DIGIRII LAMMAFFAA**

**Gabatee Barsiisota Odeeffannoo Kennan Mul'isu**

| T/L | Maqaa guutuu | Saala | Umurii | Ganda | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abdurqaadir Abdurmuhaammad | dhi | 31 | Shinoo 01 | Barsiisaa |
| 2 | Ayinee Fayyisaa | du | 33 | Shinoo 01 | Barsiistuu |
| 3 | Dinqinash Geexee | du | 30 | Shinoo 01 | Barsiistuu |

**Dabalee H**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**DIGIRII LAMMAFFAA**

**Hibboo Afaan Oromoo Deebii Isaa Waliin**

Gaafataa: Hibboo
Gaafatamaa: HIbibykn Hibbaka
Gaafataa: Ilkaan hin qabu, dheedhii nyaachuu hin dadhabu.
Gaafatamaa: Lukkuu ykn Indaanqoo
Gaafataa:Yoo argan ni fagaata, yoo waaman nidhiyaata
Gaafatamaa: Bilbila
Gaafataa: Haati raafuu haamtii intalli furduddee tabatti.
Gaafatamaa: sa'aafi eegee sa'aa.
Gaafataa: Gurraacha nyaatee adii haga.
Gaafatamaa: Abidda
Gaafataa: Wajjiin nyaannaa maaf huqqattaa?
Gaafatamaa: Fal'aana
Gaafataa: Intalli diimtuun bowwaa keessaa lallabdi.
Gaafatamaa: Arraba
Gaafataa: Haadha keessaa baatee haadha dhiitti
Gaafatamaa: Kibriitii
Gaafataa: Olutaalee gadisicuqqaale
Gaafatamaa: Mooyyeefi muka tumaa
Gaafataa: Godoon gama sanaa balballishee lama.
Gaafatamaa: Funyaan
Gaafataa: Of ilaaltee anans ilaalte
Gaafatamaa: Daawitii
Gaafataa: Akka carraa keenyaa tabba gubbaa teenya
Gaafatamaa: Harma
Gaafataa: Jaarsi abbaa areedaa ilkaanuma bareeda
Gaafatamaa: Boqoolloo
Gaafataa: Daandii qal'oo tabba gaaraa
Gaafatamaa: Nyaara
Gaafataa: Ni dhungatu, nidarbatu nidhidhiitu
Gaafatamaa: Sijaaraa
Gaafataa: Bosona gamaa lixeen ulee qajeelaa dhabe

Gaafatamaa: Rifeensa mataa
Gaafataa: Gurbaa diimaa loglogaa amaamonni soddomii lama
Gaafatamaa: Arraabaafi ilkaan
Gaafataa: Otoo boossuu kofalti, otoo hootuu mar'atti.
Gaafatamaa: Masiinqoo
Gaafataa: Farriftuu gamanaa, abuurtuu galgalaa.
Gaafatamaa: Raacha
Gaafataa: Ija wajjin dhalatteetu otoo hin ilaaliin duuti
Gaafatamaa: Biddeena
Gaafataa: Ari'anii hin qaban, taa'anii hin dhaban.
Gaafatamaa: Gaaddidduu
Gaafataa: Hiriyaa lamaan wal fakkaatu waliin deemu
Gaafatamaa: Kophee

# Dabalee I

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA/FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, GAAZEXEESSUMMAAFI SAB-QUUNNAMTII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**
**DIGIRII LAMMAFFAA**

**Adeemsa Raawwii Hibboo**

Gaafataa: Hibboo

Gaafatamaa: Hibbakka/hibib
Gaafataa: Citaa gamaa balballi isaa lama.
Gaafatamaa: Nansoqadha; nanqoradha.
Gaafataa: Soqadhu; qoradhu.
Gaafatamaa: Ala galamoo mana gala?
Gaafataa: Mana gala.
Gaafatamaa: Tuqan xiixaa? Muran dhiigaa?
Gaafataa: Tuqan hin xiixu; muran nidhiiga.
Gaafatamaa: Midhaan moo baala soorata?
Gaafataa: Midhaanis hinsooratu; baalas hinsooratu.
Gaafatamaa: Mukarra gala moo lafarra gala?
Gaafataa: Lafa gala.
Gaafatamaa: Mana
Gaafataa: Lakki hin arganne
Gaafatamaa: Booyyee
Gaafataa: Hinarganne
Gaafataa: Lafa ykn biyya naaf kenni.
Gaafatamaa: Gaambeellaa siif kenne.
Gaafataa: Oromiyaa malee hinbarbaadu.
Gaafatamaa: Ambo
Gaafataa: Anoo Ambo koo qabaa.
Amborraa maalan dhaba?

Gara koo shittoo
Gara kee cittoo
Gama koo xaaxessaa
Gama kee raatessaa
Handaqii ciccittuu
Lafti siinaa cittu
Eelee jala lo'ii,
Garaadhaa dhodho'i.
Itilleerra ciisii,
Albaatii gadhiisii.

Xiyyoo marxaan si kaachisaa,
Ilmoo fardaan si nyaachisaa.
Dallaa jala kaattaa,
Udaan bule nyaattaa.
Gufuu qottuu jala baataa,
Otoo koqxuu ganna baataa.